# QAACCESSA QABIYYEE FI BIFIYYEE SIRBA MASQALAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA

# AANAA JIMMAA GANNATII

DARAJJEE FIIXEE TIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)AFAAN OROMOOFI OGBARRUUBARSIISUUN,GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE


KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAANOROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII

YUUNIVARSIITII FIFINNEE



HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA QABIYYEE FI BIFIYYEE SIRBA MASQALAA OROMOO GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA AANAA JIMMAA GANNATIIRRATTI XIYYEEFFATE

DARAJJEE FIIXEE

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA GAMISAAN GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA JORNAALIZIMII FIQUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUU FI FOOKILOORIITIIF DHIYAATE

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA QABIYYEE FI BIFIYYEE SIRBA MASQALAA GODINA HORROO GUDURUU WALLAGGAA

# AANAA JIMMAA GANNATII

DARAJJEE FIIXEE TIIN

GORSAA: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)AFAAN OROMOOFI OGBARRUU,GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIYAAT

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Gamisaan Guuttachuuf Darajjee Fiixee Mataduree :"Qaaccessa Qabiyyee fi Bifiyyee Sirba masqalaa" Haala qabatama Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatiirratti kan Xiyyeeffatee Qophaa'e Sadarkaa Madaallii Yuunivarsiitiin kaa'e Guutee kan dhiyaatedha.

**Koree Qormaataa**

Qoraa______________________________Mallattoo ______________Guyyaa______________

Qoraa______________________________Mallattoo_______________Guyyaa______________

Gorsaa______________________________Mallattoo_______________Guyyaa_______________

***Axereera***

*Qorannoo kana gaggeessuuf wantoonni ka'umsa ta'an:qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa dhaloota dhufuuf dabarsuun hojii eegamudha. Kunis hanga yoonaatti raawwii isaarratti malee sirba isaarratti qorannoon waan hin gaggeeffamneefidha.. Kaayyoon qorannoo kanaas,qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii xiinxaluudha. Malli qorannichaa mala qulqullaa'inaa yoo ta'u, tooftaan iddatteessuu qorannichaa immoo iddatteessuu kaayyeffataadha. Maloonni funaansa ragaaleef hojiirra oolan:afgaaffii,daawwannaa ,mareegareefi sakatta'a dokumentii yoo ta,an, ragaaleen mala kanaan walitti qabaman ammoo tooftaa qorannoo ibsaa fayyadamuun qaacceffameera.Adeemsa kana hordofuun argannoowwan kanaan bira gahaman:Adeemsa raawwii qophii dursaa ayyaanichaaf godhamu, sirba masqalaa dargaggootaan sirbamuufi shsmarraniin sirbaman;,sirbi masqalaa qabiyyeewwan:goota faarsuu,lammii faarsuu,miidhagina dinqisiifachuu fa'a akka of keessaa qabu qaaccessa keessatti ibsameera. ,faayidaa sirbi masqalaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu:walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu,gaa'elaaf walkaadhimmachuuf akka bakka walargaatti tajaajiluufi bashannansiisaa kan barsiisudha. bifiyyeen sirba masqalaa:bifa gabaabaa qabaachuu,bifa malleen dubbii/sadoommii/qabaachuu,bifa irra deddeebii jechootaa qabaachuufi bifa walleefi jalaa qabdootaan dhiyaachuu ibsameera.Sirbi masqalaa ayyaana kana irratti gaggeeffamu hariiroo hawaasaa cimsuuf, aadaa hawaasaa kunuunsuuf shoora olaanaa waan qabuuf Waajjirri Aadaafi Tuurizimii osoo gadfageenyaan qoratee bifa barreeffamaan kaa'ee bu'a qabeessa ta'a.*

**Galata**

Hunda dursee isa uumaa koo ta’e Waaqayyoon galateeffachaa, gorsaa koo Dr. Mulugeetaa Nagaasaa yeroo isaanii aarsaa gochuun beekumsa qabaniin adeemsa qorannoon keesa darbuu qabu toora tooraan hunda na hordofsiisuun nuffii tokko malee karaa natti agarsiisuun, waraqaa qorannoo kana akkan hojjedhu waan na qajeelchaa turaniif galanni koo guddaadha.Obboleessa koo Indaaloo Fiixee yaadaan na onnachiisuun deeggarsa nabarbaachisu mara naaf gochaa waan tureef galanni koo kan onneerraa maddedha.

Namoota odeeffannoo naaf kennan maraaf galanni koo daran olaanaadha.Biqilaa Saaqqataa meeshalee barreeffamaa nadeeggaruun kan na cinaa dhaabbate hedduun galateeffadha. Akkasumas, barumsa koo jalqabaa kaasee hanga dhuma barnoota kootti yaadaafi hojii qorannoo koo keessatti kan na deeggaraa turte haadha manaa koo Shaashee Caaliif galanni koo guddaadha. Dabalataanis, hojii qorannoo kana gaggeessaa yeroon turetti madda ragaa qorannichaa ta’uun tumsa isaanii haalaan kan naaf taasisan hojjettoota Waajira AadaafiTuurizimii Aanaa Jimmaa Gannatii nangalateeffadha. Dhumarrattis, kallattiinis ta’e alkal lattiin namoota qorannoo kana keessatti tumsa naaf godhan maraaf galanni koo guddaadha.

**Hiika Jechootaa**

Bakara Eeboo guddaa qara bal'atu sibiilarraa kan bocamee qabannaaf ta'uufi kan ittiin Bineensa waraananii fi diina ittiin lolanidha..

Buqqurii Farsoo oromoo kan garbuurraa naqamee bishaan bulluqaan bulbulamee kan dhugamu

Cirrii Gosa simbiraa kan loon biraa hin dhibneefi ilbiisota funaantee nyaattu

Diloo Ayyaana naannoo sanaa kan namoonni itti sagadaniifi sodaatan

Emmolee Gosa sirbaa dargaggootaan Sirbamu

Faaggaa Meeshaa leemmana irraa tolfamee yeroo sirba masqalaa shamarran afuufanii ittiin Wal waamaniifi miidhagina sirbichaaf fayyadaman

Farsoo Dhugaatii aadaa Oromoo biqilaafi geeshoorraa qophaa'u

Faxee Ayyaana dubartii ykn qaallittii maqaa dubartiin naannoo sana jirtu kan namoonni itti Sagadan

Fucungee Fokkiftuu

Hadaa Ilillii birraa kan bifti isaa keelloo

Haraqee Dhugaatii aadaa alkoolii hamaa of keessaa qabuufi nama macheessu

Hiyyookoo Sirba masqalaa kan yeroo masqalaa qofa sirbamu

Heeyyeyyee Sirba masqalaa kan yeroo masqalaa qofa sirbabu

Hullee Meeshaa buqqee hadhaa'aarraa tolfamee bishaaniifi farsoon ittiin dhugamu

Jimmaa Ilma Jaawwii

Imaanaa Waadaa /Galfata

Masqala Ayyaana guddaa birraa ibsaa gubuudhaan gammachuun kabajamu

Menemmentuu Hamattuu

Mijjirrii Damaraa

Minnii     Raammoo garaa keessatti  foon dheedhii  nyaachuutiin uumamu

Qaccee     Meeshaa walitti foo'amee qotee bulaan qonnaa yeroo qotu sangaa ittiin garafatuuf

Fayyadamu

Qarree     Durba durbummaa qabdu /lafa olka'aa

Sadoommii    Malleen dubbii/dubbii qoolaa

/

Tirmaa     Kennaa gatii jabeessa /loon/intalli  yeroo heerumtu kennamuuf

Ukee     Meeshaa qabeerraa hojjetamee aannan itti dhugamu

Ulullee     Meeshaa shomboqqoorraa  hojjetamee  afuuraan yemmuu afuufamu  sagalee

Miidhagaa gurra namaatti tolu dhageessisu

Xombora     Guca/Ibsaa

Xuwwee     Meeshaa manaa supheerraa tolfamuun raafuu fa'a ittiin affeelan

Baafata

**Mata Dureewwan**

Axereera ........................................................................................................................i

Galata ...........................................................................................................................ii

Hiika jechootaa .............................................................................................................iii

Baafata ..........................................................................................................................iv

Tarreeffama Gabateewwaniifi Suuraawwanii ...........................................................viii

## Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1Seenduuba Qorannichaa........................................................................................1

1.2 Ibsa Naannoo Qorannichaa...............................................................................3

1.2.1 Argama Aanaa Jimmaa Gannatii ....................................................................4

1.2.2 Haala Qilleensa Baramaa Aanaa Jimmaa Gannatii ........................................5

1.2.3 Bal'ina lafaa ......................................................................................................6

1.2.4 Haala Teessumaa Lafaa ....................................................................................6

1.2.5. Qomoo Jimmaa Gannatii ..................................................................................6

1.2.6.Haala Jireenya Uummataa .................................................................................7

1.3 Ka'umsa Qorannichaa...........................................................................................8

1.4 Kaayyoo Qorannichaa.............................................................................................9

1.4.1 Kaayyoo Gooroo.................................................................................................10

1.4.2 Kaayyoo Gooree .................................................................................................10

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa...............................................................................10

1.6 Daangaa Qorannichaa ............................................................................................11

1.7 Haqina qorannichaa ................................................................................................11

## Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1 Yaad rimee Fookloorii ............................................................................................12

2.1.1 Gooroo wwaan Fookloorii ...................................................................................13

2.1 .1. 1 Duudhaa .........................................................................................................13

2.1. 1 .2Afoola --------------------------------------------------------------------------------

2.1.2.1 Hurruubummaa ----------------------------------------------------------------------

2.1.2 Amaloota Afoolaa..................................................................................................16

2.1. 2.2 Lufummaa ........................................................................................17
2.1. 2.3 Jijjiiramummaa ..................................................................................17
2.1.2.4 uummatummaa.....................................................................................17
2.1.3 Dameewwan Afoolaa.............................................................................18
2.1.4. Faayidaa Afoolaa-----------------------------------------------------------------------
2.1.5 Walaloo Afoolaa .....................................................................................27
2.1.6 Gosoota Walaloo Afoolaa........................................................................27
2.1.6.1 Faaruu ................................................................................................28
2.1.6.2 Weedduu ............................................................................................28
2.1.6.3 Sirba ...................................................................................................28
2.1.7 Maalummaa Masqalaa…………………………………………………………….
2.1.8 Qabiyyee sirba masqalaa…………………………………………………………
2.1.9 Bifiyyee sirba masqalaa……………………………………………………………...
2.2 Yaaxxina Fookloorii……………………………………………………………..
2.2 .1 Yaaxxina Ilaalcha Caas faayidaa .......................................................25
2.2.2.Yaaxxina Ilaalcha Caas muuziqa .........................................................24
2.3 Sakatta'a Barruu Walfakkii....................................................................23

## Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

**3**.1 Saxaxa Qorannichaa.........................................................................30
3.2 Madda oddeeffannoo ...........................................................................30
3.3 Mala Iddatteessuu ...............................................................................31
3.4 Malawwan Funaansa Ragaa.................................................................31
3.4.1 Daawwannaa ....................................................................................32
3.4.2 Afgaaffii ...........................................................................................32
3.4.3 Marii Garee .......................................................................................33
3.4.4 Ragaa xiinxaluu /Daataa waraabametti fayyadamuu ..........................34
3.5 Qindaa'ina Ragaa.................................................................................34
3.6 Mala qoqqoodinsaa fi Qaacceessa Qorannichaa.......................................35
3.7Mala Qoqqoodinsa Ragaalee ..................................................................36

## Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

4.1 Qaacceessa Odeeffannoowwan odeefkennitootarraa af gaaffiin argaman ..........................37

4.1.1 Adeemsi raawwii kabaja Ayyaana Masqalaa haala adda addaa kan of Keessaa qabu ..38

4.1.1.1 Qophii dursaa Ayyaanichaaf godhamu....................................................................38
4.1.1.2 Gosooni sirba Masqalaa isaan kam akka ta'e odeefkennitoonni yeroo himan .........46
4.1.1.3Sirbi masqalaa qabiyyee akkamii of keessaa qaba ..................................................52
4.2 Qaaccessa Bifiiyyee sirba Masqalaa ........................................................................67
4.2.1 Sirboota bifa Gabaabaa fi ergaa bal'aa of keessaa qaban ..........................................67
4.2.2 Sirboota bifa af walaloo of keessaa qaban..................................................................68
4.3 Sirboota Masqalaa bifa sadoommii garaagaraa qaban..........................................................68
4.3.1 Sirboota bifa sadoommii Akkasaa qaban.................................................................68
4.3.2 Sirboota Masqalaa bifa sadoommii nameessuu qaban............................................69
4.3.3 Sirboota bifa sadoommii Iddeesaa qaban ...............................................................70
4.3.4 Sirboota bifa sadoommii ukukkubsee qaban .........................................................70
4.3.5.Sirboota bifa irra deddeebii jechootaa qaban ----------------------------------------
4.3.6 Sirboota bifa wallee fi jalaa qabdootaan dhiyaatan ................................................73
4.4 Fakkoomiiwwan sirba Masqalaa .............................................................................74
4.5 Faayidaa sirbi Masqalaa jiruu fi jireenya hawaasaa keessati qabu.......................................75
4.6.Sirbi Masqalaa yeroo ammaa kana sadarkaa maaliirra akka jiru..........................................78

## Boqonnaa Shan: Gudunfaa, Argannoo Fi Yaboo

5.1 Gudunfaa ...................................................................................................79
5.2.Argannoo.....................................................................................................80
5.3. Yaboo........................................................................................................81
Wabiilee .......................................................................................................82
Dabaleewwan.................................................................................................83
Dabalee A ....................................................................................................86
Dabalee B ....................................................................................................87
Dabalee C ....................................................................................................88
Dabalee D ....................................................................................................100
Dabalee E ....................................................................................................101

**Tarreeffama Gabateewwaniifi *Suuraawwanii***

Gabatee 1:Maanguddoonni Odeeffannoo kennantu keessatti ibsame ........................................
Gabatee 2:Dubartoonni afgaaffiin dhiyaateef mul'isu...............................................................
Gabatee 3:Itti Gaafatamaa Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jimmaa Gannatii
Afgaaffiin dhiyaateef mul'isu.....................................................................
Suuraa 1:Kabaja Ayyaana masqalaa bara 2011 Aanaa Jimmaa Gannatii Ganda Caaroo
Goobanootti raawwatame mul'isu...................................................................
Suuraa 2:Gugsii Fardaa Aanaa Jimmaa Gannatiitti guyyaa masqalaa bara 2011 gaggeeffame
Kan mul'isu.......................................................................................................
Suuraa 3:Aanaa Jimmaa Gannatii ganda Caaroo Goobanootti dargaggoonni yemmuu sirba
Masqalaa sirban kan ibsu.............................................................................

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Seenduuba  Qorannichaa

Hawaasni addunyaa kanarra jiraatu beekumsaafi ogummaawwan adda addaa kan ittiin falaasamaafi waan keessoosaa jiru ittiin ifa baasu niqaba. Falaasamoota inni qabu keessaa tokko immoo fookilooriidha. Fookilooriin damee beekumsaa mala saayinsaawaa ta’een Afoola, Meeshaalee Aadaa, Ogummaa sochii qaamaafi barsiifata hawaasaa qo’atu ta’uusaa hayyoonni damee kanaa Dorson (1972)fi Dundes (2007) fa’a ni’ibsu.  Gooroowwan fookiloorii jiran kana keessaa mata dureen qorannoo kanaa afoola ilaallata.

Afoolli uummata tokkoo, garee hawaasa sanaaf gaaffilee bu’uura ta’an nideebisa.  Jireenya isaa keessattis bu’aa ba’ii, gidiraa, dadhabbii, mukuu, abdii kutannaafi kan kana fakkaatan yoo muudatan illee maddi humna jabina isaa afoola isaati (Misganu 2012).  Fekede (1999:17) akka barreessetti haala jireenya waliigalaa ilaalchiseemmoo, hunduma caalaa safuu fudhatama qabu bifa garaagaraatiin barsiisuudhaan, amalaafi hojii badaa qeequudhaan to’achuuf gaheen afoolaa hedduudha.

Addisu (1994:1) akka ibsutti, walaloon afoolaa yaada, falaasama, aadaafi duudhaa walumaagala haala jireenyaa hawaasa tokkoo ifa gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.  Uummatni Oromoos mudannoo qabu afoola isaa keessatti walaloo afoolaan ibsata.  Walaloo afoolaa keessaas; “geerarsa, sirba, weedduu, tabaalliifi kkf maqaa dhahuun nidanda’ama’’.

Akka Fayisaa (1996:.18)fi Dirribaan (1999:48) ibsanitti, uummanni Oromoo afoolaan gargaaramee yaadasaa ibsachuutti duuressadha.  Afoollis afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbaa dhufeefi darbaa jirudha; fuuldurattis kan darbu, damee aadaa saba tokkooti.  Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa isa tokko akka ta’e beektotni garaagaraa ibsanii jiru. Akka Dorson (1972:2), Leach (1994:398) fi Dundes (2007:55) barreessanitti fookilooriin falaasama garee hawaasa walfakkaatu: ogummaasaa, safuusaa, duudhaasaa, aadaasaa, durduriisaa, makmaaksasaa, sirbootasaafi kan kana fakkaatan afaaniin dhalootarraa dhalootatti ittiin dabarsatudha.  Yaaduma kana Kiputy (1983:198) yoo ibsu, “Songs and poetry embody people’s philosophy, beliefs, values, and sometimes, their historical development” Yaadni kun sirbiifi afwalaloon falaasama, amantaa, safuufi guddina seenaa uummataa ibsuu akka danda’u kan agarsiisudha.

Uummanni Oromoos durii kaasee ayyaanota waggaa guguddoo kan kabajatu niqaba. Ayyaanota kana keessattis afoolaan ergaa waliif dabarsa. Ayyaanni masqalaas kanneen waltajjii afoolaa tumsan keessaa isa tokko. Leellisaa (2013:123) akka ibsutti "Masqalli caalaatti uummata Oromoofi saboota kibbaa biratti beekama. Ayyaanni kun isaan biratti ulfinaafi kabaja guddaa akka qabu dabalee eera. Ayyaanni masqalaa kun amantaan kiristaanaa otoo hindhufiin durayyuu uummata Oromoo biratti kabajamaa ture". Oromoon bara sirna Gadaatiin walbulchaa ture irraa eegalee ayyaana kana kabajachaa akka tureefi warri amantaa kiristaanaa hordofan seenaa jette jetteefi dhugummaa hinqabneen gara amantaa isaaniitti haala itti hidhatan hinbeekamu. Warri Kuush garuu, hundeen isaa kansaanii waan ta'eef, har'as sirna ho'aan kabaju.

Akka Dirribii (2012:75)'n ibsutti ayyaanni masqalaa yeroo dukkanni gannaa darbee birraan dhufu ibsaa ibsuudhaan gammachuudhaan ayyaana simatamudha. Guyyaan masqalaa uummata Oromoo biratti guyyaa nyaataafi dhugaatii jedhamee beekama. Guyyaa kana nama qofaa otoo hintaanee loonillee quufuu qabu jedhamee waan yaadamuuf kaloo (marga looniif daangeffamee irraa eegamaa turee guguddate) akka nyaatan godhama. "Guyyaa kana waan namni hedduun ayyaana kana irratti horii qalee wal waamee waliin nyaatuuf uummata Oromoo biratti guyyaa amma amma qalan waan ta'eef ayyaanni kun ayyaana Ammas-qalaa jedhama".

Qorannoon kunis raawwii kabaja ayyaanaafi sirba masqalaa qabiyyeefi bifiyyeesaa kanxiinxaluudha. Kanatti dabaluunis gochaalee namoota sirna kabaja ayyaanichaafi sirbasaarratti hirmaatanii kan dhuunfaafi gareedhaan raawwatan qabiyyeesaa waliin walqabsisuun kaayyoofi hiikasaa xiinxaluuf kan gaggeeffamudha. Raawwii ayyaanaa kan jennus namoota kabaja sirna ayyaanichaafi sirbasaarratti guyyaa ayyaana waggaa sana waliin ta'uun sirna isaan raawwatanidha.

Simsfi Stephens (2005:95) akka waliigalaatti ayyaana yoo ibsan:

> *[r]ituals are frequently highly organized and controlled often meant to indicate or announce membership in-group. Most rituals bring to gether many types of folklore: verbalsuch as chants, recitations, poems or songs, customary, such as gestures, dance or movements andmaterial:such as food, books, awards, clothing and costumes*.jedhu.

Haala kanaan ayyaanni waan murtaa’e tokko qofa osoo hintaane, gosoota fookiloorii adda addaa kan jechaa kan gochaalee garee namootaa walfakkeessan kan akka sochii qaamaa, duudhaa, faarfannaa, walaloo ykn diraamaa yaadaan dubbatamu, wanta hawaasicha keessatti barame, meeshaaleefi waantota afaaniin darban kan of keessatti qabatudha.  Walumaagala qorannichi, raawwii ayyaana masqalaa irraa ka’uun sirbasaarratti xiyyeeffachuun  haalaafi galumsa keessatti ta’urraa ka’uun qabiyyeefi bifiyyeesaa kan xiinxaludha.

**1.2 Ibsa Naannoo  Qorannichaa**

Aanaan Jimmaa Gannatii aanolee Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti argaman kudha lama keessaa ishee tokkodha. Seenaan hundeeffama aanaa kanaa bara 1882 mootiin Minilik aangoo qabatee bulchiinsa isaa yeroo babal’ifachaa turetti bakka yookiin ganda yeroo ammaa Daamuu Geemboo jedhamtee beekamtu keessaa Geemboo ‘xaqilaay gizaat’ jedhamuun godinaalee yeroo ammaa Horroo Guduruu Wallaggaa, Wallagga Bahaa, Wallagga Lixaa, Qeellam Wallaggaafi Beenishaangul Gumuz jedhamanii waamaman walitti hammatee teessoo isaanii yeroo turtetti aanaan kun mana Abbaa Naggaa Wayyeessaa jedhamuu gadittiifi laga Boojjii jedhamuu olitti teessooshee godhattee turte. Booda ‘xaqilaay gizaatummaan’ irraa ka’ee erga gara Arjootti darbeen booda aanaalee yeroo ammaa irraa citanii of danda’anii jiran Jimmaa Raaree, Gudayyaa Biilaafi biyya coomman jedhamu yeroo ammaa Guduruu jedhamee kan waamamu dabalattee aanaa Jimmaa Gannatii jedhamtee hundoofte.


Moggaasni aanaa Jimmaa Gannatii, akka jaarsoliin bubbulan himanittiifi barreeffamoota adda addaa waa’ee seenaa hundeeffama aanaa kana ibsan irraa akka  hubatametti  jechoota lamarraa kan maddedha. Isaanis, Jimmaafi Gannatiidha. Kunis Jimmaan qomoo Oromoo maccaa keessaa ilmaan Jaawwiin qabu torba keessaa isa tokkodha. Jimmaan ilmi Jaawwii naannoo amma aanaan sun itti argamu qabatee maqaa isaatti Jimmaa jedhee kan moggaase irraa kan dhufedha.Gannatiin ammoo, habashaan maqaan isaa hinbeekamne tokko mootii habashaa kan ta’e Takila Haayimaanotiin ergamee naannoo sana daawwatee naannoon sunis miidhagduu, lalistuufi jireenyaaf mijooftuu ta’uu ishee argee jannataan fakkeessee ‘Jimma Genet nech’ jedhee moggaase jedhama. Haaluma kanaan Jimmaa Gannatii jedhamtee moggaafamuun maqaa har’a aanichi ittiin waamamu uumuu dana’aniiru.

Bara 1967, Fulbaana 2 Dargiin aangoo qabachuun sirna duraarraa hanga tokko fooyya’ee namoota adda addaa bulchaa aanaa kanaa gochuun caasaasaa hundeeffatee ture. Aanaan Jimmaa Gannatii sirna Dargii keessa aanaa Jimmaa Raaree waliin tokko ta’uun hanga bara1981tti otoo

waliin bulaa jiranii, dargiin sirna bulchiinsa isaa mijeeffachuuf jecha aanaa Jimmaa Gannatii gara aanaa Horrootti, aanaa Jimmaa Raaree immoo gara aanaa Guduruutti kutuun aanummaa ishee hambisee maqaa Jimmaa Gannatii jedhamtullee balleessee hanga kufaatii isaa bara 1983tti bitaa tureera. Kufaatii Dargiin walqabatee bara 1984 sirna ADWUI keessa aanaan Jimmaa Gannatii akkuma aanolee biroo of dandeessee aanaa taatee hundoofte. Bara 1987tti immoo sirna bulchiinsaa mijeessuuf jecha ammas deebitee aanaa Horroo jala galtee hanga bara 1994 baatii Adoolessaatti bulaa turte. Gaaffii uummataafi falmii dhaloota aanaa isheetiin hayyama mootummaa argattee bifa haaraatiin Hagayya bara 1994 irraa eegaltee aanaa taatee hundaa'uun hanga har'aatti jirti. Afgaaffii Firdiisaa Dabalaa (4-01-2011) ibsaniiru.

**1.2.1 Argama Aanaa Jimmaa Gannatii**

Aanaan Jimmaa Gannatii, aanolee Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessaa ishee tokko taatee, aanolee godina adda addaa lamaafi aanolee godinasana keessatti argaman afuriin kan daangeffamtudha. Isaanis: Bahaan aanaa Guduruu, Kaabaan aanolee Horroofi Abee Dongoroo, Lixaan Godina Wallaggaa Bahaatti aanaa Gudayyaa Biilaa, Kibbaan aanaa Jimmaa Raareefi Godina Lixa Shawaatti aanaa Baakkoo Tibbeeti. Magaallii guddoon aanaa kanaas Haratoo kan jedhamtu yeroo taatu kan hundeeffamtes bara 1930ttidha. Magaalli kun magaalaa Finfinnee irraa fageenya km 287, magaalaa godinichaa Shaambuu irraa immoo km 27 irratti argamti (Bulchiinsa Aaanichaa



**Kaartaa 2: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa**

Madda: Waajira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Horroo (Bitootessa 18, 2011 fudhatame)

### 1.2.2 Haala Qilleensa Baramaa Aanaa Jimmaa Gannatii

Akka ragaan Waajjira Qonnaafi Misooma Baadiyyaa aanicharraa argame ibsutti, aanaan Jimmaa Gannatii haala qilleensa baramaa lama qabdi. Isaanis: baddaa %40 bal’ina lafa hektaara 11368.8fi badda-daree %60 lafa hektaara 17442dha. Teessumni lafa aanichaa dambalii galaanaa ol 2115m hanga 3178m jidduutti kan argamu ta’ee, waggaatti rooba 1600-1800mm ta’u argata. Haalli ho’insaasaafi qabbanni (tempirature)’n aanichaa $c^{0}$14 hanga $c^{0}$24gidduuttii argama. Dinagdeen hawaasa aanichaa guutummaatti qonnarratti kan hundaa’edha. Oomishni midhaanii haala qilleensa baddaafi badda-dareetti ta’u jedhaman kan akka qamadii, garbuu, boqqolloo, xaafii, baaqelaa, atarii, nuugiifi talbaan isaan beekamoofi guguddoodha. Kana cinattis, horsiisa beelladoota garaagaraatiinis nibeekamti. Isaan keessaa loon, hoolaa, re’ee, lukkuu, farda, harreefi gaangeen warreen ijoodha. Akka lakkoofsa beelladaa 2007 kana aanichatti ta’een loon 102,198, hoolaan 60,272, re’ee 29,742, lukkuu 83,041, farda 16,500, harree 10,183fi gaangee 2149 ta’antu jiraachuu mul’isa (Waajjira Qonnaa Aanichaa).

### 1.2.3 Bal’ina Lafaa


Bal’inni lafa aanaa kanaa hektaara 28804.9kan uwwisu ta’ee, gandoota 14tti kan qoqqoodamudha. Kana keessaa gandootiin magaalaa 2 yoo ta’an, 12 hafan ammoo gandootii baadiyaati. Gandootii ibsaman kana keessaa akka ragaan Waajjira Maallaqaafi Misooma Dinagdee aanichaa irraa argameefi gaaffiin baajetaa kan bara 2010 ittiin dhiyaate akka ibsutti, uummata 78895ta’antu aanicha keessa jiraatu. Baay’inni uummata magaala jiraatu jedhaman 8583 keessaa dhiirri 4275 yoo ta’an, dubartiin ammoo 4308 ta’u jedhama. Baadiyyaa aanichaa keessa uummata 70312tu jiraatu. Isaan keessaa dhiirri 34760 yoo ta’an, kan hafan 35552 ammoo dubartootadha. Akka walii galaatti, magaalaafi baadiyyaarraa dhiira 39035 dubartii39860waliigala 78895ta’antu aanicha keessa jiraatu.

### 1.2.4 Haala Teessuma Lafaa

Haala teessuma lafaa yeroo jennu haala argamina gaarreewwanii, lafa diriiraa (dirree), tabba, sululaafi kan kana fakkaatan kan of keessatti qabatudha. Aanaan Jimmaa Gannatii teessuma lafa adda addaa qabu of keessaa qabdi. Kanneenis dheerina qarqara galaanarraa qabaniin tulluuwwan kan akka tulluu balballaa, tulluu bajjee, tulluu jaarraa, tulluu jaldeessaa, tulluu guddannee fa’a yeroo ta’an, uummanni Aanaa kana keessa jiraatu baay’een isaa lafa tabbaa kanarra jiraata. Aanaa kana keessa lafti hallayyaa kanneen daawwatamuu danda’an kan akka holqa osolee, holqa qilee Waaqoo, qilee garba bishaaniifi holqa sonqollee fa’a niargamu. Kana malees cittuuwwan adda addaa kanneen bishaaniin marfamanii tuuristoota harkisuu danda’an kan akka cittuu duulaa, cittuu yamaalagii, cittuu jarboo, cittuu bofaa, cittuu gawaa, cittuu buutuu, cittuu guutee biloofi cittuu odaa bakaraa fa’a niargamu.

### 1.2.5 Qomoo Jimmaa Gannatii

Jalqaba Oromoon Booranaafi Baarentuutti qoodama.Boorannis,Boorana Kaabaa,Boorana Kibbaa fi Gujii Jedhamuun bakka sadiitti qoodamu.Haaluma kanaan Booranni Kaabaas Tuulamaafi Maccatti qoodam.Qomoon Jimmaa Gannatiis hidda latiinsa Oromoo Maccaa keessaa isa tokkodha.Akkaataa qoqqoodinsa latiinsa Jimmaa Gannatii Kitaaba WATO (2004),keessaa fudhatame ibsutti akkaataa armaan gadiin kaa’eera.




Madda: WATO (2004).Kitaaba"Seenaa Oromoo Jaarraa 16ffaa" jedhurraa kan fudhatame.

Aanaa kantti amantaan bebbeekamoo adda addaatu jiru.Kanneen mootummaa biratti beekamti iqabaachuun socho'an amantaa Kiristaanaa (Ortodoksiifi Pirotestaantii),Musliimaafi amantiin Waaqeffannaa barsiifataan hordofamuu warreen aanaa kanatti beekamanidha.Shallaggiin dhiyootti taasifame waan hin jirreef dhibbentaankaa'uun rakkisaa yoota'ellee,ragaa lakkoofsa uummataa bara 1999 gaggeeffameen Kiristaanni %80, Musliimni %12, Waaqeffataan %8 dha.(Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanichaa).

### 1.2. 6 Haala Jireenya Ummataa

Dinagdeen Ummata aanaa Jimmaa Gannatii baay'een isaa qonnarratti kan hundaa'edha. Gosti Oomishaalee aanaa kanatti Oomishaman kanneen akkka: xaafii, boqqolloo, garbuu, qamadii, atara, baaqelaa fa'a ni oomishamu. Akkasumas, hawaasni aanichaa lafa diriiraafi mijataa waan qabuuf beelladoota kanneen akka: horii gaanfaa, kotte-duudaa, bushaayeefi lukkuu fa'a horsiisuun baay'ee beekama. Loon hawaasa aanaa kana biratti kabaja guddaa qabaachuu isaa kan ibsudha.

Hawaasichi horii horsiifannaa kanaaf akka aadaafi duudaa isaatti sababoonni bu'uuraa garaa garaa ni jiru.Bu'uuraaleen milkaa'ina horsiifannaa isaa kan ta'an kanneen akka:gogaa loonii mataa looniitti maruun,xombora qabsiifachuun, gannii saawwanii ykn ayyaana dallaa saawwanii Sadaasa gaafa guyyaa,2 farsoon naqamee,dhadhaan baqee ,buddeenni tolfamee,dallaatti mukni

jiidhaan kanneen akka ejersaa abbayyii,araarsaa aannannoo muramanii dallaatti hulluuqxoo ijaaru.Kana booda,ateetee sa'aatti naqanii korma cirrii godhi; rimaa haphee godhi;lolaa fi lollifata nu bira dabarsi, jedhanii sagadanii booda nyaata nyaatanii dhuganii akkas jedhanii saawwa faarfatu :

Anaa saawwawu saawwee saawwanii

Mallattoo kan gur'uun aannanii

Saawwan eessa gatu ?Anaa gataggatu

Gogaan waalluu ta'a,gaafni shinii ta'a

Foon hirbaata ta'a ;dikeen garbuu jigsa

Dhadhaan martuu jigsa- jechuun kabajaa fi milkaa'ina loonirraa qaban bifa faaruutiin ibsatu.

Akkasumas, milkaa'ina oomisha midhaan isaatiif bu'uura kan ta'an:Maarema hagayyaatti marqaafi farsoo qabatee naannoo oomisha isaa deemee biqiltuu isaatti dhibaafatee ,ateetee itti facaasuun,biqiltuu nuu qajeelchi, cabbiifi waagii nurraa qabi jedhee sagadata. Haaluma kanaan,muka jiidhaa damaraa manatti hirkifatee ture sana geessee midhaan oomishate keessa dhaabuun,gaafa guyyaa ibsaa gubaa ammoo xombora isaa qabsiif chuun gosa midhaan isaa bira deemuun tuttuqsiisa. Gaafa ibsaa gubaa bokkaan daaraa ibsaa dhaamsuun,kormomsaan gara Baha biiftuutti yoo jige barri baranaa bara quufaati jechuun , bu'uura milkaa'ina hormaata looniifi oomisha midhaanii hawaasicha biratti kanneen murteessoodha jechuun Zallaqaa Qannoo(Afgaaffii 25-01-2011) ibseera.

### 1.3. Ka'umsa Qorannichaa

Afoolli hawaasa tokkoof jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota guyyaa guyyaan isa mudatan kan ittiin ibsatudha.Sabni Oromoos akkuma saba kamiiyyuu walaloo afoolaa fayyadamee oolteefi bultee ibsata. Isumaan yaadasaa, gaddaafi gammachuu, beelaafi quufa, soorummaafi hiyyummaa, dhabuufi argachuusaa ittiin ibsachaa tureera, jiras. Akka Fayisa (1996:19) ibsutti, uummatni Oromoo wantoota miir-dhageettiisaa tuqan jechootaan qindeessee, miidhagsee, itti dhimma bahaa ture. Walaloon afoolaa uummata Oromoo madda beekumsaa haata'u malee , qorannoon bal'inaan akka irratti hinadeemsifamne Esheteen (2007:16) yoo ibsu, "Oromo oral tradition is a store house of knowledge capable of yielding great riches if it is critically studied

and properly treated," jedha. Yaada waraabbii kana irraa wanti hubatamu afwalaloon Oromoo otoo gadi fageenyaan qoratamee kuusaa madda beekumsaa ta'uu isaati.

Anderzejewski (1984:409) akka barreessetti; walaloon afoolaa Oromoo, namoota adda addaatiin qorataman kanneen akka geerarsa ajjeesaa, weedduu jaalalaa, sirba gaa'elaafi geerarsa moototа darban waliin walitti hidhata qaban irratti, qorannoon tokko tokko bahaa jiran ta'uu ni'ibsa.

Qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa kana qorannoo gaggeessuuf kan na kakaase,yeroo ani ijoollee ture Aanaa Jimmaa Gannatii keessatti sirba masqalaa sirbaan guddadhe.Yeroo dargaggoonni masqala dura jala bultii jechuun torbee lamaaf galgala galgala qarreetti ba'anii sirbu turan.Warri shamarranii immoo guyyaa masqalaa irraa eegalee ji'a tokkoof gara galgalaa sa'aatii saddeetii hanga 11tti qarreetti ba'anii sirbu turan.Yeroo ammaa kana garuu sirbi masqalaa sababa amantaan babal'achaa dhufeef dhibamaa ykn xiqqaachaa deemeera.Sababni guddaan hojii kanaaf nakakaases kanadha.

Qorannicha gaggeessuun raawwii ayyaanichaa keessatti sirba badaa jiru kana Kanaafuu, qorachuun dhaloota dhufuuf dabarsuun hojii eegamudha. Akka kanaan, qorannoon kunisgaaffilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii kenna jedhameetuyaadama.

1. Ayyaanni masqalaa haala kamiin raawwatama?
2. Gosoonni sirba masaqalaa isaan kami?
3. Sirbi masqalaa Qabiyyee akkamii of keessaa qaba ?
4. Sirbi masqalaa bifiyyee akkamii qaba?
5. Sirbi masqalaa jiruuf jireenya hawaasaa keessatti faayidaa akkamii qaba?

Gaaffilee bu'uuraa kanneen irratti hundaa'uudhaan kaayyoon gooroofi gooree qorannichaa haala armaan gadiitti ibsameen kan kaa'ame fakkaata.

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu kamiyyuu kaayyoo gaggeeffamuuf qabaachuun isaa beekamaadha. Qorannoon kunis kaayyoo isaa irratti hundaa'uudhaan kaayyoo gooroofi gooree armaan gaditti ibsaman ni qabaata.

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo:

Kaayyoon Gooroo qorannoo kanaa qabiyyee fi bifiyyee sirba masqala Oromoo xiinxaluudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree:

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa gadifageenyaan yoo ibsamu ammoo:

1. Adeemsa raawwii masqalaa xiinxaluu

2. Gosoota sirba masqalaa addaan baasuun agarsiisuu.
3. Sirbi masqalaa Qabiyyee akkamii akka of keessaa qabu ibsuudha .
4. Sirbi masqalaa bifa akkami akka qabu qaceessuu
5. Faayidaa sirboonni masqalaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qaban addeessuudha.

**1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon kun hawaasa Oromoo aanaa Jimmaa Gannatii sadarkaa duraatti nifayyada. Sababiinsaas namoota hawaasicha keessatti waa'ee raawwii ayyaana masqalaafi sirbootasaa beekaniifi dargaggoonni yeroo ammaa jiran kan durii irraa baratanii aadaafi duudhaa isaanii akka hubatanii hubachiisan isaan godha. Kana malees qaamoleen adda addaa irraa fayyadamoo ta'uu. Isanis:

- Hawaasni aadaasaa akka kunuunfatuufi turfatu gochuu danda'a. Aadaan hawaasa keessa jiru akka kunuunfamuufi eegamuu akka qabu Waajjira Aadaafi Tuurizimii sadarkaan jiraniif kallattii agarsiisuu danda'a.
- Qorattoota aadaa, duudhaa, safuu, afoola raawwii ayyaanaafi sirba masqalaa irratti qorannoo geggeessuu fedhaniif bu'uura buusuun akka maddaatti tajaajiluu danda'a.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Horroo Guduruu Wallaaggaa keessatti yeroo ta'u haala qabatamaa yeroofi hanqina qabeenyaarraan kan ka'e Godina kana bakka hundaatti gaggeessuun hindanda'amne. Kanaafis aanaalee jiran kudha lama keessaa aanaan Jimmaa Gannatii kan filatame yoota'u, aanicha keessaas gandoota kudha afur jiran keessaa gandoota sadii akka iddattootti fudhachuun kan raawwatamedha. Haalawwan qabatamaa uummatni Oromoo aanichaa raawwii ayyaana masqalaa irratti sirbu bu'uura godhachuun gandoota sadii filachuun gaggeeffame.

Qorannichi kan gaggeeffame afoola keessaa,qabiyyee fi bifiyyee sirba masqala Oromoo Aanicha keessatti raawwatamu irrattidha. Daangaan qorannoo kun haala qabiyyee,bifiyyee,sonaafi faayidaa sirba masqalaa irraa argamuutti fayyadamuun darban qaaccessuurratti xiyyeeffate. Keessattuu, qorannichi guyyaa kabaja ayyaana masqalaa bakka itti sirbamu sanarratti argamuun ragaa kabaja ayyaana masqalaa bara 2011 suursochiin waraabamee jiru xiinxaluu irratti xiyyeeffate.Kanaaf, qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa maal akka ta'e, qaaccessuun kan keessatti xiinxalamedha.

### 1.7 Hanqina Qorannichaa

Yeroon qorannoo kana adeemsise keessatti hanqinoonni qoraticha mudatan tokko tokko nijiru. Isaanis; hojii hojjechaa waan qoratuuf hanqinni yeroo muudateera. Inni biraan namoota waa'ee sirba masqalaa irratti odeeffannoo gahaa kennan yeroo barbaachisetti argachuu dhiisuufi kanneen beekaniifi odeeffannoo akka kennaniif kan filataman immoo yeroo beellamaman keessatti dhabuufaatu isa mudatee ture. Kana malees hanqinni baajetaa qoraticha mudateera. Rakkooleen kunneen isa mudatanis; hojii hojjechaa qorachuu isaaf hanqina isa mudateef yeroo odeeffannoo funaanu ofii haala mijeeffachuun itti dhimma ba'uun hojii qorannoo kanaatiif halkanis dabalatee hojjechuun furachuu danda'eera. Namoota haala raawwii fi sirba masqalaa beekan dhabus iyyaafannaadhaan barbaaduufi yeroo isaaniif mijataa ta'etti gara mana isaaniitti deddeebi'uudhaan beellamachuun odeeffannoo barbaachisu walitti qabachuu danda'eera. Karaa biraatiin hojii qorannoo kanaa keessatti namoota namoota yeroo ijoollummaa isaanii sirbaa turan irraa odeeffannoo fudhateera.

## Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota qorannoo kana waliin walqabatantu sakatta'ame. Kana yeroo jedhamus, yaadrimeefi gooroowwan fookiloorii, duudhaa, maalummaa afoolaa, dameewwan afoolaafi faayidaa isaa akkasumas amaloota afoolaa, maalummaa masqalaa, qorannoowwan aantee, yaadiddamoota adda addaafi afoola, walaloo afoolaafi gosoota isaa waliin dhimmoota walqabatantu ilaalame.

### 2.1. Yaadrimee Fookloorii

.Akka ibsa Fekede (1991)tti jechi folklore jedhu yeroo jalqabaatiif Jornaala "The Athenaeum"jedhamuratti erga barreeffamee maxxanfamee waggoota 165 kaasee hiika laachuuf carraaqqiiwwan godhaman addaan hincinne. Jecha " Folklore"jedhuu yeroo jalqabaatiif kan fayyadame nama biyya Ingiliizii "William John Thoms" ture.Thom***s*** bara 1846 A.L.A Joornaala "Athenaeum"fxalayaa barreesseen jecha"folklore"jedhuunyommuu fayyadamu yaanni isaa: maqaa duraanii isa kanaan bakka buusuuf akka ta'e; wantoonni isa kana jalatti qorataman kan argaman qotee bulaawwan baadiyyaa jiraatan keessaa akka ta'e; wantoonni qoratamanis kanneen jireenya durii ibsan akka ta'an ibsee akka ture Dundes (1965:4-6), Oring (1986:6) keessatti tarreeffamanii jiru.

Karaa biraatiin, Bauman (1992) fookiloorii gama madda hawaasummaa (social base), gama aadaatiin (traditionality)fi gama bareedina wantootaa (aesthetics)tiin ibsa. Proop (1968:4) immoo fookiloorii firiiwwan afuuraa (spiritual production)fi firiiwwan af-dubbii (verbal production) waliin walbira qabee ilaala. Akka Fekede (1991) ibsetti, Proop fookilooriif hiika tokko qofaa kennuufii hinyaalu. Fookilooriifi hogbarruu, fookilooriifi seenaa, fookilooriifi ogummaawan biroo walbira qabuun ilaala.

Akka Dorson (1972:1-2) ibsetti, bara ammaa fookloorii yoo jedhamu, waanuma afaan qofaan dhalootarraa dhaalootatti darbu jechuu qofa otoo hintaane akka damee barnootaa tokkootti qo'annoo isaas nidabalata jedhu. "In the present work, folklore will mean both a filed of learning and the whole subject matter of the field".

Walumaagalatti, akka Oring (1986:1) barreessetti maalummaa jecha fookiloorii jedhu namni kamiiyyuu akka hubatu yoo barbaachise jechoota 'Folk'fi 'Lore' jedhu hiikuun barbaachisaadha. Jechi 'Folk' jedhu garee namootaa yeroo ta'u 'Lore'n immoo wantoota isaan waliin qooddatan

bakka bu'a. Dhimmi isaan walitti hidhu sun ogummaa walfakkaatu, afaan, amantiifi kkf ta'uu kan danda'u yommuu ta'u, qabata kamiinuu haa'uumamuu duudhaa ittiin beekkaman qabu.

> *It is possible. .to define both folk and lore in such a way that even the beginner can understand what folklore is. The term "folk" can refer to any group of people what so ever who share at least one common factor. It does not matter what the linking factor is:- it could be a common occupation, language or religion--but what is important is that a group formed for whatever reason will have some traditions*
> *which it calls its own* ( Dundes, 1965).

### 2.1.1 Gooroowwan Fookiloorii

Hiika ibsa Dorson (1972:2) kaa'erraa akka hubatamutti Fooklooriin gooroowwan guguddoo afur qaba. Isaanis: Afoola (Oral Literature), Meeshaalee Aadaa (Materialculture), Barsiifata/Duudhaa Hawaasaa (Folk Custom), Aadaa Sochii Qaamaa (Performing Folk Art), jechuudhaan afuritti qoqqooduun qorachuun akka danda'amudha.

Akka waliigalaatti, jecha 'Folklore' jedhu waan hammatuun yoo ibsame damee beekumsaa mala saayinsaawaa ta'een afoola, meeshaalee aadaa, ogummaa sochii qaamaafi barsiifata hawaasaa qo'atu ta'uusaa hayyoonni damee kanaa (Folkloristics) ni ibsu. Gooroowwan fookiloorii jiran kana keessaa mata dureen qorannoo kanaa duudhaa (folk custom)fi afoola (oral literature) waan ilaallatuuf, kanuma haala armaan gaditti ilaalameera.

#### 2.1.1.1 Duudhaa

Duudhaan waan hawaasni tokko barsiifataan qabuu, yaadaan waliif qooduufi dabarsudha. Kunis hawaasni tokko haala itti waliin jiraatuufi hariiroo gidduusaa jiruufi haala itti sirna ayyaana garaagaraa ayyaaneffatu kan ilaaludha. Gosootni duudhaa hawaasaa kan akka kabaja ayyaanotaa, sirna gadaa, haala amantaa, haala uffannaa, haala waaqeffannaa, haala fuudhaafi heerumaafi kkf of keessatti hammata.

Matadureen qorannoo kanaas haala raawwii, ergaafi bifa sirba masqalaa waan ta'eef ayyaana kan ilaalu ta'a. Akka Dirribii (2013:111) barreessetti,"ayyaanni waan hedduudha. Guyyaadha, carraadha, milkiidha. Ayyaanni kan namootni guyyaa addaan baasanii guyyoota kaan irraa addatti kan kabajan, yookiin ittiin uumaa isaanii galateeffatanidha" jedha. Ayyaanota jiran

keessaa ayyaaanni masqalaas ummata Oromoo biratti ayyaana haala ho'aa ta'een waggaatti altokko birraa kan kabajamudha.

### 2.1.1.2 Afoola

Akka Gaaddisaaf kaawwan (1992:86)  Afoolli maali? Gaaffii jedhuuf ibsa kennaniin; "Afoolli hambaa akaakileefi abaabileerraa jecha afaaniitiin, ilmaanii ilmaanitti darbuun, amala ilma namaa, seenaafi aadaa ibsudha" Gaaddisaa Birruu mammaaksa Oromoo qaaccessuuf barreeffama barreesse keessatti seenaafi aadaan biyyoota misoomaniifi misoomaa jiranii, kan har'a barreeffamee argamu bu'uurri isaa afooluma ta'uu ibseera.

> Akka Okpewho (1992) Nandwafi Bukenya (1983) wabeeffachuun ibsetti, maalummaan afoolaa haala armaan gadiin kan ibsame fakkaata.*Oral Literature may be defined as those utterances, whether spoken, recited or sung, whosecomposition and performance exhibit to and appreciable degree the artistic characteristic of accurate observation, vivid imagination and indigenious expression 1992:4)*
>
> Fedhasaa (2013:33) Misgaanuu (2011) fi Geetaachoo (2008) wabeeffachuun afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'ee afaaniin kan himamuufi baattuu seenaa eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa ta'uun dhalootaa dhalootatti kan darbuufi aartii jechaa yookiin ogbarruu dubbii jedhamee akka waamamuu danda'u  eera.  Misgaanuu (2011:24) ogafaan jechuun afoola yeroo ibsu, kan dhalli namaa naaf haata'u jechuun qooqasaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa, duudhaa, moo'uufi moo'amuusaa, deeggarsaafi diddaasaafi kkf dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa tureefi umurii dheeraa kan qabu qabeenya ummataa kan oguma, falaasamaafi akkaataa ilaacha jireenya uummataa kan ibsu ta'uu addeessa.

Bukenya (199:85) immoo afoola akkas jechuun ibsa;*Oral Literature is the heart of people's way of life: it is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses a*

*given society's  world view and gives them aspiting board from which their day to day existenceis propelled.*

Akka yaada kanaatti afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduratti hawaasa fuudhee deemudha.  Hawaasni afoolasaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkina jireenya keessatti isa mudate kan ittiin ibsatu ta'uu isaati. Akka Asafaa (2009:38) ibsettimmoo afoolli hawaasa aadaa walfakkaatu qabu akka tokkootti kan ibsudha.  Akkaataa guddina hawaasichaa gamtaa, araara, qabbana, ilaafi ilaamee, nagaa, mareefi waliigalteedhaan aadaasaatiin tumsee kan qarudha.

Akka Finnegan, (1970:179) barreessitetti, afoolli duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootaatti darban keessaa tokko ta'ee, baroota dheeraadhaaf sammuu namaa keessaa burqee kan himamudha. Afoolli iddoofi yeroo murtaa'e keessatti kan qindaa'ee raawwatu akka ta'e ibsite. Yaadni kun kan inni nuhubachiisu afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee yoomessa mataasaa kan qabuufi  dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'uu isaati.

Akka Finnegan, (1970:12) ibsitutti, gooroowwan afoolaa haala ittiin  dhiyaataniin garaagara haata'an malee hundi isaanii dhoksaa gadi fagoofi falaasamoota hedduun kan badhaadhanidha. Adeemsa dhalootaa dhalootatti darbaniinis walitti akka dhiyaatan ibsitetti. Yaada kanarraa kan hubannu, gooroowwan afoolaa bifa seenessuu yookaan walalootiin haalli ittiiin dhiyaatan addaa adda yoo ta'anillee hundi isaanii ergaa dabarsan kan mataasaanii qabu. Gooroowwan afoolaa kunniinis adeemsa isaan dhalootaa gara dhalootaatti taasisan immoo walitti dhufeenya isaanii kan ibsudha.

Akka waliigalaatti yaadota armaan olii irraa wanti hubatamu, afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa dhalootaa dhalootatti himiinsa afaaniin daddarbaa kan dhufeefi kan darbudha.  Afoolli qaama fooklooriii keessaa tokko yoo ta'ee, muuxannoofi mudannoo akkasumas qabeenya hawaasaa kan ta'an kanneen akka oduu durii,tapha ijoollee, sheekkoo, raagamtaawwan, eebba, abaarsa, makmaaksa, hibboo, qoosaa, faaruu, weedduu, sirbaafi kkf of keessatti hammata.

### 2.1.2Amaloota Afoolaa

Afoolli akkaatuma garaagarummaa firiiwwaniitiin amaloota addaddaa qaba. Akka Abarraafi kaan (1991:154-156) keessatti ibsanitti afoolli amaloota adda addaa qaba. Amalootasaa keessaa kanneen armaan gaditti ibsaman ilaalamaniiru.

#### 2.1.2.1 Hurruubummaa

Afoolli hurruubummaa mataasaa qaba. Hurruubummaan afoolli lubbuu akka horatuufi miidhagina akka gonfatu taasisa. Qooddataan afoolaa lamaafi lamaa ol yommuu ta'u, hurruubummaan gocha sochii qaamaatiin mul'ata. Fakkeenyaaf, cookuu, jalaa qabuu, ililchuu, sochii qaamaa miirasaanii guuteen gammachuu ibsuu fa'a.

Akka Finnegan (1970) ibsitetti afoolli hubatamuu kan danda'u qabatamaan nama waan sana raawwataa jirurratti kan hundaa'eefi nama jechoota sana qindeessee haala murtaawaa tokko keessatti dhiyeessu ta'uu isaati. Yoo kana ta'uu baate haalli afoolli ittiin hubatamu akka hinjirredha.

Akka Sims (2005:96) ibsitutti hurruubummaan yeroo hedduu kan hinmul'anneefi hinqabatamne, amantaaleefi ilaalchotni akka mul'ataniifi qabatamaa akka ta'an kan godhu ta'uu eerti. Finnegan (1992:87) akka ibsituttimmoo hurruubummaan wanti tokko yeroo raawwatamu yeroo sanatti qabatamaa akka ta'u kan godhudha. Dhimmi biraan hurruubummaa waliin walqabatee kan ka'uu qabu haala hurruubichi keessatti hurruubamu sanadha. Kunis yeroo hurruubummaan sun raawwatamu haala waliigalaa kan qabatuufi kan agarsiisudha. Kana jechuunis kanneen hurruuban, meeshaalee yeroo hurruubaa itti fayyadaman miira mul'atu, gocha hirmaattotaafi kkf kan hammatudha. Akka Amos (1993:215), Sims (2005:137) fi Hufford (1995:.53) ibsanittimmoo hurruubummaan yoom akka raawwatame, eessatti akka raawwatame, haala itti raawwaate, kallattii xiyyeeffannoo dhaggeeffataa, haala itti hurruubaan hurruubu, haala fuulaafi sochii isaa, hirmaannaa dhaggeeffataa, akkasumas sochii yoomessa sana keessatti raawwatamu, haala hawaasummaa, hurruubaafi hurruubichi dhaggeeffataa waliin walqauunnamtiifi haala xiinsammuu hunda kan walitti qabate jechuudha jechuun ibsu.
Kanarraa wanti hubatamuhaala raawwiifi sirba masqalaa keessatti, gochaafi faayidaa isaa hundaa qabatee kan jiru hurruubummaadha jechuudha. Akka Amos (1993:215) ibsutti, hurruubummaa aadaa kan jennu haala qabatamaa naannoo kan agarsiisu yeroo ta'u yoomessa, raawwataa, daawattoota, mallattoolee, haala jijjiirama sagalee kan hammate ta'uu addeessa.

Akka Zarihun (1992:22) barreessetti, amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa tokko ta'ee, afoolli akka lubbuu horatu kan taasisudha. Hurruubummaan afoolli akka jiraatuuf, haalli uumama isaas ta'e adeemsi lufummaa isaa kan ittiin mirkanaa'udha. Afoolli hundi yoomessa hawaasummaa mataa isaarratti hundaa'ee hurruubdotaan jamaa yookaan namoota fuulduratti dhiyaata. Afoolli surraafi ogummaan isaa haalaan goobanee kan mul'atu kaayyoon hurruubummaa isaas kan galma ga'uu danda'u ,hirmaattotas kan hawwatu yoo jamaa fuulduratti hurruubame akka ta'e ibseera. Walumaagalatti afoolli hurruubummaa malee lubbuu kan hinqabnedha.Kanuma bu'uura godhachuun hurruubummaa sirba masqalaa keessa jiru xiinxalameera.

### 2.1.2.2 Lufummaa

Afoolli lufummaa qaba. Boruttillee nitarkaanfata.  Kanaafuu baroota dheeraaf turuufi dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a.  Kana malees  daangaa ce'ee hawaasa tokkorraa hawaasa birootti makamuu danda'a.  Afoolli deegarsa jechaa malee gocha (sochii qaamaa) qofaan daddarbu hinjiru.  Fakkeenyaaf, mammaaksi, sheekoon, eebbaafi abaarsi, arrabsoofi kkf jechaan kan darban yommuu ta'u, shaggooyyeen, ateeteen, raganni, geelloon, geerararsifi kkf jechaan deeggaramanii gochaan darbu.

### 2.1.2.3 Jijjiiramummaa

Jijjiiramummaan amala afoolaa isa biraati.Jijjiiramni afoolaa jijjiirama fedhii hawaasaa yeroodhaa yerootti taasifamu wajjiin walsimachuuf uumama.  Hawaasni immoo yeroo mara gama seenaa, aadaa, falaasama jireenyaa, teknoolojii, dinagdee, amantiifi kkf jijjiirama keessa jira.  Jijjiiramni afoolaallee sababootuma kanniinirraa calaqqisuu danda'a.  Jijjiiramichis gama qabiyyee, jecha, gaalee, hima, tartiibaafi qooddattootaatiin mul'achuu mala.  Qabiyyee afoolaatti dabaluu, irraa hir'isuu, fooyyessuufi kan biraatiin bakka buusuu faatu mul'ata.

### 2.1.2.4 Uummatummaa

Akka Sokolov (1971:10) ibsutti immoo amaloota afoolaa keessaa uummattummaan isa tokkodha.  Akka yaada isaatti afoolli qabeenyummaan isaas ta'e abbummaan isaa uummatadha. Bu'uuruma kanaan afoolli uummata Oromoos qabeenyummaan isaanii kan saba Oromoo mara waan ta'aniif miseensonni hawaasichaa hundinuu abbummaa keessaa qabu.

Akka Zarihun (1992:21) barreessetti, hawaasni kamiyyuu aadaa, duudhaa, gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, fedhiifi abdii isaa kan ittiin ibsatu afoola mataasaa qaba. Abbummaan afoolaa

kun dheerina yeroo keessa kan hawaasaa ta’uun waan mirkanaa’eef amallisaa kun qabeenyummaan afoolaa kan hawaasaa ta’uusaa kan ibsudha. Uumamniifi raawwiin afoolaa harki caalaan gareedhaan waan ta’eef nama dhuunfaarratti hinxiyyeeffatu. Kanaaf amalli afoolaa kun uummatummaa isaa kan hubachiisu ta’uu isaati.

Akka walliigalaatti, afoolli kan uumamu, kan hurruubamuufi darbu miseensota hawaasaatiin 11waan ta’eef ummataan adda baasanii ilaaluun hindanda’amu. Kanaafuu, jijjiiramni hawaasa keessatti uumamu kamiiyyuu jijjiirama afoola hawaasaa kamiiyyuu fiduu danda’a. Afoolli qabeenyummaan isaas ta’e abbummaan isaa uummatadha.

Haaluma kanaan afoolli uummata Oromoo keessa jiranis kan saba Oromoo hundaa waan ta’aniif miseensotnii hawaasichaa hundinuu abbummaa keessaa qabu**.** Kana jechuun kan kan nama tokkoo yookiin muraasaati jechuun hindanda’amu jechuudha. Afoolli miidhagina addaas qaba. Miidhagina akka gonfatuuf wantoonni gargaaran yaa’aafi yeedaloo qabaachuu, dubbiiwwan qoolaa addaddaatiin dhiyaachuu, deddeebii sagalee, suuraa sammuutti uumuu, qomatti qabatamuu danda’uufi muuxannoo dhugaa hawaasichaarraa kan maddan ta’uusaati. Afoolli hawaasa tokkoo haala jiruufi jireenyaa hawaasichaa irratti hundaa’uudhaan yoomessa mataa isaa niqabaata. Kana jechuunis afoolli sun bakkafi yeroo keessatti raawwatamu kan mataa isaa qaba jechuudha. Fakkeenyaaf, hibboo yoo fudhanne, hibboon galgala abidda biratti daa’immaniif kan dhiyaatudha. Kanneen biroos akkasuma kan raawwataman yoomessa mataa isaanii qabaatu.

### 2.1.3 Dameewwan Afoolaa

Akka Dorson (1972:2) ibsutti, damee afoolaa kana jalatti kan ramadaman afuridha. Isaan keessaa inni tokkoffaan waan odeeffameefi weeddisame, walumaagalatti waan sagaleen dhihaatetu ramadama eddii jedheen booda isaanis seenessuu, weedduufi durduriidha.

Inni lammaffaan jiruufi jireenya (Folklife) jechuun ‘Material culture’ (aadaa hojiin mul'atu) akka jedhamuu akka danda'us eerameera. Kun akkaataa itti tooftaan, malli, ogummaan, qajeelfamni ittiin waan tokko hojjatan walitti darbu agarsiisa. Kana jechuun akkaataa itti duudhaadhaan manni ijaaramu, nyaanni hojjatamu, lafti qotamu, uffanni hodhamu, meeshaaleen jiruu namaatiif barbaachisan itti hojjataman agarsiisa jechuu akka ta'e Doorsonfaa barreessaniiru. Dameen afoolaa inni isaan sadaffaadha jedhan barsiifata hawaasaa (social folkcustom) isa jedhamu ennaa

ta'u kan inni hammatus, waliin hojii hawaasaa (interaction), hurruubummaa (performance), akkatti mallattoofi haalaan waliigalan kkf. ta'uun ibsameera.

Arfaffaan Aartii uummataa (Folkarts) jedhamee kan moggaafameefi muuziqaa duudhaa, meeshaa isaa wajjin, ragada (dance) duudhaa, uffata isaa (costumes) wajjin, akkasumas diraamaa duudhaa hirkoosaa (scenario props) wajjin kan hammatudha. Haala afoolli haawaasa keessatti itti dhihaaturraa ka'uun walaloon kan dhihaatuufi walaloo malee kan dhihaatu jedhee afoola damee gurguddaa lamatti qooda Abarraa Nafaafi kaan keessattii...(1992: 141) akka barreeffametti, akaakuu walalootiin kan dhihaatan sirba ijoollee, sirba jaalalaa, faaruu loonii, geerarsa, sirba warroommiifi kkf ennaa ta'u; akaakuu walaloo alaatiin kan dhihaatan keessaa durduriin isa tokko. Kanuma bu’uura godhachuudhaan qorannoon kunis dameewwan afoolaa kanneen keessaa sirbi masqalaa haala kamiin akka sirbamu itti dhimma ba’uun kan gaggeeffamedha.

Fekede (1991:15) akka barreessetti, afoola gosoota lamatti qooduun, seeneffamoota afoolaafi walaloo afoolaa akka ta’an ibse.. Seeneffamoota afoolaa kanneen jedhamanis, oduudurii, baacoo, mammaaksaafi kan kana fakkaatan yemmuu ta’an, walaloo afoolaa kanneen jedhaman immoo faaruu loonii, weedduu jaalalaa fa’adha. Haaluma walfakkaatuun Zarihun, (1992:28) aka barreessetti, gosoota afoolaa bakka lamatti akka qoodaman ibsuun, isaanis; haala holooloofi walaloon kanneen dhiyaataniidha. Bifa holooloon kanneen dhiyaatan, oduudurii, raagamtaa, mammaaksa, hibboo, baacoofi kan kana fakkaatan yemmuu ta’an, bifa walalootiin kanneen dhiyaatan immoo, sirba aadaa, faaruu, geerarsaafi kan kana fakkaatanidha. Haata’u malee gosoota afoolaa iddoowwan lammaan kana jalatti tarreessanii fixuun akka hindanda’amnes yaada kaaseera.

Okpewho, (1992:175) akka barreessetti, afoola Afiriikaa bakka gurguddaa sadiitti akka qoodamudha. Isaanis; seeneffamoota afoolaa, walaloo afoolaafi qareeyyiidha. Akka inni ibsetti, seeneffamoonni afoolaa, warra bifa holooloon dhiyaatan yommuu ta’an, walaloon afoolaa immoo, kanneen amalli isaanii walalummaa yookaan unannaa sagalee of keessaa qabachuun gurra namaatti tolanidha. Qareeyyii kanneen jedhaman jechoota gaggabaaboo ta’aniin kan dhiyaatan akka ta’e ibseera.

Akka waliigalaatti, hayyoonni adda addaa dameewwan afoolaa bakka adda addaatti qoodanii ilaalan illee, haalli isaan walfakeessu heduun jiraachuu isaatu hubatama. Kunis kanneen seeneffamaan dhiyaataniifi bifa walalootiin kan dhiyaatan ta’uu isaati. Kanneen bifa walaloo afoolaatiin dhiyaatanis ta’e seeneffamootaan kan dhiyaatan, sammuu namaa keessatti kalaqamanii kan dhiyaatan ta’uu isaaniiti. Bu’uuruma kanaan qorannoo kana keessattis sirbi masqalaa dameewwan afoolaa keessaa kan walaloo afoolaa jalatti akka ramadamuutti ilaalameera.

### 2.1.4 Faayidaa Afoolaa

Fekede (1997:.50-55) faayidaa afoolaa tokko, lama, jedhee ammaa afuriitti tarreesseera. Faayidaan afoolaa arfan inni barreesses; afoola akka hambaatti, afoola akka falaasamaafi xiinsammuutti, afoola akka damee barnootaattiifi afoola akka madda og-barruutti jechuun ibseera. Afoolli hambaadha jedhanii dubbachuun nidanda'ama yoo jennu enna barbaachisaa ta'e abbaan yaadatu, abbaan qalbiitti qabatu, isa waggaa kuma meeqa dura jedhameyyuu itti fayyadamuu danda'a jechuudha. Egaa afoolii akka hambaatti niqo'atama ennaa jennu, inni dur jedhame maaliif, eessatti, attamitti, yoom akka jedhame, isa ammaas, isa dhufus akkanumatti qo'atanii, qindeessanii, kuusanii kaa'uun, itti fayyadamuufi dhaloonni itti aanu akka itti fayyadamu gochuu jechuudha.

Afoolli bu'aa falaasamaafi xiinsammuu abbaa afoola sanaati yoo jedhame waan wal nama falmisiisu miti. Afoola qo'achuun, yaadni, dhiphinni, amantaan, abdiin, rakkoon, yaaddoon, gaddi, gammachuufi ilaalchi abbaa afoola sanaa (abbaa afoola sana jedhee) maal akka ta'e beekuun rakkisaa miti. Kana beekuu jechuun immoo, falaasamaafi xiinsammuu saba sanaa (abbaa afoola sana jedhee) beekuu jechuudha.

Okpewho (1992:106) akka ibsetti, afoolli faayidaa gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa kan walaboomsu akka qabudha. Yaadni kunis ga’ee afoolli rakkoo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qaamaafi sammuu dhala namaarra ga’u bilisa kan baasu ta’uu nuhubachiisa.

Akka Zawudeefi kaawwan (2001:9) ibsanittimmoo, afoolli gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii dhala namaa ifa gochuufi aadaa tursiisuuf ga’ee olaanaa qaba. Afoolli mallattoofi qabeenya uummatichaa waan ta’eef hambaalee dhalootaaf darbarsuuf gargaaran keessaa

tokkodha. Afoolli karaa qorannoo xiinsammuutiin waan keessi hawaasaa yaaduufi fedhu hubachuuf akka fayyadudha. Amantiifi falaasamni, abdiifi dhiphuun, gaddaafi gammachuun, hawwiifi jireenyi hawaasaa maal akka ta'e hubatee furmaata itti kennuuf nigargaara. Afoolli maalummaa jireenya uummataa ibsuuf nifayyada; kun immoo afoolli madda guddina ogbarruuf bu'aa olaanaa qabaata. Akkasumas, afoolli barumsa adda addaa keessatti qorannoo taasisuun beekumsa argachuufi ofitti amanamummaa cimsachuuf akka gargaaru addeessa.

Beier (1966) akka ibsutti afoola bu'uura godhachuun ogbarruu barreessuun waan baramedha. Cigoon, mammaaksi, weedduun, oduun durii, hibboon ogbarruu keessatti akka mi'eessituutti galee tajaajila. Ogbarruuf akka yaada ka'umsaatti haalli itti gargaarutu jira. Jireenya hawaasa Afirikaa keessatti walaloon afoolaa iddoo guddaa akka qabu barreesseera.Walaloon afoolaa duudhaa haala oguma wajjin hidhata qabuun yoo qindaaye ykn yoo jijjiirame isa hayyoota xinmaddaatiin (anthropologists) qindaaye caalaa barnootaaf akka ooluu danda'us akka kanaa gaditti taa'etti ibseera.

*Beier (1966:a) Most translations of African poetry have been made by anthropologists, who were naturally more interested in the religious or sociological significance of the poems than in their literary merit. ---- An attempt has been made here to put together some of the available material to serve as a school reader.*

### 2.1.5 Walaloo Afoolaa

Walaloon afoolaa (oral poetry) afoola (oral literature) jalatti ramadama. Barreessittootni biyya keenyaa hedduun(Misgaanuufi kaawwan) waa'ee walaloo afoolaa hiika yommuu kennan, kan afaaniin uumamu, hurruubamuufi dhalootarraa dhalootatti kandarbudha jechu.Qorattootni tokko tokko kana hinfudhatani. Fekede (1999:.84) Dorson (1972) George List eeruun kan kaa'e, haala kanaan hiika kennuun dogoggora akka ta'e ibsa. Walaloon afaaniin qofaa otoo hintaanee wantoota addaddaa waliin uumama.Kunis ergaa dabarsuu qabu qabateet dhiyaata jechuu agarsiisa.

Finnegan (1977) akka ibsitetti immoo, walaloon afoolaa akkuma seeneffamootaa; aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan

dabarsudha. Kanneen biroon yeroo walbira qabamus ka’umsa ifaa ta’e qabaachuun isaa adda akka isa taasisu mul’ifteetti. Akka Fedhasaa (2013) ibsettimmoo, “walaloon afoolaa waa’ee wanta tokkoo bifa walalootiin qindeessee kan himudha” (2013:49). Walaloon afoolaa aadaa Oromoo keessatti durii kaasee waa’ee gootummaas ta’e bu’aa ba’ii jireenyaa walaloodhaan waan ibsatuuf, kunis waltajjii dhimma hawaasummaarratti hurruubamuun waan dhugoomuuf hedduu akka jaalatamu addeesseera.

Akka Misgaanuu (2011:16) ibsettimmoo, walaloon afoolaa meeshaa guddaa yaada keessa ilma namaa jiru kan ittiin bakkeetti baafatan ta’ee, waan yaadan, waa’ee jaalalaafi jibbaa, waa’ee mul’ataafi abdii fuula duraa, waa’ee uumaafi uumamaa, waa’ee bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroofi dhiphuu, dhimma hojii, gaddaafi kkf afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsu, sabni tokko akka daawwitiitti ofiisaa kan keessatti ilaalu ta’uu isaafi waa’ee ummata darbanii warra har’aatti ifa kan godhudha. Kanamalees walaloon iddoofi naannoon kan hindaangeffamne hawaasicha keessa akka galaanaa dhangala’ee kan jiru ta’uu isaati.

### 2.1.6 Gosoota Walaloo Afoolaa

Akka Fedhasaan barreessetti, “walaloon afoola Oromoo bakka guguddoo toorbatti qoodamuu danda’a. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaafi abaarsaafi, tabaallii fa’a” (2013: 49). Isaan kun hawaasa Oromoo keessatti maqaalee kanaan beekamanais daangaan hubannoo gidduu isaanii jiru akka hinbeekamnes dabalee ibseera. Gosoota walaloo jiran kana keessaa itti dhiyeenya qorannoo kana waliin qabaniin haala armaan gadiin, kan weedduu, faaruufi sirbaa kaasuun dhiyaataniiru. Kanneen keessaas qorannichi sirba irratti keessaayyuu sirba masqalaa waan xiyyeeffatuuf irratti ibsi itti kennameera.

#### 2.1.6.1 Faaruu

Akka Abarraafi kanneen biroo (1999)tti faaruun “Sirna gaariisaa kaasanii sirbuu, daboon loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa (kanneen hordoftoota amantaa garaagaraa), jaalalaan maqaa namaa kaasuu, mararfachuu, boo’icha yeroo namni du’ee,” jechuudhaan kaa’u (1999:114). Akka Fedhasaa (2013) ibsetti, “faaruun miira mararfannaadhaan guutamee kan jirudha” Namni waa faarsu tokko waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti faarfatamu sunis dhimmoota adda addaa kan akka biyyaa, hiriyyaa, haadhaa, abbaa, loon, dachee, waaqa, gootaafi kkf akka ta’e addeesseera.

#### 2.1.6.2 Weedduu

Weedduun akaakuu walaloo afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa garaagaraan kan dhihaatudha. Isaanis weedduu gootaa, daboo, sirbaa, jaalalaa, siyaasaa, cidhaafi k.k.f. akka ta'an Abarraafi kanneen biroo (1995) ni'ibsu. Weedduun walaloo afaanii dhimma garaagaraarratti qindaa'ee meeshaa muuziqaatiin wal simsiifamee dhihaatu akka ta'e hayyoonni ogbarruu ni'ibsu.

Akka Fedhasaa (2013:51) ibsetti, "weedduun walaloo aariidhaan guutamee jirudha". Kunis namni tokko hawaasa keessatti jaallatee dhabuu, waan tokko barbaadee gufuun itti baay'achuu danda'a. Yeroo kana aariidhaan guutamee xiiqiidhaan weeddisuu akka danda'u ibseera.

#### 2.1.6.3 Sirba

Sirba ilaachisee beektotni kallattii addaddaan hiika garaagaraa kennaniiru. Woube (2002:87) Lomax (1968) wabeeffachuun hiika sirbaa yoo kennu kan muuziqaafi haasawa of keessaa qabu jechuudhaan ibse. Yaadni kun sirboonniifi haasawni wanta aadaa ta'uu isaanii nutti hima. Woube'n nama Sharmm (1960) jedhamu eeruudhaan akka ibsettimmoo, sirboonni tooftaalee ilmi namaa odeeffannoo ittiin dabarfatuufi argatu keessaa waan tokkodha. Yaadrimee kanarraa ka'uudhaan sirboonni walquunnamtii hawaasaatiif akka oolan hubachiisa.

Merriam (1969) maalummaa sirbaa yoo ibsitu " song gives the freedom to express thoughts, ideas and comments that be stated baldly in the normal language situation"jechuun keesse. Sirboonni yaada beekumsaafi kkf ibsuudhaaf, miira namaa kakaasanii bilisa akka taasisan cimsitee ibsuudhaafi. Namoonni sirban ilaalcha addunyaa kanarraa qaban, waan yeroofi haala darbe hunda ittiin ibsatu. Hiika sirbootaa beekuuf haala isaan keessatti sirbaman beekuun gaarii ta'a.

Sirbi waan hedduudha. Aadaa ofii akka ittiin boonaniifi bashannanan taasisa. Bakka dhalootaa, ijoollummaa, amantii ofiifi kkf nama yaadachiisa. Sirbi yaada laafe cimsee, xiqqaa guddisee, doofaa qaroomsee, naamusa tolchee guutuu namaa taasisa. Sirboonni aadaafi seenaa waan tokkoo beekuudhaaf tooftaa gaariidha. Merriam (1964:280) akka ibsitutti, namni Nikta (1962) jedhamu Afriikaa dhihaatti qabiyyee sirbootaa qorachuudhaan rakkoolee aadaafi seenaa warra Gaanaa akka ifa baase addeessiteetti. Walumaagalatti sirboonni sochii hawaasaa tokko wanta ta'aniif hawaasummaa, siyaasa, dinagdee, xinqooqa, amantii fi amaloota biroo akka cimsan ibsa.

Dorson (1972) yaaduma walfakkaatu kaasa. “The performing arts intersect each with the other and often appear in conjuction” jechuun yeroo afoolli tokko hurruubamu, wantootni aadaa hundi akka hirmaatan ibsa. Yaadni kun yeroo sirbi tokko sirbamu, sochiileen sirbootaafi jamaa haalli isaan itti uffatan, nyaanni isaan qopheessan, haalli isaan keessatti taphatan hundi kan walqabatu ta’uu isaa nuhubachiisa.

Dafaa (1983:37) akka barreessetti, sirbi si’aahanii hojii hojjechuuf, wal mararsiisuuf barbaachisaa ta’uu isaafi akka ispoortiitti dhaqna namaa jabeessee kan cimsu ta’ee walaloo hojjechuuttis kan nama kakaasu akka ta’e ibsa. Sirbi sagaleen faaggaafi dibbeedhaa, sagaleen weedduu durbaa kan keessatti dhagahamuufi madda gammachuu ta’uu isaa eera. Sirba kan guyyaas ta’e halkanii keessatti durbi durbuma  kadhatti malee dargaggeessan sirba koottu jettee kadhachuun hinjiru. Dargaggeessi ofumaan sagalee faaggaa, dibbee, sagalee weedduu durbaa dhaga’ee yaa’a. Sirba keessatti durbis ta’e dargaggeessi kan fira ta’anis ta’e kan halagaa niyaa’a. Dargaggeessi durba fira foonii taatetti sirbuun hinjiru. Sababni isaas morma waljala buusanii hidhii waltuqsiisuun wal quunnamtii saalaa  waan kakaasuufidha.Durbi durbatti, dargaggeessi dargageessatti yoosirban, sirba baruufi humna jabeeffachuufidha. Akka Fedhasaa (2013:52) ibsettimmoo, “sirbi walaloo yeedaloodhaan sagaleeffamee huruubummaadhaan kan dhugoomudha”. Sochiin qaamaa sirba keessa jiru kunis huruubbii akka jedhamu addeesseera. Oromiyaa keessattis hurruubbiin gosa addaddaa kan akka shaggooyyee, dhiichisaa, mirrisa, gelloo, kumkummeefi kkf akka ta’an ibsuun, sirbi hurruubbii waliin akka walqabatu addeesseera.

### 2.1.7 Maalummaa Masqalaa

Akka Dirribii (2012:56) Mbiti (1992) eeruun kaa'etti ayyaanni masqalaa aadaa waaqeffattoota Afriikaa ta'uufi waa'ee aadaa ayyaana Ammas-qalaa kana hayyuun dhimma amantii, Mbiti (1992) akka ibsutti uummanni hedduun ibsaa ibsuudhaan dhimma amantiif itti fayyadama, uummanni hereeroo ibidda eebbaa jechuudhaan ganda/qeyeen tokko bakka tokkotti guba. Ibsaan kun mallattoo jireenyaafi badhaadhina uummataati jedha.

Uummatni Gikiyuu immoo akka midhaan ija (firii) gaarii godhatuufi akka ilbiisonni midhaan hinballeessine baraara jedhanii waan amananiif ooyiruu keessa deemanii, ibidda ibsaa kanaa midhaan isaanii tuqsiisu. Ibidda eebbaa jechuudhaan ibsaa kanarraa hunduu gucatti qabsiifatee fudhatee galee, hanga bara dhufuutti akka ibiddi sun otoo hindhaamiin turu of eeggannoodhaan eega. Ibidda kana manaa qabaachuun mallattoo itti fufiinsa sanyii namaafi jireenya gaariiti jedhee amana. Uummanni Nandii immoo yeroo midhaan galfatu ibsaa kana ibsuudhaan nageenya namaafi looniitiif Waaqa galateeffata. Mbiti itti dabaluudhaan, icciitii gadi fagoo ibsaan kun bara durii qabaachaa ture amma dagatamuu hinoolu jechuun ibse.

> *Anumber of people use a"holy" fire for religious purposes. The Herero have sacred fire on the village altars, with which the whole welfare of the people is intimately connected. They mention God as being responsible for this fire which symbolize national life, prosperity and contact with the unseen world. The Gikuyu perform a ceremony involves lighting the holy fire and carrying it to all the regions; people look upon it as a "purifying flame" and eagerly wait to catch it with twigs, in order to take it to their homes where the old fires have been put out.The new fire is not allowed to die out until the next season when the ceremony is repeated. This symbolizes the process of death and resurrection, and the conquest of renewal over destruction and degeneration. Probably the observance of this deeply meaningful ceremony has virtually died out today. The Nandi harvest ceremony also involves lighting as sacred fire and offering prayers to God for the welfare of both people and cattle.* Mbiti (1992:56).

Akka yaada kanarraa hubatamutti kabajni ayyaana masqalaa kan uummatni Oromoo kabajatu, ganna dukkana keessaa ba'ee birraa ifatti yeroo ce'u gammachuu isaa ibsachuuf, booruu gannaa kan isaan dabarse Waaqa isaanii galateeffachaa, midhaan daraare immoo cabbii hamaafi qilleensa irraa baraare firii gaarii godhatee akka isaaniif ga'uuf kan ittiin Waaqa kadhatan waan ta'eef yaada armaan olitti ibsame waliin walsimata. Kanamalees boftiifi culuulleen fa'a ganna

ijji isaanii kan jaamee ture birraa ija banatu waan jedhamuuf akka yeroo abdiifi hawwii gaariitti ilaalama.

Masqalli birraa yeroo dukkanni gannaa darbee birraan dhufu ibsaa/guca ibsuun gammachuudhaan simachuudhaan ayyaana kabajamudha. Masqalli maal akka ta'e Dirribiin (2012:75) yeroo ibsu, guyyaa masqalaa waan namni hedduun ayyaana kana irratti horii qalee waliin nyaatuuf Oromoo biratti guyyaa ammaa amma qalan waan ta'eef ayyaanni kun ayyaana Ammas-qalaa jedhama jechuun ibsa.

Akka WADO (2006:232-34) ibsanitti; "ayyaanni kun bakka adda addaatti maqaa adda addaa kan akka Ifaanoo, ayyaana gubaa birraa, ayyaana ifaa yookiin ayyaana mucucoo jedhamuun kan beekamu ta'ee, waggaatti altokko baatii Fulbaanaa keessa gubaa gubanii ibsaa ibsuudhaan kan kabajamudha" (2006).Ayyaanni kun dhuunfaanis ta'e gareedhaan akka kabajamuufi waaqeffattootni kan ittiin Waaqa isaan uume, ganna gurraacha isaan dabarsee booqaa birraan isaan gahe guyyaa itti galateeffatan akka ta'edha. Guyyaan kun guyyaa gammachuu waan ta'eef jaarsoliin nama wallole araarsaa oolu, ijoolleen immoo walgahanii taphachaa oolu, dargaggoonni immoo ayyaanicha duraafi booda torbee lamaaf sirbaa gammadaa yeroo itti miidhaganii mul'ataniifi gaa'elaaf wal ilaallatan akka ta'e eera.

Karaa gara biraatiinis dhimma kabaja ayyaana masqalaa kana ilaachisee Misgaanuu (2013:2829) irratti akka ibsetti, "ibsaan ayyaana birraa jaarraa hedduu kan lakkoofsise sirna Gadaa waliin walqabatee akka ta'e ibsa. Ibsaan birraa yookiin masqalli kunis aadaa Oromootiin eegalamee aadaa Oromootiin xumuramuun isaafi duudhaan aadaa Oromoo hedduun kan keessatti raawwatamu ta'uu isaa addeessa''..

Akka Dafaa (1974:95) ibsetti, ayyaanni masqalaa kan Oromoon waggaatti guyyaa tokko walga'aa ayyaaneffatu ta'uu isaati. "Ayyaanni masqalaa kun Oromoo durii keessatti ayyaana waraanaa jagnummaaf, birmadummaa itti yaadatanidha. Kana ta'uu isaatiin waan ajjeesaa turan baannachuun ayyaaneffatama". Ayyaanni kunis kan kabajamu ganni darbee birraa yeroo daraaraan siddisaa, keelloo fa'a afaan banatuufi midhaan haaraan asheetni isaa yeroo nyaatamudha. Yeroo kana namni gammachuu akka qabaachuun ayyaana ayyaanefftamu akka ta'e ibseera

irba masqalaarratti akka hin hojjetamne hubatee jira.Qorannoowwan kunniin sirna kabaja ayyaana masqalaa ilaaluun isaanii qorannoo isaa waliin wal isaan fakkeessa. Haata'u malee ,qorannoo qoratichi gaggeesse qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa isaan hin tuqne qaaccessuurratti xiyyeeffachuun isaa qorannoowwan kana irraa adda isa godha.Karaa biraatiin bakki itti qorannoon itti gaggeeffame adda addummaa isaan gidduu jiru kan agarsiisudha.Kanaafuu,qaawwaa naannoo walaloo afoolaa sirba masqalaa waliin walqabatu kan isaan hin tuqne guutuuf yaadameetu qorannichi gaggeeffame

### 2.1.8 Qabiyyee Sirba Masqalaa

Akka Tasammaa(2000) ibsutti,sirbi masqalaa kan yemmuu ganni bahee birraan bari'u sirba sirbamu dha.Kanuma haala armaan gadiin ibseera.

*Songs Expressing seasonal changes:These songs are usually sang by girls towards the end of the rainy season.They sang the songs while weeding clearing the weeds from the field of crops.There is also aspecial song which belongs to this category sang by the Oromo families every year on masqal eve after dinner .(Tasama 2000:40-41)*

i) *Songs of girls*

*Oh birraa the end of the rains*

*Year after year*

*Come at the time of the dances.*

*Well well*

*The flowers are well.*

*Guduru has become angry*

*Don't you cross over and mediate*

*A young unmarried girl*

*Whose beauty makes one mad.*

*Turn back and check the vanguard*

*Those who posses guns are not trusted.*

*Hit your enemy in disguise*

*Why shouldn't one call/praise the brave ?*

*The brave Whose mouth is full of milk.*

*ii) Family songs (masqala eve)*

*Well daree*

*Oh masqala is here*

*It looks like masqala*

*It is white as the sky*

*The flower of a sorghoum*

*Is surrounded by birds*

*The flower of masqal*

*Is surrounded by children*

*Masqala the one legged*

*It is gone before noticed its coming*

*Taa'aa Wayyeessaa has lighted*

*And has sent me message to light*

*Nagarrii Dhaasaa has lighted*

*And has sent me message to light*

*Oh flower get blossom.*

*Akka yaada kanarraa hubatamutti,sirbi masqalaa kan yemmuu ganni bahee birraan bari'u shamarran kan sirbitudha.Shamarran kun sirba kana yemmuu aramaa aramaniifi lafa qofforan*

*sirbu.Kana birattis sirbi jala bultii masqalaatti maatiin waliin ta'uudhaan si'a hirbaataa faarsan jira.* .

**2.1.9 Bifiyyee sirba masqalaa**

Dorson (1972) Afoolli afaaniin kan dubbatamu,Kan sirbamu akkasumas unka sagalee kan irra deddeebi'amuun wal jalaa qabuun raawwatamu ta'uu yoo ibsu,"under the rubic(oral literature) fall spoken, song,voiced forms of traditional utterances that shows repetitive patterns" jedha.
Asirraa wanti hubatamu,bifa miidhagina adda addaa gonfachuudhaan sammuu namootaa keessaa salphaatti akka hin dagatamneef bifa adda addaatti gargaaramee dhiyaata .Kunis,bifa sadoommiiwwan garaagaraatti fayyadamuun,irra deddeebii jechootaa qabatee kan dhiyaatu ta'uutu mul'ata.

*In literary criticism,formalism refers to astyle of inquiry that focuses,almost exclusively,on features of the literary text itself,to the exclusion of biographical,historical or intellectual contexts.The name" formalism" drives from one of the central tenets of formalist thought:That the form of awork of literature is inherently apart from content,and that the attempt to separate the two is fallacious.By focussing on possible to trace the evolussion and development of literary forms, and thus,literature itself.This approach regards literature as"a unique form of human knowledge that needs to be examined on its own terms."All the elements necessary for understanding the work are contained with in the work itself.Of particular interest to the formalist critic are the elements of form-style,structure,tone,imagery,etc.that are found with inthe text.*

*en.wikipedia.org/wiki/Formalism/literature)*

*Waraabbii kana irraa wanti hubatamu,qeeqoo barruu keessatti,bifiyyen kan ittiin ibsamu akkaataa /haala dhiyaannaa isaarratti kan xiyyeeffatudha.Kunis,bifiyyeen irra jireessaan haala dhiyaannaa isaarratti daran kan xiyyeeffatu ta'uudha.Kunis dudduubee isaa,seenaa ykn mala ittiin dhiyaatudha.Jechi bifiyyee jedhu qabiyyee isaarratti osoo hin taane bifa ykn unka isaarratti kan xiyyeeffatu ta'uu ibsa.Haalli ittiin dhiyaatu kunis kan irratti xiyyeeffatu caacculee kanneen*

*akka:unka,akkaataa,caasaa,gad bu'uu ykn olka'iinsa sagalee,sammuu namaa keessaa salphaatti kan hin dagatamneefi kanneen kana fakkaatan qabiyyee keessatti kan argamu jechuudha. Haaluma kanaan ,bfiyyeen sirba masqalaas dhimmoota armaan olitti waraabbii keessatti ibsaman irraa adda hin ta'u.*

**2.2 Yaaxxina Fookloorii**

Yaaxxinni qorannoo tokko geggeessuuf ibsa bu'uuraati.Mataduree kana jalatti yaaxxinoonni barbaachisoodha jedhaman kaasuudhaan haala akkamiin qorannoo kanaaf akka itti oolan kaa'ameera.

Yaadiddamni dirree qorannoo adda addaa dadhabinaafi cimina mataasaanii qabaataniyyuu hanga yoonaatti qorannoo tokko gaggeessuuf yaadiddamni filatamaa ta'e tokko akka hinjirre qorattoonni adda addaa ibsaniiru. Kana jechuunis yaadiddamni inni tokko isa biroo qeeqa waan ta'eef, hundisaanii iyyuu faayidaa mataasaanii qabu. Haala kanaan Dorson (1963:93) yommuu ibsu, "Theories do exist and compete vigorously each other" jedha Walakkeessa jaarraa 20ffaatti dirreen qorannoo beektota xiinsanyiitiin to'atamee waan tureef yaadiddamoota qorannoo afoolaaf oolan dabalatee yaadiddamoonni baay'een isaanii gosa dirree qorannoo kana jalatti haammatamanii turan (Finnegan, 1970). Bifuma walfakkaatuun Dorson (1963:93) akka ibsutti, yammuu ogeessonni xiinsanyii aadaa hawaasa barnoota hinqabneerratti qorannoo geggeessan, hambaalee bifa dubbii faaruutiin jiranirratti hubannoo qaban gaaffiilee yaadiddama tajaajilaafi sonoota afoolaa keessatti haammatanirraa kan maddanidha. Yaadiddamoonni ogummaa addaddaa hordofaa turan keessaa kanneen armaan gadii qorannoo kanaaf kanan fayyadamedha.

### 2.2.1 Yaaxxina Ilaalcha Caas-faayidaa (Structural –functional):

Fekede (1999:33), Dorson (1972) akka ibsanitti, kaayyoo guddaan yaadiddama kanaa, afoolli (oral literature) kan qoratamuu ogummaaf qofa (for art sake) osoo hintaane, hawaasummaa, siyaasniifi dhaabbileen aadaa hedduun osoo hinjijjiiramiin akka jiraataniif gargaarsa kennuufi. Dorson (1972) waa'ee gaaffii isaanii yookaasu "… how folklore they avoid for synonyms like verbal art and expressive literature contributes to the maintenance of social institutions…how does folklore function in the culture?" akka jedhan barreesseera (f.20). Yaadiddamni kun ka'umsi isaa antirooppoolojii akka ta'es ibseera. Namoonni ilaalcha kana cimsaa turan barattoota 'Boas' kan ta'an 'Ruth Benedict' fa'a akka ta'anis ibseera. Akka Finnegan (1970:30) ibsitutti, namoonni kun xiyyeeffannoon isaanii hawaasni akka ijaaramu barbaaduudha malee, qaaccessa ogafaanii (oral literature) akka hinturres hubachiifteetti. Keessumattuu walaloon afoolaa (oral poetry) irraanfatamee akka ture ibsiteetti.

### 2.2.2 Yaaxxina Ilaalcha Xiin-muuziqaa (musicology)

**A**kka Finnegan (1970:42) barreessitetti, yaadiddamni kun ilaalcha qorattoota muuziqaafi sirbootaa akkasumas meeshaalee sirba keessatti itti fayyadaman kan ilaaludha. Sirboota uummataa hedduu waraabuudhaan kan qoratudha. Qorannoon yaadiddama kanaan gaggeeffamus teessoosaa Afriikaa kibbaa godhatee sirboota filachuudhaan hedduu isaanii maxxansiisee jira. Warri dirree kanarratti bobba'an naannuma fedhiin isaanii milkaa'e qofaatti waan xiyyeeffataniif bal'inaan qeeqamaniiru. Fakkeenyaaf, naannoo Afriikaa tokko tokkotti sirboota kanniin holola amantiifi siyaasaatiif fayyadamu. Sanas ta'e kana, akka Finnegan (1970:53) akka ibsitetti fedhiin afoola xiinxaluu kun gama ogeessota ogafaaniitiinis ta'e xiin-hawaasaatiin xiyyeeffannoo argachuudhaan guddachaa dhufee jira.

Sirba masqalaa xiinxaluuf yaadiddaamoota afoola kana waliin deeman haala armaan oliin ibsuun gara qorannootti seenuun gaarii ta'a. Qorannoon kun hawaasni sirna kabaja ayyaana masqalaa waliin walqabatee sirbootni sun qabiyyeefi bifiyyee akkamii akka qaban ilaaluun qaaccessuudha. Kun ammoo tajaajila sirba sanaa ibsa. Akkasumas, uummatichi addunyaa keessa jiru kana akkamiin akka ibsatu irraa hubatama. Kanaaf xiinxala afoolaa hawaasa bu'uura godhate kaasuun ibsuun gaarii ta'a. Kanas Asafaan akka armaan gadiitti ibsa:

> *The major concern in sociological analysis is not with distraction between techiniques in the formalistic sense but with the singers (reciter's) view which constitutes his intention at the formative principle underlying the content and style of the work,* (Asafaa, 2004:47).

Akka yaada kanaatti xiinxalli xinhawaasa bu’uura taasifatu teekinika akkaataa walalootti hinxiyyeeffatu. Wanta xiyyeeffatamuu qabu waloofi walaloo sana fayyadamuudhaan addunyaa keessa jiraatu akkamitti ilaaleedha; qunnamtii addunyaa kana waliin qabu akkamitti ibseedha. Kanaaf, qorannichis yaada kana bu’uura godhachuun masqalaa irratti hundaa’uun sirbi sun dhimma maaliif akka sirbame kan xiinxaludha. Dhimmi kunis kan Finnegan (1970) fi Dorson (1972) kaayyoo guddaa yaadiddama caas-faayidaa afoola qorachuuf ooluu qabu kan xiyyeeffatedha. Kun ammoo, sirbimasqalaa xiqqaachaafi badaa jira jedhamu, guutummaatti baraaruu yoo baates hubannoo uumuun gumaacha gochuu danda’a.

**2.3 Sakatta’a Barruu Walfakkii**

.Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya qaban ykn waliin wafakkaatan guutummaa guutuutti kan walfakkaatanii hojjetaman hanga ammaatti kan dhiyaatan tokkollee kan hinargamne ta’uyyuu, mataduree kana waliin walitti dhiyaatan ni argamu. Bifuma kanaan qorataan qorannoo kanaa waraqaalee qorannoo garaa garaa kanaan dura hojjetaman sakatta’uun waraqaa qorannoo kana waliin hariiroo qaban haala armaan gadiin ibsee jira. Waraqaa qorannoo kan mataduree kana wajjin walitti dhiyaatan kan digirii jalqabaa kan Girmaa Taayyee (2006) Mataduree xiinxala sirna ayyaana Ibsaa kormaa Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Gobbuu Sayyoo jedhurratti qorannoo gaggeesse. Walfakkeenyi qorannoo kanaafi kan duraa lamaanuu kabaja ayyaanamasqalaa bu’uureffatu. Haata’umalee, garaagarummaa qabu.

Garaagarummaan isaaniis, waraqaan qorataa duraa sirna ayyaana Ibsaa kormaa Oromoo Wallagga Bahaa,Aanaa Gobbuu Sayyoo, kan xiinxale yoo ta’u, qorannoon kun ammoo qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatiirratti kan xiayyeeffatedha. Kan biroo ammoo, Tigist Sadeessaa (2009) Xiinxala Raawwii Ayyaana Ibsaa Kormaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii jedhurratti qorannoo gaggeessite.Hojii Qorannoo kanaan bakkatti Walitti siiqan qabu:Lamaanuu kabaja ayyaana masqalaarratti xiyyeeffatu. Haata’umalee,garaagarummaan isaa, Waraqaan qorattuu duraa Sirna Raawwii Ayyaana Ibsa Kormaa, Godina Shawaa Lixaa,Aanaa Dirree Incinnii kan Xiinxalte yoo ta,u, qorannoon kun ammoo qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa Godina Horroo Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii qaaccesuurratti kan xiyyeeffate.

Akkasumas, Godina Wallagga  Bahaatti Asfaaw Tagany (1998) *“የመስቀል በዓል አከባበር በልሙ ወረዳ”* jedhurratti qorannoo gaggeesse. Hojii qorannoo kanaa waliinis bakkatti walfakkaatan qabu.Lamaan isaatuu kabaja ayyaana masqalaarratti xiyyeeffata.Garuu, garaagarummaan isaa,waraqaan qorataa duraa kun sirna ayyaana masqalaa, Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Limmuu kan qorate yoo ta’u, qorannoon kun ammoo qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Gannatiirratti Xiyyeeffate.

Qorannoowwan kunneen hundinuu kan qophaa’an kabaja sirna ayyaana masqalaarratti qofadha.Yeroo qoratichi hojiiwwan dhimma kana waliin deeman dubbisu raawwii isaarratti malee sirba masqalaarratti akka hin hojjetamne hubatee jira.Qorannoowwan kunniin sirna kabaja ayyaana masqalaa ilaaluun isaanii qorannoo isaa waliin wal isaan fakkeessa. Haata’u malee ,qorannoo qoratichi gaggeesse qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa isaan hin tuqne qaaccessuurratti xiyyeeffachuun isaa qorannoowwan kana irraa adda isa godha.Karaa biraatiin bakki itti qorannoon itti gaggeeffame adda addummaa isaan gidduu jiru kan agarsiisudha.Kanaafuu,qaawwaa naannoo walaloo afoolaa sirba masqalaa waliin walqabatu kan isaan hin tuqne guutuuf yaadameetu qorannichi gaggeeffame

.

.

.

## Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa qabiyyee fi bifiyyee  sirba masqala Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii irratti xiyyeeffate xiinxaluudha. Boqonnaa kana keessatti mata dureewwan hammataman: Malleen qorannichaa, hirmaattoota qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, madda ragaalee,malleen funaansa ragaaleefi malleen qaaccessa odeeffannoo qorannicha keessatti ittigargaaraman tartiibaan dhiyaataniiru.

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannichi raawwii ayyaanaa, qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa irratti kan gaggeeffamedha. Hojii kana geggeessuufis gosa qorannoo keessaa kan dhimma itti bahame qorannoo ibsaati. Isa kana Sarantakos (2005) akka ibsutti, dhimma qorannoo aadaa tokko ta'innaalee hawaasa keessaa ibsuu, addeessuufi qooduun aadaa hawaasa sanaa hubachuuf akkasumas akkaataa namoonni addunyaa keessa jiran sana itti ibsan baruuf qorannoon ibsaa filatamaa akka ta'e hubachiisa. Akka Addunyaa (2010:62) ibsettimmoo, "qorannoon ibsaa dhimma qoratamu ilaalchisee maaltu akka raawwatamaa jiru addaan baasuuf akka gargaarudha". Kana malees jijiiramootni akkuma yoomessa uumamaa keessatti argamanitti ibsuu kan ilaaludha. Kanaaf, bakka sirbi masqalaa sun jiru irraa ragaa waraabamee taa'erraa sirbitootni sirba kabaja ayyaana masqalaa kanatti fayyadamuun addunyaa keessa jiran kana ibsa itti kennuuf, qo'annoon ibsaa gaarii akka ta'e ifaadha.

### 3.2 Madda Odeeffannoo

Maddi ragaa qorannichaa namoota sirba masqalaarratti hubannoo gahaa qabu jedhamaniifi irratti hirmaatanii beekan mala iddattoo armaan gadiin filatamaniin afgaaffiifi maree gareen kan fudhatmedha. Maddi ragaakan biraan ammoo, dokumantii sirba masqalaa irratti suursochiin waraabamanii jiran sakatta'uu, kitaaba, barruulee, galaalcha, waraqaa eebbaafi k.k.f.dha. Sababni madda ragaa lamaan irratti xiyyeeffachuun barbaachiseef, maddi ragaa tokko qofti odeeffannoo gahaa kennuu dhiisuu danda'a waan ta'eefidha.

### 3.3 Mala Iddatteessuu

## Akkaayyoo

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uu danda'uuf jedhee qorataan dhimma itti ba'e:Hawaasa Aanaa Jimmaa Gannatii keessaa waa'ee sirba masqalaarratti qoodafudhachaa turaniifi manguddoota,hawwan sirba masqalaarratti hubannoo gahaa qaban filachuurratti xiyyeeffate. Dastaa(2013:132)Trochim (2006) Wabeeffachuun yoo ibsu "Iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuu waan ta'eef ,namoota ykn qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti fayyadamuudha"jedha. Haaluma kanaan qorataan manguddoota,hojjettoota waajiraAadaafiTuurizimiifi dubartoota ayyaanaafi sirba masqalaarratti hubannoo qabu jedhamanirraa odeeffannoo fudhateera.Warreen hubannoo gahaa qabu jedhaman hawaasa aanaa

Jimmaa Gannatii bakka bu'anii ibsuu danda'u jedhee qoratichi waan tilmaameef. Qorataan hawaasa Aanaa Jimmaa Gannatii keessaa namoota waa'ee sirba masqalaarratti hubannoo qaban ,hojjettoota Waajira Aadaafi Tuurizimii filatee itti dhimma baheera. Kanaafuu , hawaasa Aanaa Jimmaa Gannatii keessaa manguddoota,dubartoota, Ogeeyyii Waajira Aadaafi Tuurizimii filatee mala iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkaayyootti gargaarameera. Sababni bu'uraa mala kanatti dhimma ba'es, hawaasichi hundisaatuu waa'ee ayyaanaafi sirba masqalaa kana waan hubannoo walfakkaatu hin qabaanneefidha. Kanarraa kan ka'e namoota waa'ee ayyaanaafi sirba masqalaa gadfageenyaan beeku jedhaman qoratichi dhimma itti baheera.Haaluma kanaan ,qoratichi namoota sirba masqalaa beeku jedhaman keessaa jaarsolii,dubartoota,Itti gaafatama waajira AadaafiTuurizimiifi hojjettoota Wajirichaa qorannoo isaatti tooftaa akkayyootti dhimma bahuun gaaffilee banaa ta'an gaafachuuniifi marii garee gaggeessuun mala kanatti gargaarameera.

### 3.4 Malawwaan Funaansa Ragaa

Odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u funaanuurratti qoratichi mala : daawwannaa, afgaaffii , maree gareefi, ragaa waraabamee taa'e xiinxaleera. Gosa qorannoo akkasiif odeeffannoo guuruuf immoo,malleen armaan gadii kunneen , kanneen biroorra fooyya'oo akka ta'an Goldstein (1964) sababa waliin yoo ibsu, qorataan aadaa hawaasaa tokko ibsu odeeffannoo guurrachuuf dirree hojiitti yoo bobba'u meeshaalee ragaa garaagaraa keessaa kan akka afgaaffii fa'atti fayyadamuun filatamaa akka ta'edha. Sababni isaammoo, qoratichi rakkoo qorannichaaf odeeffannoo qabatamaa furmaata fiduu danda'a jedhu kan ittiin argatu waan ta'eefidha. Kanaaf, yeroo odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan funaanaman malleen olitti tuqaman kana yeroofi bakka barbaachisetti gargaaramuun dhimma itti bahameera.

#### 3.4.1 Daawwannaa

Daawwannaan adeemsa qorataan tokko odeeffannoo qabatamaa argachuuf kallattiidhaan ilaaluun ykn dhaggeeffachuun yaada isaa kan fudhatu ykn waraabbatuudha.Qorarannoo guutuu ta'e tokko gaggeessuuf bu'aa barbaadame bira gahuuf ragaa karaa afgaaffiin odeeffannoo kennitoota irraa argamu qofaa isaatti gahaa miti.Sababa kanaaf qorataan ragaa qorannoo isaa gabbisuuf jecha dursa hawaasa Aanaa Jimmaa Gannatii bira deemuun ayyaanaafi sirba masqalaa kallattiin gaafa guyyaa( 16 -01 -2011) fi( 17 –01-2011 ) Caaroo Goobanootti ayyaaneffatame sirriitti hordofuun

kaameeraa fayyadamuun sagalee waraabuun, Suuraa kaasuun  odeeffannoo funaannateera. Yoomessi ayyaanaafi sirba masqala itti raawwatu adeemsa raawwii isaa,ergaa isaa, akaakuu isaa,bifa ittiin dhiyaatuufi faayidaa isaa yeroo gaggeeffamu qorataan kallattiin irratti hirmaachuudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannateera.

### 3.4.2. Afgaaffii

Malli biraan ragaa funaanuuf qoratichi fayyadame afgaaffiidha. Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanaman keessaa tokko ta'ee qorataafi odhimtootni fuulleetti walarganii odeeffannoo kan waliif kennanidha.  Malli kun mala odeefkennitoonni qorataan kallattiin wal arganii yaada waljijjiiran waan ta'eef, dandeettii dubbisuufi barreessuu odeefkennitootaa kan gaafatu miti.  Kun qorannoo kana keessattii mala kana filatamaa kan taasisu keessaa isa tokkodha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana keessatti afgaaffiitti fayyadamuun odeeffannoon barbaachisu funaanameera.

Gama biraatiin afgaaffiin fayyadamuun odhimtootni waan beekan, waan kanaan dura raawwataniifi waan argan akka ibsaniif karaa bana.  Dhimma kana ilaalchisee Goldstein (1964:104) akka ibsutti “Interview data include information on what the informant, belives, expects, feels, wants, does or has done, or which explains or gives reasons for any preciding”. Haaluma kanaan odeeffannoowwan sirba masqalaa waliin walqabatan baruudhaaf gaaffilee banaa ta'an qopheessuun odeeffannoon odhimtootarraa funaanameera.

Sababni qorataan kun meeshaalee ragaalee kana fayyadameefis,odeeffattoota baay'ee isaanii dubbisuufi barreessuun waan hin mijanneef kallaattiin odeeffattootatti dhiyaatee,odeeffannoo qorannoo isaa galmaan naaf gahu jedhee yaada ifaafi ifatti gaafatee deebii argate waraabbiifi barreeffamaan funaannachuu waan danda'uuf itti gargaarameera. Haaluma kanaan odeeffattoonni waan kanaan dura beekan, raawwatan,arganiifi dhagahan akka ibsaniif gaaffilee banaa kan sirba masqalaa waliin walqabatan qopheessuun namoota akka kaayyootti filataman abbootii namoota kudhan ,haadholii jaha, Itti gaafatamaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii bira deemee gaaffilee afaaniin gaafatee deebii isaanii afwalaloofi hoolooloodhaan kennan: kaameraatti fayyadamuun sagalee waraabbachuun wantoota ifa isaaf hin taane ammoo yaadannoo qabachuun irra deebi'ee gaafatee odeeffannoo funaannateera.Kunis kan raawwate Hawaasa magaalaafi baadiyaa Aanaa Jimmaa Gannatii keessatti yoo ta'u,mana jireen yaa fi

bakka ayyaaneffannaatti, Waajira Aadaafi Tuurizimii deemuun haala gaariin itti dhiyaatee kaayyoo qorannoo hedduu ibsuun erga mariisisee booda beellama qabachuun guyyaa beellamaatti meeshaalee barbaachisan qabachuun deemee odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaannateera.

Ragaaleen afgaaffiin argaman kanneen akka: raawwii ayyaana masqalaa,maalfaa akka ta'an odeeffachuun,sirba masqalaa kamtu eenyuun akka sirbamuufi yoom akka sirbamu adda baafachuuniifi sona akkamii akka qabu ragaalee afgaaffiin argateera.

### 3.4.3 Maree Garee

Akka Dawwson (2002:30) ibsutti, mareen garee odeefkennitoonni waliin bakka tokko taa'anii dhimmoota gaaffii kaasanirratti gaaffii walii walii isaanii akka walgaafachuu danda'an gargaara.

Kunis,qorannoo kana keessatti yeroo odeeffannoon afgaaffii fi daawwannaadhaan funaanaman yaadolee hin hubatamne tokko addaan baafachuudhaafi ragaalee armaan olii gabbisuuf kan qophaa'ee dhiyaatedha.Mariin garee odeeffannoo hawaasarraa funaanuudhaaf faayidaa guddaa qaba.Kunis,kallattiidhaan gaafachuuf gaafataa gidduutti waan raawwatuuf yaada ifa hin taane irra deebi'anii gaafachuufillee carraa bal'aa qaba. Mariin gareef gaaffiin hubannoo gad fageenyaa  fi mariisisaa ta'e hirmaattotaaf ykn mari'attootaaf qophaa'ee bakka gaafataafi odeef kennitoonni jiranitti akka adeemsifamedha.Haalum kanaan namoota sirba masqalaa sirriitti beekan,mala iddatteessuu miticarraatti fayyadamuun marii garee irraa yeroo qoratichi odeeffannoo funaannate guyyaa raawwii ayyaana masqalaa duraafi raawwii ayyaanaafi sirba masqalaa booda gara manaafi waajira deemuun qorataan namoota torba filate hirmaachisuun kanneen keessaa dhiira afuriifi  dubartoota sadii mariisiseera.

### 3.4.4 Ragaa xiinxaluu/ Daataa Waraabametti fayyadamuu/

Akka Singh (2006) ibsutti ragaa xiinxaluu yookiin qaaccessuun kan duraan olkaawwamee jiru tokko sakatta'uun kan hiikni itti kennamudha.  Kanuma Singh haala armaan gadiin ibsa.

> *Document analysis deals with the systematic examination of current records or documents as sources of data. In documentary analysis, the following may be used: official records and reports, printed forms, text books, reference books, letters, diaries, picture, films, and cartoons etc. But in using documentary*

*sources, one must bear in mind the fact that data appearing in print are not necessarily trustworthy. Document analysis should serve a useful purpose in research, adding important knowledgeto a field to study or yielding information that is helpful in evaluating and improving social or educational practices (*Singh, 2006:159*).*

Akka yaada waraabbii kanarraa hubatamutti ragaa xiinxaluun haala sirnaawaa ta'een ragaalee akka maddaatti waraabamanii jiran sakatta'uun akka danda'amudha. Ragaalee xiinxaluu keessatti wantootni hammataman; karaa beekamaa ta'een wantoota waraabamaniifi gabaasota, wantoota maxxanfaman, kitaabilee, xalayoota, galmee yaadannoo guyyaa guyyaa namootaa, fakkiiwwaniifi kkf fa'a.

Ragaalee kanneen sakatta'uun akka qorannoo addeessaatti ibsuun akka danda'amudha. Qorannoo keessatti ragaa qaaccessuun kaayyoo barbaachisaa ta'e bira ga'uufi beekumsa barbaachisaa ta'e dabaluun dirree qorannoo keessatti odeeffannoo faayidaa qabeessa ta'e argamsiisuun barmaatilee hawaasaa yookiin barnoota madaaluufi fooyyessuuf kan nama gargaaru ta'uu isaati. Haaluma kanaan ragaa waa'ee raawwii ayyaanaafi sirba masqalaa irratti waraabamee jiru xiinxaluun dhimma itti bahameera.

### 3.5 Qindaa'ina Ragaa

Ragaaleen dawwannaa afgaaffii, maree gareefi ragaa waraabame irraa argaman haala raawwiifi qabiyyee fi fibiyyee sirba masqalaa mul'isuu danda'aniin sirriitti qindeeffamanii akka taa'an ta'eera. Kana gochuufis odeeffannoo odhimtootarraa argame karaa guutuu ta'een qabachuun akka hiikaman ta'eera. Ragaaleen argaman kun immoo kaayyoo gooree qorannichaa bu'uura godhachuudhaan walduraa duubaan qindeeffamaniiru.

### 3.6 Mala Qaaccessa Qorannichaa

#### Mala Akkamtaa

Qorannoon kun mala akkamtaatiin kan qaacceffamedha. Akka ogeessotni qorannoo jedhanitti, akkamtaa kan jedhamu hawaasa tokko keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeettii, dadhabina, fedhii, jaalala, jibba, walumaagalatti sochii jiruufi jireenya hawaasichaa daawwachuun, gaafachuun, yaadannoo qabachuufi waraabuun raga argame ibsuun dhiyeessuu ilaala.

Haaluma kanaan namni hawaasa yookiin sirna barnootaa irratti qorannoo gaggeessuu tokko, dubbatee, daawwatee, qaqqabee, ilaalee, keessatti hirmaateetu ragaa argata.  Gosti qorannoo kun hunda caalaa rakkootti siqee kan qoratuufi hordofudha.  Namni qorannoof ka'e tokkommoo hawaasa keessatti yeroo hirmaatummoo, haaluma walfakkaatuun ibsa (descriptive)fi hiika (interpretive) keessa seena. Ibsiifi hiikni bu'uura qorannoo akkamtaati jechuudha.

Solomon (2004:3) ogeessota qorannoo kan ta'an Preisslefi Diane (1991) eeruudhaan waa'ee itti dhiyeenyaa yoo ibsu; "Qualitative research approach is defined as a category of research design or model which elicits, verbal, visual, tactile, olfactory and gustatory data" jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti akkamtaan wixinee qorannoon ittin qaacceffamu yoota'u, odeeffannoo kan argatus miira addaddaa fayyadamuudhaanidha.

Akka Addunyaa (2011:10-13) ibsuttimmoo, malli qaaccessa qorannoo akkamtaan gaaffiiwwan "maaliif? Akkamitti? jedhaniif deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha". Amalli namoonni yookiin wantootni yoomessa tokko keessatti agarsiisaniifi qaban maal akka fakkaatu qorachuuf dhimmamaa ta'uu isaa ibseera.

Bu'uuruma kanaan raawwii ayyaanaafi sirboota masqalaa kana waliin wantoota wal qabatan qorachuuf itti dhiyeenya qorataan kun filate ammamtaa (qualitative)dha.  Haaluma wixinee kanaan aanaa filatame kanatti ragaa waraabamee jiru xiinxaluun, namoota beekan haasofsiisuun raawwiin ayyaanaafi sirbi masqalaa sun haala itti raawwatame odeeffannoo gahaa ta'e fudhachuun qorannichi gaggeeffameera.

Akkaataa qorannoon tokko ittiin dhiyaatu xiinxaluun barbaachisaadha. Odeeffannoo odhimtootarraa otoo walitti hinqabiin dura dhimmootni xiyyeeffannoo barbaadan kanneen akka yeroo, baajeta, haala odhimtootaafi malleen qorannichi ittiin qoratamu xiinxaluufi haala mijataa uumuun murteessaadha.  Meeshaalee funaansa ragaatti gargaaramuun odeeffannoon afgaaffiifi maree gareen argameefi kan duraan suursochiin waraabamee taa'ee jiru waraqaa irraatti galagalchuun raawwiin ayyaanaafi qabiyyeen sirba masqalaa mala qaaccessa qorannoo akkamtaatti gargaaramuun yaadiddamoota barbaachisoo ta'anitti fayyadamuun qaacceffameera.

**3.7 Mala Qoqqoodinsa Ragaalee**

Sirba masqalaa qorannichi irratti gaggeeffamu qoqqooduufi qaaccessuun barbaachisaadha. Meeshaalee funaansa ragaa armaan olitti eeramanitti fayyadamuun odeeffannoowwan argaman ulaagaa adda addaa beektotnni faaruu qoqqooduuf gargaaraman bu’uureffachuun qaacceffamee jira. Haaluma kanaan qoratichi mala qoqqooddii faaruu uummata Oromoo Sumner (1997:123) fi Van Delo (1991:78) fayyadaman gargaaramuunn qoqqoodeera. Akkasumas hubannoo dawwanaa afgaaffii, maree gareefi xiinxala dookumantiirraa argameen sirba masqalaa sana yeroorratti hundaa’uun qoqqoodame qaaccessee jira.

## Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti, qoratichi odeeffannoo odhimtootarraa argate jechaan qaaccessee jira. Odeeffannoon qorannoo kanaas, akkamataan dhiyaatee jira. Raawwii ayyaanaa, qabiyyee fi bifiyyee sirba masqala Oromoo Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii ibsan dawwannaa,  afgaaffii fi maree gareen funaanamanii dhiyaatanii jiru. Kana malees ragaan kabaja ayyaana masqalaa bara 2011 ilaalchisee waraabames akka madda ragaatti fudhachuun

xiinxalameera.Meeshaalee funaansa ragaa kanatti fayyadamuun haalli raawwii ayyaanaa, qabiyyee fi bifiyyee sirboota masqalaa Aanaa Jimmaa Gannatii sadarkaa akkamiirra akka jiru qaacceffamee jira.

### 4.1. Qaaccessa odeeffannoowwan odeefkennitootarraa afgaafiin argaman

Kutaa kana keessatti raawwiin ayyaana masqalaa aanaa Jimmaa Gannatii keessatti maal akka fakkaatu qaacceffamee dhyaatee jira. Ayyaanni masqalaa haala kamiin akka raawwatamu gaafatameef odeefkennitoonni deebii kennaniiru.

Uummanni Oromoo ayyaana masqalaa ibsaa gubuun kabajan otoo ibsaa hingubiin ji'a tokkoo dura, lafti jabaadhu, nus nujabeessi, nusarbi, sarbaa nujabeessi jedhanii muka dhaabanii ibsaa garanfasaa gubu. Inni lammaaffaammoo baatii birraa isa jalqabaa walakkeessa Ji'a Fulbaanaa keessadha.

Ayyaanni masqalaa masqala guddaa jechuun guyyaan itti damaraan /mijjirri/ kabajamuufi itti gubamu falaasama lakkoofsaa kan uummata Oromoo irratti hundaa'uun haala itti bira ga'amu kan mataa isaa qaba. Kana jechuunis ganni Adoolessa gaafa guyyaa 5 irraa eegalee lakkaa'ama. Fakkeenyaaf; Adoolessa shanii hanga 12 hariwaatoo, 12 hanga19 kurnan, 19 hanga 26 salgan, 26 hanga sadii saddeettan, Hagayya sadii hanga 10 torban, Hagayya 10 hanga 17 ja'an, 17 hanga 24 shanan, 24 hanga tokkoo arfan, Qaammee tokkoo hanga sadii sadan, Fulbaana tokkoo hanga saddeetii lamaan, Fulbaana sagalii hanga 15 tokkee ta'a. Egaan masqalli tokkee booda kabajama Ayyaanni masqalaa kan kabajamu waaqa dukkana ganna keessaa, rooba cimaafi qilleensa hamaa, dhukkubaafi dhibee adda addaa gannaan walqabatan irraa nagaadhaan nama ofkalchee booqaa birraaatti nama ceesiseef galata galchuuf, sanyiin waaqaafi lafatti galfata kenname ga'ee beela irraa gara quufaatti ce'uu, gammachuu ofii ibsuuf kabajama. Dukkanni aduu birraatiin bakka bu'ee lafti lalisaafi miidhagaa yeroo ta'utti waan ta'eef gammachuun kan guutamedha. Rakkinni gannaa darbee birraan yommuu ga'u daraaraan gosa adda addaa kan akka keelloo, siddisa, tuufoo daraaree ija namaatti yommuu tolu, midhaan gosa adda addaa asheetee quufni yeroo dhufu kabajama. Afgaaffii Obbo Zallaqaa Qannoo ( 14/01/2011).

#### 4.1.1 Adeemsi Raawwii kabaja ayyaana Masqalaa haala adda addaa kan ofkeessaa qabudha.

##### 4.1.1.1 Qophii Dursaa Ayyaanichaaf Godhamu

Aanaa Jimmaa Gannatiitti guyyaan kabaja ayyaana masqalaa otoo hin ga'iin dura ayyaanichaaf qaamolee hawaasaa adda addaatiin qophiileen godhaman nijiru. Isaan kana keessaas dargaggoonni torbee lama dura galgala galgala bakka giddugaleessa ta'e qarreetti ba'anii sirba jala bultii ayyaanichaa shaakaluu eegalu. Haadholiin immoo waan guyyaa ayyaana masqalaaf barbaachisu kan akka farsoo, midhaan daabboo ta'u qopheessuu, ijoolleen immoo ibsaa guyyaa ayyaana masqalaa sana gubamuuf baay'ina miseensota maatiitiin qopheessuu. Abbaan warraa ayyaanichaaf kan ta'u wantoota adda addaa kan akka waan qalmaaf ooluufi ijoolleessaaf uffata .bituu kan humni isaa danda'e qopheessuu, shamarran immoo ayyaanichaaf uffata maatii isaanii miicuu, uffata haaraa bitachuufi waan isaan barbaachisu qopheeffachuun babbareedu. Dargaggoonnis yeroo ayyaanichi jala ga'u qe'ee bareechuu fa'a raawwachuun qophii ayyaanichaa xumuru.Afgaaffii Katamaa Baqqalaa (14/01/2011).

**Sirna kabaja Mijjirrii /Damaraa**

Fulbaana 16 guyyaa mijjirrii/damaraa jedhamee ayyaaneffatama. Mijjirriin/Damaraan muka ayyaana masqalaaf muramee kan dhaabamuufi kan ibiddatti naqatanidha. Guyyaa kana abbootiin warraafi dargaggootni gara bosonaa deemuun muka jiidhaa kan akka bakkanniisaa, laaftoo, anfaareefi abbayyii muru. Mukeen muramani kunis kan falaxamaniifi otoo hinfalaxamiin muka sorooroo kan manatti hirkifamanidha. Mukeen sorooroo qaqal'aan muraman irra keessatti baalli isaanii irratti hafee quncifamuun balbala manaa mirgaafi bitaan gosa gosa isaaniirraa nihirkifama. Mukni soroorooon hamma tokko yookiin lama immoo bakka giddugaleessa ta'ee ibsaan itti gubamutti kan dhaabamutu qophaa'a. Kaan immoo jiidhaansaa falaxamee mana keessatti ibiddarra naquun akka boba'u godhama.

Guyyuma kana gara galagalaa naannoo sa'aatii 11 booda bakka maatii/gosa naannoo sana jiraatan sana keessaa naannoo isa hangafa ta'etti kan dhiyaatu bakka giddugaleessatti mukni mijjirriif murame mana mana maatiitii dhufee akka dhaabamu nita'a. Yeroo mijjirriin dhaabatu isaan keessaa namni hangafa ta'e, " yaawaaq qe'ee nagaa nuufgodhi, bara quufaa nuuf godhi, maatii keenya nagaan nuuf jiraachisi, rakkinaafi beela manaa nuuf baasi, waggaa waggaan nuga'i" jedhee waaqa kadhachaa dhaaba. Mukni gidduu dhaabatu kun kormoomsaa jedhama. Namoonni kan biroon isa waliin jiranis "nuuf godhi / haata'u" jechuun muka mijjirriif fidan dhaabu. Dargaggoonnis muka jiidhaa falaxame karaa bahaa bakka duwwaa dhiisuun mijjirrii dhaabatetti naannessanii hirkisu. Damaraan dhaabamu kun sagal yookiin shan yookiin sadii ta'a.

Kunis sirna gadaa keessatti koreewwan murtoo kennan sadee, shaneefi salgeetti qoqoodamanii jiraachuu isaanii agarsiisuufidha jedhuAfgaaffii Obbo Shibbiruu Goodaa fi obbo zallaqaa Qannoo(16/01/2011).

Abbaan manaa damaraa/mijjirrii yeroo manatti damaru; “toli, toli, toli, waggaa waggaan nuga’i, toltee hingaabbiin, aaga nutti damari, jiruufi jireenya nutti damari, bara quufaa bara nagaa nuuf godhi” jedhee sagadaa waaqa kadhataa damara. Erga sirni damaraa raawwatamee booda mana angafaatti walga’anii irbaata nyaatu. Kan guyyaa kana nyaatamus bakkaa bakkatti addaa adda ta’uu danda’a. Haata’u malee bakka hedduutti kan nyaatamu buddeena ittoo buqqeefi raafuuttidha. Kunis kan ta’uuf gaggeessaa gannaaf jedhameetu. Kanatti aansee akka qabeenyaa namootaatti wanti ayyaanaaf qophaa’e kan akka cumboo, qorii, buna qalaa nyaatamee farsoo, daadhiifi buqqurii fa’a nidhugama. “Masqalliifi galgalli dhaba hinbeeku” waan jedhamuuf namni nyaata quufee maaddii irratti hanga hafuutti nyaachuu qaba. Dargaggoonni dafanii erga irbaata nyaatanii booda gara bakka jala bultii itti sirbaa bulanii deemuun nama isaan hogganuufi maallaqa qabuuf filatanii mana namootaarra deemanii sirbu.Afgaaffii Katamaa Baqqalaa (16-01 -2011)

**Sirna Gubaa ayyaana masqalaa**

Fulbaana 17 ganama obboroo sa’aatii 12 dura xomborri qophaa’ee taa’ee jiru ibiddi manatti erga qabsiifamee booda tokko tokkoon miseensota maatii ibsaa kana akka fudhatan nigodhama. Dursa abbaan warraa yookiin namni hangafni mana keessa jiru ibsaa sana dursa qabsiifata. Innis ibsaasaa qabsiifatee utubaa manaa, qodaa bukoofi meeshaalee mana keessaa kan biroo fa’a tuqsiisuun; “mana kanaa beela, deegaafi gadadoo balleessi/baasi, quufaafi gammachuu ol nuuf galchi. Toli, toli, toli, sa’aaf toli, namaaf toli, lagaaf toli, biyyaaf toli, xuwween raafuu bahi, xuwween marqaa gali, fayyaan olseeni, dhukkubni ba’ii badi” jedhee waaqa kadhata Afgaaffii katamaa Baqqalaa(24-01 2011). Kunis kan ta’uuf ibsaan mallattoo dukkana keessaa gara ifaatti ba’uu waan agarsiisuuf waan gaariin akka isaan qunnamuuf hawwii qaban ibsatu. “Xuwween raafuu ba’i, xuwween marqaa gali” jechuun immoo ganna midhaan mana keessaa dhumee namni raafuu nyaatee ganna waan ba’eef, birraa immoo garbuun ga’ee bakka rakkootti waan isaan qaqqabeef amma marqaa nyaanna rakkoon hinjiru jechuun hawwii gaariin simachuu isaanii kan agarsiifatanidha.

Haaluma kanaan ibsaa abbaa warraa irraa miseensotni maatii hundi akka hangafaafi quxisuutti tarree galanii walduraa duubaan qabsiifatanii gara mijjirriin galgala dhaabameetti;

“Iyyookoo daraar, iyyookoo daraar
Masqala waggaa daraar
Ayyaantuutu argaa daraar
Masqala gaarii daraar
Nugargaari daraar
Masqala duufaa daraar
Barri quufaa daraar” jechaa ibsaa qabatanii deemu. Abbaan warraa ibsaa cinatti eeboos qabatee deema. Bakka mijjirrii/damaraa yeroo ga’anis dursa hangafni; “toli, toli, toli, namaaf toli, daraaraan misi, dhaltiin mirgisi, kormi cirrii ta’i, rimaan haphee ta’i, didaan qoti, didduun dhali, wagga waggaan nuga’i, toshituufi goomattuu balleessi” jedhee xombora qabate mijjirriitti kaa’a. Kaanis toli toli jedhanii xombora qabatan mijjirriitti kaa’u.Afgaaffii( 19 - 01- 2011) Dammituu Horaafi Yaadashii Amantee.





**Suuraa 1: Kabaja Ayyaana masqalaa Bara 2011 Aanaa Jimmaa Gannatii Ganda Caaroo Goobanootti raawwatame mul'isu**

Eeboon abbaa warraatiin bakka ibsaa masqalaa kan qabatamee adeemus abbaan warraa jinfuu eeboo sanaa ibidda bakka mijjirrii sana ittiin tuqee;"haaraa naaf ta'i, diina waraani" jechuun gara dallaa loonii isaa deemuun gooba kormaa dallaa keessa jiru ittiin tuqee kormi akka ari'ee (yaabbatee) dhalchu kadhata. Midhaan ittiin tuqee akka waaqni qilleensa, cabbiifi bineensa hamaa irraa akka baraaruuf kadhata . Eeboon guyyaa kana ibiddi masqalaa ittiin tuqame diina hindhabu jedhama.Afgaaffii( 24-01-2011)Amsaaluu Guddataa Akkuma ibsaa mijjirrii/damaraatti qabsiisaniin dubartootni gara manaatti deebi'uun waan manatti qophaa'uu malu kan akka daabboo fa'a qopheessu. Dargaggoonni sirba irra bulanis ibsaa masqalaatti naanna'anii sirbu. Kaan immoo ijoollee dabalatee sandaaboo boqqolloofi bisingaa ibidda keessa ruuquun ho'isanii nidhukaasu. Kunis jinniin akka rifattee baddu taasisa amantaa jedhu qabu. Xomborri achitti boba'u gabbatee barbadaan nibu'a. Barbadaa bu'e sana keessa mana namoota achitti gubanii hundaa bukoon xaafii yookiin qamadii hangi fedhii isaanii fidamee baala warqeetiin maramee keessa kaa'ama. Akka hinbukanneefi hingubanneef hordofamee bilchaatee akka ba'u godhama. Barbadaa abiddaa sanatti tuufoo yookiin keelloo buqqisanii keessa kaa'anii ho'isuun keessaa baasanii hidda isaa alanfachuun gorora ofii itti tuttufuun bofti nanhiddiin, cittoon nanqabiin jedhu. Kormoomsaan gidduu dhaabate sun gara bitaatti akka hinjigneef eegumsi godhamaafi ibidda itti tuttuqatu. Kormoomsaan gara mirgaa yookiin gara baha biiftuutti yoo jige barri bara quufaa, bara milkiifi bara nagaati jedhamee yaadama. Gara bitaatti yoo kufe immoo faallaa kanaa ta'a jechuudha. Kanaafuu gara mirgaatti akka jiguuf itti tuttuqatama.Daaraa ibsaa masqalaa sana adda isaanii tuqsiisuun;"dhukkuba hamaarraa nabaraari" jedhu. Guyyaa kana tuufoo abidda masqalaa keessa kaa'anii gorora ofii itti tuttufuun akka barasana keessa bofti nama

hinciniinee/hinhiddineef gargaara amantaa jedhu qabu. Akkasumas  daaraa abidda sanaa adda ofii tuqsiisuun dhibeen hamaa akka nama hinqabne namarraa dhorka amantaa jedhu waan qabuuf namni hundi kana godha.Afgaaffii Amsaaluu Guddataa(24-01-2011). Daabboon baala warqeetiin maramee barbadaa ibsaa masqalaa keessa taa'e erga bilchaatee keessaa baasamee booda akka qabbanaa'u godhamee jaarsa hangafatti kennamee akka miseensota maatii bakka sanatti guban walga'ee irraa hafutti  caccabsama. Jaarsi hangafti erga caccabsee booda dubartootni manatti deebi'an daabboo, farsoofi aannan qabatanii dhufuun aannaniifi farsoo abbaa warraatti kennu. Abbaan warraas ofii isaa;"wagga waggaan nuga'i, hamtuufi goomattuu nurraa qabi, dukkana gannaa keessaa gara booqaa birraatti nubaasi" jechuun dhibaafatee haadha warraatti kenna. Haati warraas akkuma abbaa manaa jettee dhibaafatti. Dhiironni gama tokkoon dubartootni immoo gama biraan taa'u. Sanaa booda daabboon ibidda keessaa ba'ee jaarsaan caccabsame namoota hundaaf hirama. Ciniinnaa garaaf qorichadha jedhamee waan amanamuuf namni hundi argachuun dirqamadha. Loon illee akka nyaatan nigodhama Daabboon mana manaa dhufe caccabsamee kan mana hundaatii dhufe namni hundi akka nyaatu godhama. Farsoon mana manaa dhufes otoo dhugamuu shamarran achumatti buna danfisu. "Masqalaafi galgala hundumaatu qaba" waan jedhamuuf nyaatanii dhuguudha. "Masqalliifi galgalli waakkii hinbeeku"waan jedhamuuf quufadha. Nama mitiitii loon illee guyyaa kana quufanii nyaachuu akka qabanitti amanama. Gaafa masqalaa quufanii nyaachuufi dhuguun waggaa guutuu quufa ta'a jedhamee amanama. Masqala quufa malee ooluufi otoo manatti waa hingodhatiin (farsoo hinaqatiiniifi qophii barbaachisu) hingodhiin hafuun "daaraa namatti naqa" jedhamee waan amanamuuf guyyaa masqalaa kadhattuun illee mana qullaa hinooltu jedhama. Dokimantii gaafa guyyaa 17/01/2011 waraabame sakatta'uu irraas wanti hubatamu, kanneen afgaaffiidhaan armaan olitti ibsaman dhugummaan isaanii kan mirkanaa'eefi jireenya hawaasummaa namootaa gidduu walitti dhufeenyi cimaan kan jiru ta'uu isaati. Kana malees, akka dokimantiin kun xiinxalametti, daa'imman xixiqqoon umuriin isaanii ibsaa qabachuuf hingeenyeefi haadha isaaniitiin baataman bakka ibsaan gubamu sanatti ibsaa nama kanbiraa harkaan qabsiisuun qoodni isaanii akka hinhafne nigodhu. Kunis daa'iimman kunisakkuma namoota kanbiroo ayyaana masqalaa guddaafi xiqqaa hirmaachisu kana keessatti hirmaachuun eebba argamu akka hindhabneef yaadameetu.

Bunni danfee otoo farsoon dhugamuu dargaggoonnis sirbaa, akka qabeenyaa isaaniitti manguddootaan horiin qalamaaf   (re'ee, hoolaa, sangaa, sa'a) qophaa'e jaarsa hangafa ta'een

bakka daaraatti ni qalama. Dhiiga horii qalame kanaas jaarsi morma gorra’e warra dhiiraa qubaan tuqee adda isaanii tuqsiisa. Kunis warri dhiiraa gootaafi cimaa ta’u jedhamee amanama. Dubartootni dhiiga kanaan adda isaanii tuqsiisuun hinjiru. Sababni isaas gootummaafi ciminni dubartootaa akka kan warra dhiiraa waan hineegamneefidha.Afgaaffii( 22-01-2011) Yaadashii Amantee

Dhiironni qalma raawwatanii erga ka’anii booda akka nyaata qopheessaniif dubartootatti kennu. Dubartootnis nyaata horii qalamee qopheessanii dhiyeessuun ga’ee isaaniiti. Hamma nyaatni qophaa’utti warri dhiiraa farsoo dhugaa dargaggoonni daaraa masqalaatti naanna’anii hiyyookoo sirbu. Erga nyaatni qophaa’ee ijoolleen dhiiraa qophaa’ummaa isaaniitiin qaxalee ta’an bishaan harkaa hangafa irraa eegalanii tartiibaan akka buusan godhama. Namni bishaan harkaa buusee xumure kun kabaja addaa qaba. Kabaja isaa kanaafis yeroo warri guguddaa nyaatan nyaata afaan isa kaa’u. Erga bishaan harkaa buusamee xumurameen booda buddeen baay’ina namootaatiin tilmaamamee maaddiitti dhiyaatee jaarsi “waareen waaree haata’u, waareen waaree nagaa haata’u, dhangaa dhiyaate kana waaqni sifa nuuf haagodhu, xinnaan keenya haaguddatu, guddaan keenya haabulu, waggaan nagaan nutti haanaanna’u” erga jedhee eebbiseen booda gammachuun waliin nyaatama.

Namoonni keessummeessan kaan farsoo buusu, kaan immoo buddeenniifi ittoon bakka hir’ate ilaalanii itti dabalu, “nyaadhaa dhugaa” jedhu. Namoonni nyaata nyaataa jiran namoota keessummeessaa jiran kana nyaata afaan isaan kaa’u. Kunis jaalalliifi walkabajuun namoota gidduu jiraachuu isaa agarsiisa. Nyaanni hanga namni hundi quufee maddii irratti hafutti nyaatama. Kunis guyyaa masqalaa quufamee nyaatamuu qaba, namni guyyaa masqalaa hin quufne waggaa guutuu hinquufu jedhamee waan amanamuuf.

Erga namoonni hundi quufuun isaanii mirkaneeffatamee lafee horii qalamee qofaatti namoota hunda haala walga’uu danda’uun maaddiirra tokko tokkoo namootaa fuuldura kaa’amee akka nyaatan godhama. Namni hundi lafee afaanitti qabatee foon iraa corata. Kanaa booda foon dheedhiin namoota guguddaaf dhiyaatee muratanii akka nyaatan godhama. Foon dheedhiin ijoolleen akka nyaatan hingodhamu. Sababni isaas garaa ijoolleetti minniitu hora jedhanii waan yaadaniifi. Dhuma irratti namni bishaan harkaa buusu akkuma duraa hangafa irraa kaasee namoota nyaata nyaatan hundaaf buusa. Namoota warra guguddaaf farsoon cinatti haraqeetu

akka dhuganiif buusamaaf. Sababni isaas nyaata nyaatame garaa keessatti bittineessa jedhanii waan yaadaniifidha.

Erga nyaatanii dhuganii waaree booda jaarsoliin loon foo'anii kaloo / marga irraa ittifamee guguddate/ nyaachisuun akkuma namoota guyyaa gaafa masqalaa loonillee akka quufan godhamu. Kan sangaa fardaa qabu fardasaa fe'atee, kan hinqabne immoo gugsii fardeenii daawwachuuf gara goodaa fardi itti garmaamsamuutti deemu. Haaluma kanaan, dirree/goodaa gugsiitti erga walga'anii booda haalli dirree sanaa: boolla qabaachuu isaa, bu'aa ba'ii qabaachuu isaafi deebisa fardaaf gahaa ta'uun isaa namoota beekamoo ta'aniin mirkanaa'a.Goodaa itti fardeen gugsiisan kanatti dargaggoonniifi ga'eessonni gareen walqoodanii gareen tokko qarqara mataa garanaa, gareen tokko immoo mataa garasiin dhaabbachuun jaarsoliin "nu ofkalchaa!, waaqni nagaan nubulche nagaan nuhaaoolchu, biyya keenya biyya nagaa haagodhu, tapha kana tapha milkii haagodhu, fardi kooraa jalatti haabulu, abbaan fardaa fardarratti haaofkalu, gufuufi gufaatama nuhaabaraaru" jechuun eebbisuunsagantichi itti fufa. Mataan dirree karaa lamaanii kunis deebisa fardaa jedhama.(Daawwannaa 17-01-2011) taasifameefi afgaaffii 17-01-2011 Dheeressaa Daanguliifi Taakkalaa Goodaa

Gugsii fardaa eegaluudhaaf dura fardeen baay'ee cimoo ta'aniifi gugsitoota baay'ee cimoodha jedhamaniin eegalama. Kana booda akkuma gita isaaniitti walfilatanii wal ari'uun wal waraanu. Yommuu wal ari'anis ulee muka jiidhaa irraa cabsani ittiin darabatanii wal waraanu. Amma danda'ametti yeroo wal waraanan baay'ee wal hinmiidhan. Wal waraananii yoo wal miidhanis seerattis ta'e jaarsatti himatanii wal hinadabsiisan.  Akka tasaa ta'ee yoo walmiidhan illee haaloo walqabachuun hinjiru.

Gugsii fardaa keessatti namichi ari'u harka bitaa yoo goru, inni baqatummoo karaa harka mirgaa goree ulee itti darbatamu gaachana yookiin ulee qabateen ofirraa qolachuu yaala. Haala kanaan, dabaree dabareen walbaqatu, wal ari'u. Namoonni wal baqatan immoo haala ciminaafi dadhabina fardeen isaaniitiin wal filataniiti. Yeroo kana daawwattoonni namoota walari'an kanaaf haamilee kennuuf. Kan ari'ee waraane akka gootaatti ilaalama, kabaja guddaas namoota biratti niqabaata. Gugsiin fardaa erga xumurameen booda dargaggoonniifi shamarran sirba sirbuutti ka'u.Gugsiin fardaa erga xumuramee booda, namoonni gugsii fardaarra oolan akkuma wal beekaniifi walitti dhiyataniin sirbaa gara mana waliitti wal fudhtanii galuun dhugaatiifi nyaata ayyaana kanaaf qophaa'e wal affeeru, ni sirbu, ni geeraru, jaalala waliif qaban ni'ibsatu.



**Suuraa 2: Gugsii Fardaa Aanaa Jimmaa Gannatiiti guyyaa masqalaa bara 2011 gaggeeffame Kan mul'isu**

Shamarraan guyyaa masqalaa kana gara galgalaa sa'aatii 10 hanga 12tti bakka giddugaleessa ta'e qarreetti ba'anii sirbu. Shamarran naannoo sanaa akka gara sirbaatti yaa'aniif faaggaa afuufuudhaan waamu. Durbi sagalee faaggaa dhageesse uffatashee uffattee bareeddee kan dibbee qabdu dibbeeshee qabatte, kan hinqabne immoo akkasumatti gara sirbaa deemti. Dargaggeessis gara shamarran sirbanitti deemuudhaan sirba ilaala, gidduu bu'ees waliin nisirba. Bakka sirbaa kanatti walkaadhimmachuuf wal ilaallachuun akka bakka gaarii tokkootti ilaalama.

Guyyaa masqalaa kana roobni roobee yoo daaraa masqalaa dhaamse; barri bara quufaa, bara nagaa, badhaadhinaafi kan milkii akka ta'eetti waan lakkaa'amuuf namoota keessatti gammachuu guddaa uuma.  Abdiin gaarii fuula dura isaanii akka jiruutti ilaalu. Birraa yeroo ayyaana masqalaa kana haala naannoo sanaatti kan yeroo kan biraa hinjirre simbirroon masqalaa kan bifaafi sagaleen baay'ee bareedduu taatee nama hawwattu illee nimul'atti. Isheen illee hawaasicha biratti akka hawwii milkii gaariitti ilaalamti.

### 4.1.1.2 Gosootni sirba masqalaa isaan kam akka ta'e odeefkennitoonni yeroo himan

Sirbi masqalaa yoomessa keessatti sirbamu kan matasaa niqaba. Kunis kan galgala sirbamuufi kan guyyaa sirbamudha. Galgala kan sirbamu kan dargaggootaa qofaadha. Galgala kan sirbamu kanarratti shamarraan qooda hinfudhatani. Sababni isaas; shamarran halkan bakka sirbaa deemanii naamusa badaaf akka hinsaaxilamneef jecha maatii isaaniitiin nidhorkamu. Shamarran halkanii deemanii sirbuun akka safuu fudhatama hinqabneetti lakkaa'ama.

**Dargaggootaan Halkan kan sirbamu**

Dargaggootaan kan halkan sirbamu kun hiyyookoofi heeyyeyyeedha. Sirba hiyyookoofi heeyyeyyee dargaggoonni yeroo jala bultii masqalaa torbee lamaaf qarreetti ba'uuniifi guyyaa gaafa damaraa/mijjirrii galgala mana namootaarra naanna'anii kan sirbanidha. Sirboota kana dargaggoonni namni tokko yeroo walaloo afoolaa  sirba sanaa yeroo jedhu warri kaan immoo sagalee nama hawwatuun jalaa qabuun gammachuu isaanii ofiis ibsachaa namootaafis ni'ibsu. Guyyaa gaafa masqalaa immoo dargaggoonni sirboota'emmolee'fi 'homa reebee' jedhaman sirbu.Afgaaffii( 28-01-2011) Tashoomaa Gabiree

**Gosoota sirba masqalaa dargaggootaan sirbaman kana keessaa**

***Hiyyookoo***

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

*Hiyyookoo yahiyyoolee.……….. Hiyyookoo*

*Masqalan sirba ………….…….... Hiyyookoo*

*Maaltu najbba ………………….. Hiyyookoo*

*Masqala guddaa ……………….. Hiyyookoo*

*Daabboo guguddaa ……………. Hiyyookoo*

*Kanbara kaanii ………………… Hiyyookoo*

*Maaliif nan ammattu ………….. Hiyyookoo*

*Harka lamaaniin ………………. Hiyyookoo*

Sirba kana yeroo sirban dargaggoonni masqalli namoota hundaa biratti gammachuu kan uumuufi hawwiidhaan kan eegamu ta'uu isaa waan beekaniif masqala sirbuu isaaniitti namni isaanitti mufatu akka hinjirre ergaa keessatti kan dabarfatanidha. Masqalli waakkii akka hinbeekneefi masqala irratti daabboo guguddaan akka dhiyaatu yookiin isaaniif kennamuu qabu kan ergaa isaanii itti dabarfatanidha. Dargaggoonni sirba kana sirbaa halkaan gaafa damaraa mana namootaarra naanna'anii yeroo sirban, namoonni akka fedhii isaaniitti hamma dandeettiin isaanii

hayyameef daabboo yookiin maallaqa kennuuf. Dargaggoonni kun hamma danda'amaa ta'eetti mana namoota hundaa waliin ga'uu qabu. Namni dargaggoonni mana isaa/ishee hindeemne yoo jiraate akka waan qoqqobameettiifi hawaasa irraa addaan ba'eetti ilaalama. Miirri gaariin itti hindhagaahamu. Dargaggoonni kun yeroo haala kanaan naanna'anii sirban mana gaddi jiru kan itti sirbamuu hinqabne yommuu gahan, otoo hinsirbiin ala dhaabbatanii "warra manaa! wagga waggaan isin haaga'u jechuu dhufne, waggaa waggaan isin haaga'u, waggaan nagaan isinitti haanaanna'u" jechuun waliin dubbatu. Namni gaddi itti gale sunis gadi ba'ee dargaggoota kana simatee, akkuma namoota biroo daabboo yookiin maallaqa kenneefii isaan gaggeessa.

Dargaggoonni kun yeroo mana namootaa kanarra naanna'anii sirban kan harkaafi afaan isaanitti tolee isaan keessummeesseefi kan sirriitti isaan hinsimanne walqixa hineebbisan. Kan isaanitti tolee sirriitti isaan keessumeesse; "manni obbo/aadde abaluu inni/isheen guddichi/ttiin hammam gaha?" jedhee namni tokko yeroo dubbatu dargaggoon biroon immoo harka isaanii gara samiitti ol qabanii "hammas gaha/geessi", jechuun guddaa ta'uu isaanii agarsiisu. Ammas dargaggeessi tokko "goomattuun isaanii, menemmentuun isaanii hammam geessi?" jedhee yeroo gaafatu dargaggoonni biroon harka isaanii walfaana gara lafaaatti yookiin miila isaanii jalatti gadi qabuun "hammas geessi" jechuun isaanii gadi ta'uushee agarsiisu. Dhuma irratti sagalee tokkoon "kan qabdan hundaa waliin wagga waggaan isin haaga'u, waggaan naanna'ee isin hindhabiin" jechuun eebbisanii ba'u.

Kan sirriitti isaan hinsimanne immoo akka sirriitti isaan simatanii balbala bananiif sirba isaanii keessatti kadhatu. Diloon qaalluu beekamaa namoonni naannoo sanaa itti sagadaniifi kan sodatanidha. Akkas jedhanii yoo mana banuufi isaan keessummeessuu didan "qe'een obbo/aadde abaluufaa daaraafi daakuu haata'u, wagga waggaan isin hinga'iin" jedhanii abaaranii adeemu.Agaaffii( 25 -01-2011) Zallaqaa  Qannoo

Kanarraa wanti hubatamu jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti dargaggoota kana guyyaa ayyaana waggaa kana simatanii haala gaariin keessummeessuun eebba nama argachiisa. Hawaasicha keessattis mallattoo fudhatama qabaachuufi safuu hawaasichaaf bitamuutti lakkaa'ama. Simachuu dhiisuun immoo akka abaarsa fudhachuufi kanaanis waggaa kana keessatti qe'ee namootaa kanatti akka rakkoon uumamuuttiifi safuu hawaasichaaf bitamuu dadhabuutti  fudhatama. Kanaafuu hamma danda'amaa ta'etti dargaggoota kana sirriitti

keessummeessuufi simachuutu eegama. Yoo waan kennan hinqaban ta'ellee dargaggoota kanatti ba'anii"wagga waggaan isin haaga'u" jechuun akka kennaatti lakkaa'ama.

***Heeyyeyyee***

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

*Heeyyeyyee noyinoyyee …………….. Heeyyeyyee*
*Masqala waggaa ……………………….Heeyyeyye*
*Ayyaantuutu argaa ……………………. Heeyyeyyee*
*Masqala gaarii ………………………… Heeyyeyye*
*Waaq nugargaari ……………………… Heeyyeyyee*
*Masqallii duufaa ………………………. Heyyeeyye*
*Barri kun quufaa ………………………. Heeyyeyyee*

Dargaggooni sirba heeyyeyyee kana yoo sirban yeroo sirban waggaa ga'uun akka hawwii gaarii ta'eetti ergaa dabarsu. Kanuma namni waan hunda dabarsee waggaa ga'e ayyaantuu yookiin abbaa carraa akka ta'eetti ilaalama.Barri masqala kana qabatee dhufe kun kan rakkoon, gidiraafi beelli keessa hinjirreefi bara quufaa akka ta'e hawwii gaarrii qaban ibsuuf kan itti gargaaramanidha. Sirbi hiyyookoofi heeyyeyyee kun yeroo masqalaa malee waggaa guutuu dhimmoota biraaf hinsirbamani. Kanaafuu sirboonni kun sirba masqalaa qofaadha jedhamu.

**Dargaggootaan Guyyaa kan sirbamu**

Dargaggoonni kan guyyaa gaafa damaraa sirban cinatti gaafa masqalaa bakka gubaa masqalaattis ta'e bakka biraatti kan sirban qabu.Isaan keessaa tokko sirba "emmolee"ti. Sirbi emmolee sirba guyyaa masqalaas ta'e guyyaa biroo sirbamudha. Sirbi kun dargaggootan abidda masqalaatti naanna'amee sirbama.

***Ishobbookoo***

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

*Ishobbookoo yadaalee …………. Emmolee*
*Daalee daalachakoo ……………. Emmolee*
*Dhuftee barbaachakoo ………….. Emmolee*
*Abbaankee beera qotaa …………. Emmolee*
*Yabeera qottuu nanaa ………….... Emmolee*
*Argaankee beelaaf tolaa ………… Emmolee*
*Yabeelaaf toltuu nanaa ………….. Emmolee*
*Yoo qotteef gaara qotii ………….. Emmolee*
*Bajjiin qaqaroo qabaa …………… Emmolee*

*Yoosobdeef jaarsa sobii ………… Emmolee*
*Alfiin nagaroo qabaa ……………. Emmolee*
*Ahiihi…. Ahiihii… ahiihii….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha*

Dargaggoonni sirba kana yeroo sirban ergaa ittii dabarfachuu barbaadan niqabu. Yeroo sirban intalli jaalatan jiraachuu, jaalala isheetiin booji'amuufi ishee arguun isaaniis akka beela isaan irraa ari'uufi isaanitti tolu agarisuuf kan sirbamudha. "Yooqotteef gaara qoti bajjiin qaqaroo qabaa, yoosobdeef jaarsa sobi alfiin nagaroo qabaa" jedhanii yeroo sirban intalli dargaggeessi tokko jaalate, jaalatamuu ishee irraa kan ka'e jaalala sana fudhachuu ishee onnee isheerraa dhugaasaa itti himuu qabdi malee sobuu akka hinqabne ergaa kan dabarsudha. Dargaggeessa boru gara guddinaatti adeemu sobanii darbuun barbaachisaa akka hintaaneefi cubbuun isaallee akka nama gaafatau kan agarsiisudha. Afgaaffii  Amsaaluu Guddataafi Shibbiruu Goodaa (15-01-2011)

Sirba kana keessatti sagaleewwan "ahiihi…. ahiihii… ahiihii….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha" jedhan dargaggoonni kun naanna'anii mudhii isaanii walqabachuun sirba sana hurruubummaadhaan kan agarsiisanidha. Hurruubummaan kun sirbichi lubbuu akka horatuufi miidhagina akka gonfatu kan taasisudha. Sirbitootni hurruubummaa kanaagocha sochii qaamaatiin sirbitootni miirasaanii guutuu gammachuu isaan keessa jiru akka mul'isan kan godhudha. Sirbichi hubatamuu kan danda'u qabatamaan namootasirba sana raawwataa jiran keessatti sochii qaamaafi sagaleedhaan yeroo dhiyeessanidha.

Akka Finnegan (1992:87) akka ibsitetti, hurruubummaan wanti tokko yeroo raawwatamu yeroo sanatti qabatamaa akka ta'u kan godhudha. Bu'uuruma kanaan sochiin qaamaa sirba masqalaa kana keessatti mul'atu qabatamummaa isaa kan agarsiisudha. Kunis yeroo hurruubummaan sun raawwatamu haala waliigalaa sirba masqalaa sana keessa jiru kan agarsiisudha. Kana jechuunis dargaggoonni hurruuban daawwattootatti ifatti ba'ee akka mul'atu, kallattii xiyyeeffannoo kan itti agarsiisuufi akka lubbuu godhatu gochuun xiinsammuu dhaggeeffataa kan bitudha.

Kanarraa wanti hubatamusirba masqalaa keessatti, gochaafi faayidaa isaa hundaa qabatee kan jiru, dhaggeeffataa ofitti hawwachuun akka dhaggeeffatamu kan godhu hurruubummaadha jechuudha. Hurruubummaan sirba masqalaa kana keessa jiru haala qabatamaa naannoo kan agarsiisu yeroo ta'u;sirbicha keessatti gidduu gidduutti kan raawwatamu, dargaggoonni mudhii

walqabatanii kan hurruuban, daawwattoota kan gammachiisuufi haala jijjiirama sagalee kan of keessatti hammate ta’uu isaati.



**Suuraa 3: Aanaa Jimmaa Gannatii Ganda Caaroo Goobanootti dargaggooni yemmuu sirba Masqalaa sirba kan ibsu**

**Shamarraniin Guyyaa kan sirbamu**

Shamarran guyyaa gaafa masqalaatii kaasee gara galglaa sa’aatii 9 hanga 12:00tti ji’a tokkoof qarreetti ba’anii sirba masqalaa sirbaa gammachuu qaban ibsatu. Sirbi shamarraniin sirbamu kun gosoota adda addaatu jiru. Sirboonni kunis haala itti sirbamaniifi weellifamaniin adda addadha. Isaan keessaa akka fakkeenyaatti yeroo hedduu kan sirbaman; yahabaaboo sherree yoona malee yoomii, hiyyo hiyyoo yadaraarookoo, seeyye hadaa birraan roobe” fa’a eeruun nidanda’ama.

Sirboonni kun shamarraniin akka aadaa naannoo sanaatti meeshaalee muuziqaa kan akka dibbeefi faaggaa fa’a qabachuun kan sirbamanidha. Faaggaan muka leemmanaa naannootti argamurraa kan tolfamu ta’ee, akka shamarran bakka sirbaatti yaa’aniif sagalee dhageessisuuf kan afuufamu ta’ee yeroo sirbaas miidhagina sirbichaa gonfachiisuuf illee kan afuufamudha. Dibbeen immoo meeshaa supheefi gogaa kuruphee irraa kan tolfamu ta’ee shamarran harka isaaniitti qabatanii rukutuun miidhagina sirbichaa kan ittiin dabalaniifi hurruubummaan sirbicha keessa jiru daawwattootaafi sirbitoota akka hawwatu kantaasisudha. Afgaaffii Do’ii Leejjisaa(18-07-2011).Sirboota shamarraniin sirbaman keessaa akka fakeenyaatti kanneen

armaan gadii fudhachuun walaloon afoolaa isaanii maal of keessaa akka qabuufi miira akkamii daawwattootaafi sirbitootatti akka uumu yeroo ilaalamu;

***Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii***

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

*Ani hinnyaadhu boobee sherree yoona malee yoomii ... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Midhaan bakkee oolee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Obboleessa moonyee sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Ani dabeessa hinjaal'uu sherree yoona malee yoomii ...Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Obboleessakoollee sherree yoona malee yoomii …..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Sirbi kun shamarraniin yeroo sirbamu kallattii adda addaatiin miira gammachuufi xiiqii kan nama keessatti uumudha yeroo sirban midhaan bakkee oole nyaataaf mijataa akka hintaanetti fakkeessanii dabeessi namaa obboleessa yoota'ellee akka hinjaalatamne ergaa dabarfatu. Kana jedhanii sirbuun isaanii dargaggootni dabeessa ta'uurra akka goota ta'amniif xiiqiifi onnee keessoo isaaniitti kan horudha. Duudhaa hawaasichaa keessattis gootummaan hangam fudhatama akka qabuufi dabeessa ta'uun immoo barbaachisaa akka hintaanefi fira ofiitiin illee jibbamaa akka ta'e kan agarsiisudha.

***Seeyye Hadaa Birraan Roobee***

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

*Otoon guduruu ta'ee seeyye hadaa birraan roobee ……………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Anoo hingurguru harree seeyye hadaa birraan roobee ………... Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Ittan daldala malee seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Otoon durba ta'ee seeyye hadaa birraan roobee ……………... Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Anoo hingurguru qarree seeyye hadaa birraan roobee ……….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Ittan basha'a malee seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

Sirba kana keessatti shamarran kallattii adda addaatiin fedhiifi hawwii isaan keessa jiruufi safuu hawaasicha keessatti fudhatama qabuufi hinqabne giddugaleessa godhachuudhaan ergaan kan ittiin dabarfamudha. Akka fakkeenyaatti walaloo afoolaa keessatti; faayidaa harreen daldalaaf qabdutti fakkeessuudhaan durbi qarree qabaachuun ishee barbaachisaa akka ta'eefi kan ittiin

boontuufi ittiin bashannantu akka ta'e safuu hawaasichaa giddugaleessa godhachuudhaan ergaa kan dabarsudha.

Hawaasicha keessatti durbi kabajashee eeggattee qarreen heerumuun shamarree sanas ta'e maatiifi firoottan isheef kabaja guddaa akka ta'e ergaa dabarsuun akka qarreeshee eeggattu kan jajjabeessudha.Kana qofaa otoo hintaanee walaloon afoolaa sirbicha keessa jiran kanneen biroos wantoota hawaasicha keessatti fudhatama qabaniifi hinqabne, kan ta'uu qabuufi ta'uu hinqabne addaan baasuun ergaa kan dabarsanidha.

Akka waliigalaatti sirboota dargaggootaanis ta'e shamarraaniin halkanis ta'e guyyaa sirbaman kanarraa wanti hubatamu; jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti walaloowwan afoolaa sirboota kanaan dhimma itti ba'aman aadaa hawaasichaa bu'uura godhachuudhaan yaada fudhatama qabuufi hinqabne, beekumsaafi muuxannoo kuufamaa hawaasicha keessa jiru ibsuudhaaf, miira namaa kakaasan kan nama gammachiisan ta'uu isaaniiti. Namoonni sirban ilaalcha keessoo isaanii jiru waan yeroo ammaafi kan darbe hunda ittiin ibsachuuf kan gargaaramanidha. Aadaa hawaasichi qabu kanatti ittiin boonan, eenyummaa isaanii ibsataniifi akka bashannanan isaan taasisa. Bakka dhalootaa, ijoollummaa, gootummaa, amantii ofiifi kkf nama yaadachiisa. Sirbi yaada laafe cimsee, xiqqaa guddisee, doofaa qaroomsee, naamusa badaa tolchee safuun hawaasicha keessatti fudhatama qabu akka dagaaguufi kan fudhatama hinqabne immoo akka dadhabu kan godhudha.

**4.1.1.3 Sirbi masqalaaQabiyyee akkamii of keessaa qaba?**

Sirbi masqalaa aanaa Jimmaa Gannatii sonoota adda addaa of keessaa qaba. Sona yoo jennu akka yaada waliigalaa hawaasaan fudhatamedha. Kunis waan gaarii yookiin yaraa uummanni tokko duudhaa of keessaa qaba. Sonooni sirba masqalaa kun qabiyyeewwan adda addaa kan ergaa adda addaa dabarsan of keessaa qaba. Haala qabatamaa jiruufi jireenya hawaasichaa bu'uureffachuun qabiyyeewwaniifi ergaan isaan dabarsan maal akka ta'e yaada odhimtootaarratti hundaa'uun qaaccessuuf yaalameera. Qabiyyeen sirba masqalaa maal akka of keessaa qabu ilaalchisee gaaffii dhiyaateef odhimtootni deebii yommuu kennan; xiyyeeffannoon isaa, goota faarsuu, lammii faarsuu, qarreen barbaachisaa ta'uu, miidhagina, arrabsoo, jaalala, filannoo…. akka ta'e haala armaan gadiin qaacceffamanii dhiyaataniiru. Afgaaffii( 24-07-2011) Amsaaluu YaadataaW/A/T Aanaa Jimmaa Gannatii

**Goota Faarsuu**

Aadaa hawaasa aanaa Jimmaa Gannatii keessatti namni goota ta'ee bineensa cimaa ajjeese akka gootaatti lakkaa'amuun iddoo guddaatu kennamaaf.Hawaasicha keessatti kabajaafi jaalala guddaa qaba. Nama akkasii kana shamarran haala adda addaatiin walaloo afoolaatti fayyadamanii nifaarsu. Bu'uuruma kanaan walaloo afoolaa sirba masqalaa keessatti shamarran itti fayyadamanii goota faarsan haala armaan gadiin haa ilaallu.

*Koottaa dooyyoon dhaqnaa sherree yoona malee yoomii… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Biyya Abiishee Garbaa sherree yoona malee yoomii ... ………Yahabaaboo sherree yoona malee*
*Abiishee abbaa makoo sherree yoona malee yoomii ... ………Yahabaaboo sherree yoona malee*
*Nan nyaadhe irbaatakoo sherree yoona malee yoomii ... ……...Yahabaaboo sherree yoona malee*
*Mucaan Garbaa Huruubaa sherree yoona malee yoomii ......... Yahabaaboo sherree yoona malee*
*Bakaraan dhudhuubaa sherree yoona malee yoomii ... ………..Yahabaaboo sherree yoona malee*

Akka ragaan odihmtootarraa argame ibsutti, walaloo afoolaa armaan olii kanarraa wanti hubatamu kun, dooyyoon Horroo keessaa bakka Abiisheen itti dhalate ta'ee, fardi Abiishee abbaa makoo akka jedhamuufi mucaan Garbaa Hurruubaa Abiisheen goota waan ta'eef soda tokko malee bakaaraan akka waraanu/dhudhuubu kan nama hubachiisudha.

*Eenyu figgimsee lolee sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Eenyu yaasee darbatee sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Mar'ummaan qeerransaa sherree yoona malee yoomii . Yahabaaboo sherree yoona malee yomii*
*Eessumakoo malee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Walaloo afoolaa armaan olii irraa akka hubatamutti soda tokko malee qeerransa loluun mar'ummaan isaa yaasee akka ajjeese kan ibsudha. Kun immoo qeerransa bineensa hamaafi sodaatamaa ta'e haala kanaan ajjeesuun isaa goota kan isa jechisiisuufi kabajni kan kennamuuf ta'uu agarsiisa. Goota faarsuu kana keessatti kan dulloomellee dulloomuu isaatti gaabbuufi kan jiru qofaa otoo hintaanee kandu'ellee faarsuun nijira.

*Qeerransoo dulloomee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Obboonkoo abaluu sherree yoona malee yoomii ...…… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Leencikoo dulloomee sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Maaliinan simuuxaa sherree yoona malee yoomii ..….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Dulluma hinmuuxanii sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Harrii hinfunaananii sherree yoona malee yoomii ..…..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Iddoo mudakootii sherree yoona malee yoomii ..…...... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Ilmi guutakootii sherree yoona malee yoomii ..……… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Walaloo afoolaa sirba masqalaa armaan olii kanarraa wanti hubatamu kun, namtichi goota ta'ee gootummaa isaatiin leencaafi qeerransatti fakkeeffame dulloomuu isaatti gaabbiin itti dhagahamuun, akka deebi'ee dargaggeessa ta'uuf deebisanii muuxuuf rifeensasaa isa harrii ta'eellee otoo keessaa funaananii akka fedhan hawwii qaban ibsachaa, haalli kun immoo uumama waan ta'eef gochuun yoo hindanda'amnellee bakka muuduuf hawwan yoo dulloomes ilma inni bakka buufatetti akka obsan kan ergaa dabarsudha.

*Yabuddeena garbuu sherree yoona malee yoomii ..….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Maal lallaaftuun kunii sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Jarri ayyaantuun kuni sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Abbaafi ilmaan loluu sherree yoona malee yoomii ..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Akka inni irraa toluu sherree yoona malee yoomii ..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Du'ee bade gaariin sherree yoona malee yoomii ..…… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Gurrasaa wajjinuu sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Afgaaffii( 26-07-2011) Zallaqaa Qannoo*

Walaloon afoolaa armaan olii kan gootummaa faarsu kun nama jiru qofaa otoo hintaanee kandu'ellee maqaasaa kaasanii gootummaa isaatiin faarsuun akka jiru qabatamaan kan agarsiisudha. Walaloon afoolaa kun, budeen garbuu lallaaftuu taatee akkuma namatti toltu namoonni ayyaantuu ta'an immoo abbaaf ilmaan goota ta'anii kan jiraniifi kunis akka irraa bareedu kan agarsiisudha. Haata'uyyuu malee gootni akkasii kun maqaa gaarii qabu kana waliin du'ee baduun isaa kan nama gaddisiisu ta'uu isaa kan ibsudha.

Akka waliigalaatti ragaa argamerraa akka hubatamutti, walaloon afoolaa sirba masqalaa kana keessa jiran gootummaan aadaa hawaasichaa keessatti hangam fudhatama akka qabuufi nama goota ta'eef kabajniifi jaalalli guddaan kan kennamuuf ta'uu isaatu hubatama. Kunis seenaa goototni gootummaa isaaniin qaban kaasuun dhaloota haaraatti onneefi xiiqiin akka keessatti uumamu kan jajjabeessanidha. Kanarra darbees namoonni goota ta'uun beekaman ofii isaanii du'aan darban illee seenaan isaan hojjetanii darban akka dhaloota haaraatti walaloo afoolaa kanatti fayyadamuun akka daddarbu illee nigargaara.

**Lammii Faarsuu**

Walaloo afoolaa sirba masqalaa keessa akkuma goota faarsuun jiru lammii ofii (fira ofii) faarsuun illee nijira.Walaloo afoolaa shamarran sirban kana keessatti haala kamiin lammii akka faarsan haala armaan gaditti dhiyaate kanarraa haa ilaallu.

*Sanyiifi eessummankoo sherree yoona malee yoomii ... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Kamiin faarsu yaabbee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Kamiin caalsifadhuu sherree yoona malee yoomii ....... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Sanyii dhumti haacaaluu sherree yoona malee yoomii ..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Eessumni itti haa'aanuu sherree yoona malee yoomii .. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Walaloo afoolaa sirba masqalaa irratti shamarran sirban kana keessatti jechuun yeroo sirban lammii isaanii akka caalsifataniifi akka faarsan kan agarsiisudha. Kunis jaalalaafi kabajni lammiif kennamuu qabu guddaa ta'uu isaa kan ibsudha.

**Qarree /Durbummaan/ Barbaachisaa ta'uu**

Akkuma beekamu uummatni Oromoo safuu kan matasaa niqaba. Safuuwwan jiran kana keessaa tokko immoo shamarran otoo hinheerumiin dura walqunnamtii saalaa raawwachuu akka hinqabnedha. Kanaanis maatiifi lammiishee boonsuufi fira abbaa manaashee biratti kabaja guddaa argachuuf jecha qarreeshee eeggachutu isheerraa eegama. Kun barbaachisaa ta'uu isaa walaloo afoolaa sirba masqalaa keessatti dargaggoonnis ta'e shamarran yeroo sirban kallattii adda addaan ergaa isaanii yeroo dabarfatan nimul'ata. Kanuma walaloo afoolaa armaa gaditti dhiyaatan irraa haa ilaallu.

*Naggaadeen Jimmaa harree feetekaa ………………….. Hiyyoo*
*Qanaateen durbaa qarreesheetikaa ……………………  Hiyyoo*

Dargagoonni sirba masqalaa kana keessatti yeroo sirban,ngaaddeen/ daldalaan harreetti fe'uun akkuma daldalu durbi qarree qabaachuun ishee kabajaafi miidhaginashee akka ta'e kan ibsudha. Kunis durbi qarree qabdu dargaggeessa birattillee hangam akka jaalatamtu kan agarssisuufi qarreeshee akka eeggattuuf kan era dabarsuufiidha.

*Arreedi yaaharree sherree yoona malee yoomii ……..... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Lamuu hinarreedanii sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Bareedi yaaqarree sherree yoona malee yoomii ……… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

*Lamuu hinbareedanii sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Walaloo afoolaa armaan olii kanatti fayyadamanii shamarran yeroo sirban, harreen yeroo qabdu keessatti hamma arreeduu qabdu akka arreeduu qabdutti akeekuun, durbi qarree qabdus yeroosheetti qarreesheetti boonuu akka qabdu kan agarsiisudha. Akkuma beekamu qareen takkaa dhabamnaan deebi’ee waan hinargamneef yeroo qarree qabdutti itti bareeduu akka qabdu ergaa kan dabarsudha.

*Otoon guduruu ta’ee seeyye hadaa birraan roobee ……………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Anoo hingurguru harree seeyye hadaa birraan roobee ……….... Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Ittan daldala malee seeyye hadaa birraan roobee ……………… Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Otoon durba ammaa ta’ee seeyye hadaa birraan roobee.…….... Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Anoo hingurguru qarree seeyye hadaa birraan roobee ……….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Ittan basha’a malee seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

Walaloo afoolaa sirba masqalaa keessatti shamarran itti fayyadaman kana keessatti; akkuma guduuruu harree gurguruu dhiisee ittiin daladaluu qabu, durbi ammaas qareeshee gurguruu yookiin dabarsitee kennuu dhiistee ittiin bashannanuu akka qabdu kan ergaa dabarsudha. Keessumaa haala qabatamaa amma jiruun shamarran bakka heduutti safuu kana cabsaa waan jiraniif akka gorsaatti kan tajaajiludha.

Akka waliigalaatti walaloowwan afoolaa kunniin irraa wanti hubatamu aadaafi duudhaa hawaasichaa keessatti safuu fudhatama qabau barsiisuu keessatti ga’ee guddaa kan qaban ta’uu isaaniiti. Kana malees qarree qabaachuun shamarraniif ulfinaafi kabaja isaanii akka ta’eefi isaanis kana eeggachuu akka qaban kan barsiisudha. Qarree dhabuun ofiifis ta’e maatii ofiif salphina akka ta’eetti lakkaa’ama. Kanaafuu akka aadaa hawaasichaatti safuu kana eeggachuutu shamnarran irraa eegama.Afgaaffii( 29-07 -2011) Katamaa Baqqalaafi Zallaqaa Qannoo

**Miidhagina /Bareedina/ Dinqisiifachuu**

Walaloo afoolaa kan sirba masqalaatti fayyadamuudhaan dargaggoonis ta’e shamarran miidhagina dinqisiifachuun kan jirudha. Keessumaa dargaggoonni miidhagina shamarran qaban irraa kan ka’e jaalala isaaniin qabamuu isaanii sirba kanatti fayyadamuun ergaa jaalalaa dabarfachuun ilee kan jirudha. Kanas walaloowwan afoolaa kaneen armaan gaditti dhiyaatan irraa hubachuun nidanda’ama.

*Asheeta birraa samareetashee ……………………. Hiyyoo*

*Bareeda xinnaa yaaxiyyoo ijashee ………………… Hiyyoo*

*Harcummee shaxii leenca gannaalee ……………. Hiyyoo*

*Kan eenyuuti atii nan si wallaalee ……………….. Hiyyoo*

*Diimtuu bagiikoo fuute qalbiikoo ………………..... Hiyyoo*

Walaloo sirba masqalaa armaan olii kana keessatti dargaggeessi yeroo sirbu, inxala ijjishee baay'ee bareedu, bareeda ishee irraa kan ka'e kan eenyuu akka taatellee wallaaluu isaafi bareedashee dinqisiifachuu isaatu hubatama. Bareedinni ishee akka qalbii isa dhabsiisefi jaalala isheetiin booji'amuu isaa kan ibsudha.

*Cucculuqxuukoo ……………… Hiyyookoo*

*Fudhu lubbuukoo …………….. Hiyyookoo*

*Waxalaqqeekoo ………………. Hiyyookoo*

*Naaf qabi lapheekoo ………….. Hiyyookoo*

Walaloo afoolaa sirba masqalaa armaan olitti mul'atu kanarraa immoo dargaggeessi yeroo sirbu, bareedni durba inni argee garmalee akka ta'eefi kanumarraa ka'uun lubbuusaa dabarsee akka kennuuf kan ibsudha. Kana malees bareedina isheerraa kan ka'e jaalala isheetiin waan qabamee lapheen isaa isa dhukkubeef, akka isheen qoricha isaaf taateetti lapheesaa akka qabduuf kan kadhatu ta'uusaa kan agarsiisudha.

*Kan gama dheeduu farda magaalaa ………………. Hiyyookoo*

*Kan nama raasu durba magaalaa ……………….... Hiyyookoo*

Walaloo afoolaa armaan olii "kan gama dheeduu farda magaalaa, kan nama raasu durba magaalaa" jechuun sirbamu kun, miidhaginni durba magaalaa kan garaa nama raasu ta'uufi miidhaginnishee kan nama booji'u ta'uu kan agarsiisudha. Kunis shamarran magaala ta'an bareedinaan dargaggoota kan hawwatan ta'uu ergaa kan dabarsudha.

*Kaleessa guyyaa ani funyoon gatee ………………….. Hiyyookoo*

*Bareedduu durbaa yasibmoo ijakee ………………….. Hiyyookoo*

Walaloo afooolaa dargaggeessi yeroo sirba masqalaa sirbu armaan olii kanarraa wanti hubatamu, intalli durbaa inni arge simboon ijashee kan namatti toluufi miidhagina qabduun kan qalbii nama fuutu, jaalala nama qabsiiftu ta'uu ishee kan agarsiisuufi dinqisiifannaa isheef qabu akka ergaatti kan keessa dabarfatudha.

*Agadaa birraa yami'ooftuukoo ………………………...….. Hiyyookoo*
*Shaggee biyyakoo yaabareedduukoo …………………...….. Hiyyookoo*

Akkuma agadaan birraa baay'ee mi'ooftu, shaggeen /intalli/ biyyasaas baay'ee akka bareeddu miidhaginashee dinqisiifachuuf sirbicha keessatti kan dubbatamudha. Intala biyyasaa kanneen biroorra miidhagina qabaachuushee kan ittiin ibsuuf fayyadamudha.

*Abbaankee beera qotaa …………. Emmolee*
*Yabeera qottuu nanaa ………….. Emmolee*
*Argaankee beelaaf tolaa ………… Emmolee*
*Yabeelaaf toltuu nanaa ………….. Emmolee*

Walaloo afoolaa armaan olitti ibsame kanarraa wanti hubatamu kun intalli miidhagina isheerraa kan ka'e callisanii ishee ilaaluun qofti akka beela namarraa dhorkuutti ergaa kan dabarsudha. Kunis bareedinni /miidhaginni/ ishee hangam akka ta'e dinqisiifachuuf kan itti fayyadamanidha. Hawwii ishee ilaaluuf qabanirraa, otoo ishee argatanii ishee ilaalaa oolanii bulanii akka beelli isaan hinqabne yookiin beelaaf illee kan hinjilbeeffanne ta'uu kan agarsiisudha.

Akka waliigalaatti walaloo afoolaa sirboota masqalaa miidhaginaan walqabatan kanarraa wanti hubatamu; dargaggoonnis ta'e shamarran bareedina walii isaanii kan dinqisiifatan ta'uu isaati. Miidhagina qaban irraa ka'uun tokko jaalala isa tokkootiin booji'amuun kan jiru ta'uu isaatu keessatti mul'ata. Kara agama biraattiin bakki sirba masqalaa kun bareedina kana waliin walqabatee akka bakka walargaafi walkaadhimmachuuf akka waltajjiitti kan tajaajilu ta'uu isaati. Qabiiyyeen miidhagina ibsu walaloo afoolaa sirba masqalaa kana keessa jiraachuu isaatu hubatama.

**Arrabsoo**

Qabiyyee walaloon afoolaa sirba masqalaa qabu keessaa inni tokko arrabsoodha. Akkuma miidhagina walii ilaalanii waljaalachuun jiru arrabsootti fayyadamanii waan jibban agarsiisuun illee nijira. Kanas walaloowwan afoolaa armaan gaditti dhiyaatan ilaaluun hubachuun nidanda'ama.

*Guduruu duule karaa qeexalaa ………………………………… Hiyyoo*
*Durba maal uume horii seexanaa ……………………………… Hiyyoo*

Walaloon afoolaa kanarraa wanti hubatamu; guduruun karaa naannoo qeexalaa jedhamu akkuma duulu, durbi akka garaa ofiitti kan namaaf hinqabamne ta'uu isheetiin horii seexanaa jechuun arrabsuutu mul'ata. Kunis callisee otoo hintaanee shamarran amala uumamaan qabniinis ta'e safuu hawaasicha keessa jiru giddugaleessa godhachuudhaan gaaffii dhiirra jaalalaaf gaafatu dafanii tole jechuu dhiisuu isaaniirraa kan maddudha. Kanarraa ka'uun akka horii seexanaa namaaf kan hinqabamne ta'uushee eeruun arrabsuutu jira.

*Kurupheenillee goodaa dheeddikaa ……………… Hiyyookoo*
*Fucungeenillee koora beektikaa …………………. Hiyyookoo*

Walaoo afoolaa kanarraa wanti hubatamu, haala uumamaan jiruun kurupheen bosona keessa malee goodaa keessa akka hin eedne nibeekama. Ta'us uumama jiru kana cabsuun akka waan goodaa keessa eedduutti akeekuun durbi fokkistuun illee akka waan bareeduu akka namatti koortu ibsuuf kan gargaarudha. Ofiisheefuu fokkistuu taatee namni ishee ilaalu bakka hinjirretti akkana kooruunshee akka waan raajii ta'eetti ergaa dabarsuuf kan dargaggeessaan sirbamudha. Kana malees walaloon afoolaa kun tuffiin akka jirullee kan mul'isudha.

*Kaleessi maali iftaan daboodhaa ………………… Hiyyookoo*
*Bareedni maali ilkaan gasoodhaa ……………… Hiyyookoo*

Walaloon afoolaa kunimmoo kan inni mul'isu kaleessaafi iftanitti akeekuudhaan intalli bareeda akka hinqabneefi ilkaanshee gasoo yookiin fokkisaa akka ta'e agarsiisuuf kan sirbamudha. Shamarreen sun hamma fedhe bareeddullee ilkaanshee kan nama hinhawwanne ta'uusaa kan agarsiisuufi dargaggeessan tuffatamuu ishee bifa arrabsoodhaan ergaa darbuu qabu kan dabrsudha. (qaamni walaloo inni sarara jalqabaa ergaa mataasaa haaqabaatuyyu malee takka takka mana rukkuttaaf akka toluufis nigargaara.)

*Hoolaan hooluma deemtee hinfagaattuu ………………… Hiyyookoo*
*Gadheen gadhumaa duuba hinilaaltuu ………………….. Hiyyookoo*

Akka walaloo afoolaa kana keesssatti akka hoolaan gowwaa taatee badaa deemtee hinfagaanne, gadheenis duuba maaltu jira jettee akka hinilaalle kan agarsiisudha. Akka aadaa hawaasa sanaatti duuba deebi'anii waan hunda ilaaluun barbaachisaa akka ta'e kan agarsiisudha. Kanas makmaaksaan yeroo ibsan "mormi maaliif uumame jennaan garagalee ilaaluuf" jedhan, jechuun waan tokko nama baasuufi dhiisuu isaa duuba deebi'anii ilaalaa adeemuun barbaachisaa ta'uu eeruun, shamarreen kana hingoone garuu akka gadhee taateetti ilaaluun dargaggeessi sirba keessatti arrabsoon ergaasaa dabarsa.

*Mana duuban qotaa qaccee fiddaaree ………………… Hiyyookoo*
*Tortoraa dhirsakee faccee naaf fiddaaree …………… Hiyyookoo*

Walaloo afoolaa sirba masqalaa kana keessa jiru kana qaceen meeshaa qotisaaf ta'u akka ta'e nibeekama. Dargaggeessi kanatti akeekuudhaan shamarree dhiira kan biraatiin kaadhimamtee jirtu tokko, kaadhimaa /dhirsashee/ tuffachuu isaa irraa kan ka'e tortoraa jedhee arrabsuun akka lola isa kajeelee jiru ibsuun akka isaaf dhiyeessitu kan ittiin ergaa dabarsudha.Haala qabatamaa aadaa hawaasa naannoo sanaati dhimmi kun shamarree dargaggeessi tokko ofiisaa hawwee namni biraan kaadhimmate, aarii keessoosaa jiru ibsuuf kan itti fayyadamudha.

*Qamaleen biyyanaa sherree yoona malee yoomii ….... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Lafa hinteenyu jettee sherree yoona malee yoomii ….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Ceekaa gubbaa malee sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Drgaggoon biyyanaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Maayii hinbasnu jettee sherree yoona malee yoomii …..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*
*Hamii durbaa malee sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii*

Walaloo afoolaa kan shamarran sirba masqalaa irratti sirban kanarraa akka hubatamutti, dargaggootni hojii dhiisanii durba hamachhuutti waan gadi taa'aniif, hamii durbaa kana akka dhiisaniif jecha shamarran bifa arrabsootiin sirba kanatti fayyadamanii ergaa kan itti dabarfatanidha.

*Kan ijaaran mukaa seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Gombistuun fardeenii seeyye hadaa birraan roobee …………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

*Kan ilaalan durbaa seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*
*Fokkistuun nadheenii seeyye hadaa birraan roobee ………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee*

Walaloo armaan olitti mul'atu kanarraa shamarra sirba sana keessatti kan ilaalamuu qabuufi miidhagina kan qabu durba akka taateefi nadheen/ dubartiin heerumteettu akka fokkistuu taate kan ibsudha. Kunis akka aadaa naannoo sanaatti durbi kan qarree qabdu yommuu taatu, nadheen immoo kan qarree hinqabne, kan heerumte yookiin heerumtee baatedha. Kanaafuu shamarran yeroo sirban dargaggoonni durba malee dhadheen ilaaluu akka hinqabne kan ittiin ergaa isaanii dabarfatanidha.

*Kaleessa jenneetu baddaan gubateeraa …………………… Hiyyookoo*
*Bareeda kenneetu qalbii dhowwateera ……………………. Hiyyookoo*

Dargaggoonni sirba masqalaa yeroo sirban walaloo afoolaa armaan oliitti fayyadamanii shamarreen bareedduu taatus qalbii kan hinqabne ta'uu kan ittiin mul'isanidha. Bareeda qofaa otoo hintaanee jiraanyaaf qalbii qabaachuun illee murteessaa akka ta'e kan ittiin ergaa dabarsanidha. Akka walaloo adoolaa kanatti shamarreen kun yoo bareeddellee jireenyaaf qalbii dhabuun ishee akka dargaggootti hintolle bifa arrabsootiin bakka muudaashee kan agarsiisudha.

**Jaalala**

Sirba masqalaa dargaggootni sirban keessatti walaloowwan jaalala ibsan nimul'atu. Isaan kun jaalalli haala kamiin sirba sana keessatti akka mul'atan kan agarsiisanidha. Akka fakkeenyaatti kanneen armaan gaditti haala kamiin jaalala akka ibsaniifi ergaa akkamii akka dabarsan haa ilaallu.

Koottu nideemnaa bakka kaleessaa ……………… Hiyyookoo
Dhibee jaalalaa sittan odeessaa ………………….. Hiyyookoo

Akka walaloo afoolaa sirba armaan olii kanaatti dargaggeessi shamarree jaalate tokko bakka kanaan dura walbeellamanii deemanii turan ammas deebi'anii deemuun waa'ee jaalalaa haasa'uu akka barbaadu kan ibsudha. Keessumaa gaaleen 'dhibee jaalalaa sittan odeessa' jedhu, jaalalli hangam akka isa miidhee jiru kan onneesaa keessaa baasee itti himee akka furmaata argachuu barbaadu kan ibsudha. Kanarraa wanti hubatamu dargaggeessi shamarree jaalate tokko jaalachuu

isaa isheetti kallttiin ifa baasee yoo dubbachuu baatellee keessoo isaatti jaalalaan qabamee waxalamaa akka jiru, sirba kanaan fayyadamee ergaasaa dabarfachuu isaati.

Qota bajjiikee jajjaba raasee …………………. Hiyyoo
Hodha maddiikee arraba loosee ……………… Hiyyoo

Akka aadaa hawaasa naannoo sanaatti dargaggoofi shamarreen waljaalatan wal dhungachuun isaanii kan beekamudha.Bu'uuruma kanaan walaloo afoolaa armaan olitti ibsame kanarraa akka hubatamutti, dargaggeessi shamarree jaalate sana dhungachuu akka barabaadu kan addeessudha. Keessumaa gaaleen 'hodha maddiikee arraba loosee' jedhu, dheebuu jaalalaa keessoosaa jiru dhunguudhaan eebuu ba'uu akka barbaadu kan ergaa ittiin dabarfatudha.

Muree mureen mana ijaaraa …………  .. Emmolee
Yookosorruun mana taatee ……………. Emmolee
Dhufee dhufeen si ilaalaa ……………… Emmolee
Jaalalloo soogidda taatee ………………. Emmolee

Akka walaloo armaan olii kanarraa hubatamutti, muka gosa adda addaa muranii mana ijaaruun kanuma jiru. Akkuma kana dargaggoon jaalalaan qabame tokko gara shamarree sanaatti deddeebi'ee ishee ilaaluu akka fedhu kan agarsiisudha. Sababni isaammoo jaalalli ishee akka soogiddaa waan itti mi'aahe ta'uutu hubatama. Akkuma beekamu soogiddi mi'aahaa ta'uun isaatiin fedhiin soogiddaaf jiru guddaa ta'uufi barbaadamuun isaa waan wal nama gaafachiisu miti. Jaalalli dargaggeessi shamarree tokkoon qabame kunis akkuma soogidda sanaa waan isa barbaachiseef itti deddeebi'ee dhamdhamuu akka fedhu kan agarsiisuufi eeyyama ishee ta'uu kan ittiin ergaa dabarfatan ta'uudha.

Ijoolleen birraa asheeta nyaatti …………….……. Hiyyookoo
Garaan jaalalaa wajjin bashaatii ……………..…….. Hiyyookoo

Walaloo sirbaa armaan olii kanarraa akka hubatamutti; birraa aseetiin guutuu ta'ee ijoolleen akkuma isa nyaattu, namni garaatii waljaalatu kan waliin bashannanu ta'uu isaati. Kunis dargaggoonni asheeta birraa nyaatamutti fekkeessanii nama jaalatan waliin bashannanuu akka barbaadan kan ittiin ergaa jaalalaa keessoo isaanii jiru ittiin dabarfatanidha.

Akka waliigalaatti walaloowwan afoolaa sirba masqalaa kana keessatti dargaggoon sirban kanarraa wanti hubatamu, kallattii adda addaatiin jalala keessoo isaanii jiru ibsachuun, nama jaalatan waliin jaalalaan dabarsuu barbaaduun mul'achuu isaati. Kana malees akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti jaalala dargaggeessis ta'e shamarreen tokko nama jaalataniif jaalala isaanii ibsan kan safuun guutame waan ta'eef, kallattiin himuurra baira qabanii himuun kan jiru ta'uu isaati. Ergaa jaalalaa waliif dabarsan kanarraa jaalalli isaanii cimee bultiifi jireenya waliin dhaabbachuuf illee sirbi masqalaa akka waltajjii kaadhimmannaaf wal ilaallannaatti kan tajaajilu ta'uu isaati.

**Jibba**

Adeemsa sirba masqalaa keessa dargaggoonnis ta'e shamarran kan jaalatan qofaa otoo hintaanee jibbiinsa isaanii illee karaa calaqqisiisuu danda'uun itti dhimma ba'uun nimul'ata. Kunis jiruufi jireenya uummata naannoo sanaa keessatti kan barameefi sirba sana bira qabamee ergaan kan ittiin dabarfamu ta'uu isaatu beekama. Kanuma mirkaneeffachuuf walaloo afoolaa sirbicha keessatti mul'atan kanneen armaan gaditti dhiyaatan irraa akka fakkeenyaatti haa ilaallu.

***Wallee/kandhooftu*** ***jalaa qabdoota***

Abbaankee akkam sooromee ……..……. Emmolee
Kan fardaan loon tiksituu …………..…... Emmolee
Haadhakee maalan godhee …………..…. Emmolee
Kan argaakoo jibbituu ……………..…… Emmolee

Dargaggeessi sirba keessatti shamarreen inni jaalate intala sooressaa ta'uu isheetiin fardeeniin loon akka tikstu olkaasee ishee jajuun, "haadhakee maalan godhee kan argaagoo jibbituu?" jechuun yeroo suirbu, intala jaalatee sirba sana keessa jirtuun jaalala isheetiin qabamuu isaa haati shamarree jaalatamtee akka isa hinjaallanne kan agarsiisuufi balleessaan isaas maal akka ta'e bira qabuun akka gaaffiitti dhiyeessuun, yoo danda'ameef akka irraa dhorkituufi jaalala isaaniitti gufuu akka hintaane akka gootu dhaamsa dabarsuu isaa kan agarsiisudha.

Handaaqqoon iyyitee lafti gara barii ……………… Hiyyookoo
Argaakoo jibbitee achi garagalii ………………….. Hiyyookoo

Walaloon afoolaa armaan olii kunimmoo, dargaggoon sirba halkanii yeroo sirban  yeroo sirban, akkuma lukkuun gara barii yeroo iyyitu halkan darbee bariin ga'uu jala ga'eeru, jaalalli isaan gidduu jiru illee kan bubbule ta'uu isaafi walbira turuu isaaniitiin jibbi yoo jiraate illee isa

dhiisuu akka dandeessu, innis dhimma akka hinqabne kan hubachiisudha. Jaalala lamaan isaanii gidduu qilleensi akka seene kan agarsiisudha.

Yoo handaaqqoon iyyituu ……………………….. Emmolee
Kitilaan reebe guyyoo …………………………… Emmolee
Kan argaakoo jibbituu …………………………… Emmolee
Sibiraa deeme kunoo …………………………….. Emmolee

Walaloo afoolaa sirba masqalaa keessatti sirbamu kana keessaa kan armaan olii kun kan inni mul'isu, yeroo handaaqqoon iyyitu akkuma kitilaan guyyoo reebu, jaalalli isaan waliif qaban akkuma halkan gara barii ga'eeru waan bubbuleeruuf, wal nuffuun gidduu isaanii akka jiru kan agarsiisudha. Nuffii kanarraa ka'uunis jibbi erga gidduu isaaniitti dhalatee addaan ba'uufi wal sossobuun barbaachisaa akka hintaane kan agarsiisudha. Kunis yoo waliif hintaane ta'e karaa nagaa walirraa adddaan ba'uun akka danda'amu ergaa kan dabarsudha.

Yoo garaa naaf kutattee
Siyyuu hinyaadu nan obsaa

Walalo sirba masqalaa armaan olii kanarraa wanti hubatamu, jaalalleewwan waljaalatan giduutti jibbeen dhalateera yoota'e, jibba sanarraa ka'uunis walyaaduun hafee garaa waliif kutataniiru yoota'e walyaaduun barbaachisaa akka hintaaneefi obsuun akka danda'amu ergaa kan dabarsudha. Garaa waliif kutachuun, jaalalli dura ture hafee jibbi jiraachuu isaa kan agarsiisudha. Jibbi kun karaa nama tokkoo kan dhufe yoota'e, kaanis kanuma obsuuf kan hinrakkanne ta'uu isaa kan agarsiisudha.

**Filannoo**

Walaloo afoolaa sirba masqalaa jiru keessatti filannoon akka jiru hubatamaadha. Filannoo kan jennus waan barbaadan tokko yoo dhaban kan biraan jiraachuu isaa kan agarsiisudha. Kanuma dargaggoonni sirba isaanii keessatti shamarreen isaan jaalalaaf fedhan ykn hawwan tokko sababa adda addaatiin yoodiddeefi ishee argachuu baatan yookiin jaalalli ishee waliinii yoo milkaa'uu baate kan biraan akka jirtu kan ittiin ibsatanidha.Kunis kan jaalatame sun filannoon biraa akka jiru beekee akka of hinjajne illee akkeekkachiisuu kan danda'udha. Kanuma mirkaneeffachuudhaaf kanneen armaan gaditti dhiyaatan haa ilaallu.

Yoo biiftuun lixxe karaarra teenyaa

Yoo diimtuun didde magaalli keenyaa

Walaloo sirbaa kanarraa wanti hubatamu yoojiraate, biiftuun lixuun ishee waan hinoolle ta'uun isaa akan beekamudha. Haaluma kanaan shamarreen bifti ishee diimtuu taate gaaffii jaalalaa dhiyaatuuf kan hinkeessummeessine yoota'e, gara shamarreen biftishee magaala taate filannoo kan biraa akka taate kan hubachiisudha. Kunis shamarreen diimtuun sun filannoon biraa jiraachuusaa beektee gaaffii jaalalaa keessummeessuu akka qabdu kan kallattii itti agarsiisudha. Isheen kan diddu yoota'e garuu shamarreen magaalli kan simattu ta'uu ergaa kan dabarsudha.

Otoon jabbii siif qabuu
Elmitee qadaaddattee
Otoon qalbii siif dhabuu
Darbitee barbaaddattee

Walaloo sirba masqalaa armaan olii kanarraa akka hubatamutti, dargaggeessichi aannan dhuguu barbaadee jabbii kan qabeef yeroo ta'u, shamarreen aannan elmaa turte garuu erga elmiteen boodas fedhii isaa otoo hinguutiifiin aannan ishee elmattee qadaaddachuu isheeti. Akkuma kana jaalala isheetiin qabamee otoo qalbii dhabaafii jiruu isa dhiistee nama kan biraa darbitee barbaaddachuu ishee kan agarsiisudha. Kunis shamarreen sun dargaggeessa sanaan ala jaalalaaf filannoo biraa akka qabduufi isa kan hinfeene ta'uu ishee kan mul'isudha. Shamarreen kun dargaggeessa ishee jaalatee jaalala isheetiin qalbii dhabe kana dhiistee kan biraa darbitee barbaaddachuu isheetti, keessoo isaatti akka ishee komatee jiru kan agarsiisudha.

**Lola Kajeeluu**

Dargaggeessi humna dargaggummaa keessa jiru waan tokko kan hinsodaanne ta'uufi kunis kennaa uumamaa sadarkaa dargaggummaa ta'uun isaa kanuma beekamudha. Kanas walaloo afoolaa sirba masqalaa kanatti fayyadamuudhaan dargaggoonni lola akka kajeelan karaa adda addaatiin ergaa nidabarfatu. Kanuma akka fakkenyaatti mirkaneeffachuuf kan sirbichaa keessaa fudhataman kanneen armaan gadii haa ilaallu.

Boqqolloon corqe ganna Adoolessaa
Qoccolloo dhufne, mana sooressaa

Akkuma beekamu dargaggoonni halkan yeroo mana namootaarra naanna'anii sirba masqalaa sirban, namoonni dargaggoonni mana isaanii dhaqan kanuma qaban itti kennu. Walaloon afoolaa armaan olii kunis, yeroo dargaggoon mana namaarra naanna'anii sirban keessumaa mana

sooressaatti, sooressichi dargaggoota kana tuffachuun dafee waan isaaniif kennamuu qabu hinkenniin hafuun kan isaan turse yoota’e, dubbii/lola kajeeluu isaaniitu hubatama. Yeroo kana abbaan manaa dafee dargaggoota kanaaf waan kennamuu qabu kenneefii ofirraa gaggeessa. Yoo kana ta’uu baate, dargaggoonni kun abaaruu danda’u yookiin immoo dallaa sooressicha sanaa fa’a caccabsuu danda’au. Haaluma kanaan lola kajeeluu isaanii ergaa kan dabarsudha.

Boqqolloo qoti qoricha beelaa
Dargaggoon keenya lola kajeelaa

Walaloo sirba masqalaa armaan olii kanarraa ergaan ifatti hubatamu, dargaggoonni yeroo sirban boqqolloo qotuun kan nama quubsuufi qoricha beelaa akka dhaamsa dabarsuun, dargaggoon kunis asheeta boqqolloo kan birraa ga’ee qoricha beelaa ta’e kana nyaatee quufee lola kajeelaa akka jiruufi eenyuun illee kan hinsodaanne ta’uu isaa kan agarsiisudha. Yeroo dargaggoonni akkana jedhanii sirban, namoonni sirba kana dhagahan dagraggoonni kun akka lola kajeela nihubatu. Akka lolli hinkaaneefis waan gochuu qaban nigodhu, fedhii dargaggootaas niguutu.

### 4.2. Qaaccessa  Bifiyyee Sirba masqalaa Oromoo

Sirbi masqalaa Oromoo bifni dhiyaannaa  yaadota sirbicha keessa jiranii akka ergaa gadi fagoo ta’e dabarsuu dandaa’un kan ijaarame dha. Bifiyyeen sirba masqalaa Oromoo haala armaan gadiin qaacceffamani jiru.

#### 4.2.1 Sirboota bifa gaggababaa fi ergaa bal’a of keessaa qaban

Sirboonni masqalaa Oromoo baay’een isaanii bifaan yoo ilaalaman gabaabaa ta’anii yaada bal’aa jechoota baay’eedhaan ibsinee xumuruu hin dandeenye ofitti hammatu.

Fakkeenya (1)

Birraan bariitee ……………………………… Hiyyookoo
Beela ariitee………………………………….. Hiyyookoo
Masqalloo dhufee ……………………………..Hiyyookoo
Asheeta baatee ……………………………… ..Hiyyookoo
Qeerroon maraatee ……………………………..Hiyyookoo
Hiriyyaa Argatee ……………………………… Hiyyookoo

Sirboota fakkeenya (1) jala jiran kanneen bifaan yoo ilaalle jechoota muraasaan kan ijaaramaniidha. Garuu dhaamsi karaa sirba kanaan darbuu maal akka ta'e yoo ilaalle haala garaagaraa keessatti ergaa isaan dabarsan dhaamsa jechoota hedduudhaan himamee kan hin dhumne of keessaa qaba. Kuni immoo sirboonni masqalaa Oromoo bifaan yoo ilaalaman gabaabaadha garuu dhaamsi isaan dabrsan baay'ee gadii fagoo fi jechoota hedduun ibsamee kan hin xumuramne ta'uu hubachisa.

### 4.2.2. Sirboota Bifa Afwalaaloo of keessaa qaban

Sirboonni masqalaa Oromoo bifa afwalaaloo of keessaa qaban jechoota bifa irra deeddebi'anii yeroo sirbaman haala yaa'insa walaloon dhiyaatu.

Fakkeenya (2)

Heyyeyyee noyinoyyee ………………....Heeyyeyyee
Masqala waggaa ……….………………. Heeyyeyyee
Ayyantuutu argaa……………………….. ..Heeyyeyyee
Masqalaa gaarii ………………. …………..Heeyyeyyee
Waaq nu gargaarii ………………. ………...Heeyyeyyee

Sirboota fakkenya (2) jala jiran kanneen yoo ilaallee, hundi isaanii bifa walaloo of keessaa qabu. Kunis sirboota kana keessatti haalli buusaa isaanii yaada wal fakkaatuun walitti hidhamee jira. Jechoonni buusaa jalqabaa kan itti aanuu wal fakkaata fkn waggaa/argaa,gaarii/gaarii jechoonni kunneen haala caasaan wal fakkaachuun yeroo sagaleeffaman haala wal fakkaatuun akka sirbaman isaan taasisa. Jechoonni haala kanaan sirba keessatti wal deeggaranii argamuun yommuu dhiyaatan sirboota masqalaa Oromoo keessaa sirba bifa walaloo qabu hedduuminaan jiraachuu mirkaneessa jechuudha.

### 4.3. Sirboota Masqalaa Oromoo bifa Sadoommii /dubbii qoolaa/garaagaraa qaban

Sirboonni masqalaa Oromoo bifa sodoommiiwwan garaagaraan ijaaramanii kan argamaniidha. Bifa sadoommii kanneenis kan ittiin dhiyaatan kanneen akka:akkasaan(simile) nameessuun, iddeesaanii fi ukukkubseenis dhiyaatu. Bifoota kanneenis tokko tokkoon akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

### 4.3.1. Sirboota bifa Sadoommii/dubbii qoolaa/ akkasaa qaban.

Sirbi masqalaa bifa saddoommii akkasaa qaban jechoota ‘akka’ “fakkaata” jedhaman fayyadamanii waan tokko waan birootiin wal bira qabsiisanii ibsuudha. Kunis waan hin beekamiin sun akka beekamu taasisa.

Fakkeenya (3)

Boqolloo Gammoojjii ………………………………. Emmolee
Akka garbuu mutaa ……………………….. ………Emmolee
Maaliif onneen silaafti ………………………………. Emmolee
Akka Sammuu mucaa ………………………… ……..Emmolee
Laga labii koottu laga labeen dhufaa ………………..Hiyyookoo
Akka ilmoo qamalee ………………………………. …Hiyyookoo
Lafti dhitaame deebi’e hin margu …………………. …Hiyyookoo

Gaarii akka kee deebi’ee hin arguu …………………… Hiyyookoo

Sirboota fakkenya (3) jala jiran yoo ilaalle, bifa sadoommii akkasaan jiraachuu isaa argina. Kunis waan tokko waan birootiin wal bira qabanii ibsuudha. Waantonni wal bira qabaman kunneenis boqolloon gammoojjii, garbuu mutaa waliin wal bira qabamee, onneen lafuun sammuu mucaa waliin wal bira qabamee ibsame.

### 4.3.2. Sirboota masqalaa bifa sadoommii/dubbii qoolaa/ Nameessuu qaban.

Bifni sirba masqalaa Oromoo inni biraan bifa sadoommii nameessuuti.

Fakkeenya (4)

Qalqalloo korjee meerre teephni isaa ………………. Hiyyookoo
Masqalloo sokkee maaltu as deebisa ………………. Hiyyookoo
Birraan bariitee ………………. …………………….Hiyyookoo
Beela ariitee ……………………. …………………..Hiyyookoo
Yaa hanqaaquu culullee ………………. ……………Hiyyookoo
Bofti cufaa irraa sirba ………………. ………………Hiyyookoo

Sin hankaaku du’ullee ………………. ………………Hiyyookoo

Sirboota fakkeenya (4) jala jiran kanneen  yoo ilaalle, bifa sadoommii nameessuun ijaaramanii kan mul'atanidha. Kunis wantoota amala ykn dandeettii ilmi namaa  lubbu qabeeyyii ykn lubbu dhabeeyyii biroo gonfachiisuun kandubbatamuudha.  Wantoonni nameessuun dhiyatanis: masqalli sokkuun, birraan bari'uun, beela ariyuunii fi bofti sirbuun kana irraa wanti hubatamu sirboonni masqalaa bifa nameessuun ijaaramaanii tajajila kennuu isaniiti .

**4.3.3 Sirboota Masqalaa Bifa Saddoommii/dubbii qoolaa/ Iddeessaa Qaban**

Bifa amala waan tokko  fuudhee gutummaa gutuutti  wanta biroof kennuun kan  dhiyaatudh.

Fakkeenya (5)

Guduruu duulee karaa qeexalaa ……………. ……...Hiyyoo
Durba maal uumee horii seexanaa  ……………. ….Hiyyoo
Kaleessi maalii iftaan daboodha  ……………. ……Hiyyoo
Bareenni maali ilkaan gasoodha ……………. …….Hiyyoo

Qeerransi bool'aa eegeen mutaa dha  ……………. .Hiyyoo

Yoom kana bartee atoomucaadha-----------------------.Hiyyoo
Leenci koo dulloomee sherree yoona malee yoomii……Yaa habaaboo sherree yoona malee yoomii
Obboon koo abaluu sherree yoona malee yoomii…….. Yaa habaaboo sherree yoona malee yoomii
Leenciikoo dullomee yoona malee yoomii.. …………..Yaa habaaboo sherree yoona malee yoomii

Sirbi fakkeenya (5) jala jiran kanneen ammoo yoo ilaalle bifa sadoommii iddeesaan jiraachuusaa argina. Kunis akkuma duraan ibsuuf yaaletti iddeesaan amala wanta tokkoo guutummaa guutuutti wanta biraatiif  kennuu isaati. Wantoonni bakka wal bu'an kanneenis: horiin seexanaa , durba bakka bu'e , bareedinni malii ilkaan gasoodha, gasoon ilkaan bakka bu'ee, qeerransi bool'aa eegeen mutaadha mutaan eegee qeerransaa bakka bu'e, leencikoo dulloomee yoo jedhu nama bakka bu'ee jira. Kanarraa wanti hubatamu sirboonni masqalaa bifa bakkuusaan ijaaramanii tajaajila kennuu  danda'uu isaaniiti.

**4.3.3.   Sirboota Masqalaa Bifa Sadoommii/dubbii qoolaa/ Ukukkubsee Qaban**

Sirboonni masqalaa Oromoo bifa sadoominaa qaban kan biroon immoo bifa sadoommii ukukkubseeti. Gosti sadoommii kunis waan wanti tokko hin qabne olkaasuudhaan ykn gad-buusuudhaan ibsuudha.

Fakkeenya(6)

Kurupheenillee goodaa dheeddi kaa ……………………Hiyyookoo

- Fucungeenillee koora beektikaa ……………………….Hiyyookoo

Qotemoo qote qote abbaan sangaa ……………………..Hiyyookoo

Awwaaraan makee ………………………………….. . .. .Hiyyookoo

Dhalche moo dhalche dhalche abbaan durbaa ………….Hiyyookoo

Sukkaaraan makee…………………………………….Hiyyookoo

Fakkenya(6) Jala jiran kanneen akkumaduraan ibsametti sirboota bifa sadoommii ukukubsee waan tokko hanga gahuun gaditti ykn ammoo hanga gahuun olitti ol kaasuun ykn xiqqeessuun kan dhiyeessudha. Sirboota kanneen keessatti sadoommiin bifa lamaaniinuu ni mul'ata.

Fakkeenyaaf, Sirboonni fakkeenya (6) jala jiran warra jalqabaa yoo ilaalle wanta tokko hanga gahuun gaditti xiqqeesseera. Manni kan mul'atan yoo ta'an, kan yaadaaa hammaataarra jiran ammoo, hamma gahuun olitti guddifamee kan dhiyaatedha. Fakkeenya kan jalqabaa yoo ilaalle fucungeen garmalee fokkistuu ta'uu fi hamma geessuun gaditti xiqqeeffamee dhiyaateera. Kan lammataa ammoo sukkaaraan makee yoo jedhu hamma gahuun olitti guddatee jira. Garuu dhugumaan isaa yoo ilaalame namni yoo dhalatu sukkaaran makameetu miti. Haa ta;'u malee fucungee fi dhalchuun haala kanaan olguddifamanii ibsamuun isaanii akka dhaamsi darbaa jiru sun sammuu namaa keessatti fakkii uumee ergaan keessatti darbu sun akka hubatamuufi.

### 4.4.Sirboota masqalaa bifa irra deddeebii jechootaa qaban

Sirbi masqalaa bifa irra deddeebii jechootaa qabaachuun isaa kanmul'atu jalaa qabdoonni wallee jalaa qaban jalqabaa hanga xumuraatti jechootuma walfakkaatutti gargaaramuun sirbu.

Fakkeenya 1. Dhiirotaan kan sirbaman

Hiyyoo Sifaanan gala--------------------------------------Hiyyoo
Galgalloo dhufe kan waa nyaatanii------------------------Hiyyoo
Masqalloo dhufe kan wal yaadanii-------------------------Hiyyoo
Masqala xinnaa waljala lixna------------------------------Hiyyoo
Masqala guddaa waljala bulla------------------------------Hiyyoo

Amuruuf Horroo walittoo lama----------------------------Hiyyoo

Jibbiifi jaalalli walittoo gama------------------------------Hiyyoo

Sirboota fakkeenya(1) jala jiran yoo ilaalle bifa irra deddeebii jechootaa qabaachuutu mul’ata.Jalaa qabdoonni jalqabaa hanga dhumaatti jechuma tokko qofaatti fayyadamuutu mul’ata.Kunis jalaa qabdoonni jecha” Hiyyoo”jedhuun jalqabanii xumuruu isaanii agarsiisa.

Sirboota masqalaa irra deddeebii jechootaa kan shamarranii jalqabaa hanga dhumaatti itti fayyadamuun sirban /jalaa qaban.

Fkn. 2. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii-Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Baaqelaa hin nyaatiinaa sherree yoona malee yoomii----------Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Mulluu taati malee sherree yoona malee yoomii------------------Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Ekeraa hin faarsiinaa sherree yoona malee yoomii-----------------Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Cubbuu taatiif malee sherree yoona malee yoomii-----------------Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Sirboota fakkeenya (2) jala jiran yoo ilaalle,jechoonni walleen/kan dhooftuufi jalaa qabdoonni itti fayyadaman jalqabaa hanga dhumaatti irra jireessaan kan wal fakkaatu ta’ee walleen ergaawwan achi keessatti dabarsuu barbaadde qofaatu jaqaba jechootaa sana dursee itti dabalamuutu keessatti mul’ata.Kunis, fakkeenya olii yoo fudhanne “Baaqelaa hin nyaatiinaa sherree yoona malee yoomii---Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii jedhu keessatti “ sherree yoona malee yoomii”kan dhooftuufi jalaa qabdoonni jalqabaa hanga xumuraatti bifa walfakkaatuun fayyadamaniiru.

Fkn. (3) kan shamarraniin sirbamu jechoota bifa walfakkaatuun irradeddeebii qaban

Seeyye hadaa birraan roobee------------------------------Seeyye hadaa Birraan roobee

Namni baddaa bu’uu Seeyye hadaa birraan roobee------Seeyye hadaa Birraan roobee

Ceekaa dhadhaabbataa Seeyye hadaa Birraan roobee------Seeyye hadaa Birraan roobee

Ceekaa mataa lakkuu Seeyye hadaa Birraan roobee----------Seeyye hadaa Birraan roobee

Namni biyyaa ba'uu Seeyye hadaa Birraan roobee-----------Seeyye hadaa Birraan roobee

Seenaa dhadhaammata Seeyye hadaa Birraan roobee--------Seeyye hadaa Birraan robe

Sirboota fakkeenya(3)jala jiran yoo ilaalle,jechoonni kan walleefi jalaa qabdootaan sirbaman irradeddeebiin jechootaa jiraachuu mul'isa.Kana jechuun fakkeenyuma armaan olii keessatti jechoonni kanneen akka" Seeyye  Hadaa Birraan Roobee"jedhaman kunniin gama lamaaniin irra deddeebiin jiraachuu mul'isa.Akkumawaliigalaatti,sirboonni masqalaa kanneen dargaggootaan sirbamaniifi shamarraniin sirbaman haaluma qoratichi qaaccesseen yoo ilaalaman bifa irra deddeebii jechootaa qabaachuutu mul'ata.

**4.5. Sirboota bifa wallee fi jalaa qabdootaan dhiyaatan**

Sirboonni masqalaa qoratichi qaaccesse bifaan yoo ilaalaman bifa wallee/kan dhooftu/ qabaachuu fi jalaa qabdoonni walduraaduubaan jiraacuutu mul'ata.Kunis, jalaa qabdoonni kan filataman namoota sagalee gaariifi dhaggeeffachuuf namatti tolu kanneen qabantu filatama.Haaluma kanaan sirboonni masqalaa kanneen dargaggootaan sirbamaniifi shamarraniin sirbaman bifa walleefi jalaa qabdoota kan of keessaa qabudha.

**Fakkeenya1:Sirboota dhiirotaan sirbaman**

**Wallee** **jalaa qabdoota**

Heeyyeyyee noyinoyyee--------------------------------------------------Heeyyeyyee

Masqala waggaa-------------------------------------------------------------------Heeyyeyyee

Ayyaantuutu argaa------------------------------------------------------Heeyyeyyee

Masqala gaarii------------------------------------------------------------Heeyyeyyee

Waaqnugargaarii---------------------------------------------------------Heeyyeyyee

Sirboota fakkeenya (1)jalatti dhiyaate bifaan yoo ilaalamu wallee fi jalaa qabdoota of keessaa qabaachuutu mul'ata.

**Fakkeenya 2 Sirboota shamarraniin sirbaman**

**Wallee/kan dhooftu** **jalaa qabdoota**

Koottaa dooyyoon dhaqnaa sherree yoona malee yoomiii----yahabaaboo sherree yoona malee

Yoomii

Biyya Abiishee Garbaa sherree yoona malee yoomii----Yahabaaboo sherree yoona malee yoo

mii

Abiishee abbaa makoo sherree yoona malee yoomii---Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Nan nyaadhe irbaata koo sherree yoona malee yoomii---Yahabaaboo sherree yoona malee yoomi

Mucaan Garbaa Huruubaa sherree yoona malee yoomii---Yahabaaboo sherree yoona malee yoo

mii

Bakaraan dhudhuubaa sherree yoona malee yoomii---Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Sirboota fakkeenya (2) jala jiran kana yoo bifaan ilaalaman bifa walleefi jalaa qadootaan kan dhiyaatantu ibsamuun qaacceffame.

**4.6. Fakkoommiiwwan Sirba masqalaa**

Uummanni muuxannoo dheeraa jireenya isaa keessatti dabarsee irratti hundaa'e waan tokko kallattiin kan hin ibsinee jira. Kanaaf waan kallattiin hin ibsineef kan bakka bu'u uuma. Bakka bu'iinsa ykn mallattoo waan tokko kan fudhateen ammoo fakkommii (symbols) jechuu ni dandeenya. Fakkommii kan argatu hubannoo kan gonfatu aadaa uummataa irratti hunda'eeti. Kanaaf sirba masqalaa keessatti fakkoommiiwwan waan mul'ataniif hiikoo kennuun kan danda'amu aadaa oromoo irratti hundeeffameetii. Kanaafuu sirba masqalaa Oromoo keessatti fakkoommiiwwan kan ta'an keessaa mursaani isaanii akka fakkenyaatti xiinxaleera.

Fakkeenyaaf

- **Faaggaa**: Yeroo sirba masqalaa mallattoo ittiin shamarran wal waamaniidha.
  - Ka'aa jechuu agarsiisaa.

Eega shamarraan faaggaa kana afuufuun yeroo gara sirbaa dhaqanii fi yeroo gara manaatti deebi'anidha. Kuni immoo mallattoo ittin waliigalan agarsiisa.

Shamarran yeroo sirba masqalaa sirban: Durbi ykn shamarran hin heerumne qarree haaddatu. Kuni immoo kan mul'isu kan hin heerumne ta'u isheetii. Kaan immoo rifeensa isaanii shoree dhayatu. Kunis kan agarsiisu kan heerumtee fi dargaggeessi jalaalaaf akka ishee hin gaafanne

ta’uu mul’isa. Dargaggoonni yeroo sirba masqalaa sirban ulee ykn falfala qabatanii sirbu. Kunis kan agarsiisu falfalli kan qaphatamu midhagina kan qabuu fi cimaa ta’uu isaati. Kuni immoo fafala ykn ulee qabatu akkuma falfala isaa miidhagaafi cimaa ta’uu isaa mul’isa. Akkasumas ani gaheeraa ykn cimeera jechuu mulisa (itti fakkeffama).

Yennaa sirba masqalaa shamarraan sirban : Bakki itti sirba masqalaa sirbaan gara gaaraatti (qarreetti) ol bahanii sirbu. Kuni immoo kan mul’isu tabbii (qarreen) lafa olkaa’a fi bakka fe’eetti mul’achuu dandaa’a. shamarraan sirba masqalaa sirbaan kunis akka mul’ataan (akka guddinaa) haawwaan agarsiisuu isaa xinxaaleera. Gama biraatiin tabbii ykn garreen mul’achuu isaa agarsiisa. Kunis birraan ykn masqalli ifa, yerootti aduun ifa laattu ta’utti fakkeffama

**4.5 Faayidaa Sirbi Masqalaa Jiruuf Jireenya Hawaasaa Keessatti Qabu.**

Hawaasa keessatti wanti otoo faayidaafi bu’aa hinqabaatiin raawwatamu akka hinjirre beekamaadha. Bu’uuruma kanaan sirbi masqalaas jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa qaba. Dhimma kana ilaalchisee qorataanodeefkennitootarraa afgaaffiitiinis ta’e maree gareetiin odeeffannoo fudhateen faayidaan inni hawaasichaaf qabu deebii odhimtootni kennan haala armaan gadiin qaaccesseera.

**Gaa’elaaf Walkaadhimmachuuf Akka Bakka Walargaatti Tajaajila**

Haala qabatamaa hawaasa aanaa Jimmaa Gannatiitti, sirbi masqalaa dargaggoonniifi shamarran gaa’eelaaf akka walkaadhimmataniif akka waltajjiitti tajaajila. Dargaggoonniifi shamarran bakka sirba sanaa deeman kanaan dura kan walarganii hinbeeknes ta’e kan beekan, bakka sanatti wal ilaallachuun kan jirudha. Dargaggeessi shamarreen ija keessa isa galtee ishee jaalate, bakka sirbaa kanatti otoo isheen sirbaa jirtuu marga kutee, karameellaa yookiin ‘marfee qulfii’ fuudhee rifeensa mataasheetti suuqa. Shamarreen haala kanaan rifeensa mataasheetti suuqame, kan itti suuqame sana callistee ofirratti yoo ilaalte isheenis jaalala isaa akka fudhatteetti lakkaa’ama. Yoo kan itti suuqame sana ofirraa fuutee gatte garuu jaalala dhiyaateef hinfudhanne jechuudha.

Yeroo kana dargaggeessi shamarree jaalala isaa fudhatte kana maatii isaatti himee akka aadaa naannoo sanaatti fedha maatii isaa irratti hundaa’uudhaan, jaarsa gara maatii isheetti ergatee aadaafi seera naannoo jiruun warri intalaa sunis warra gurbaa kan fedhan yoota’e, gaa’elaaf ishee kaadhimmata. Yoo isheen jaalala isaa hinfudhatiin haftee kan itti suuqame sana ofirraa fuutee gattemmoo dargaggeessichi shamarree biraa darbee barbaaddata. Kana malees dargaggeessiifi

shamarreen gaa’elaaf walkaadhimmatanii wal hinfuudhiin jiran bakka sirba masqalaa kanatti walarguun dheebuu jaalalaa isaanii qabdoo taa’uudhaan waldhungatu. Haala kanaan sirbi masqalaa gaa’elaaf walkaadhimmachuuf akka bakka walargaatti tajaajila.

**Walitti dhufeenya hawaasummaa cimsa**

Bakka sirba masqalaa kanatti dargaggootniifi shamarran walbeekan qofaa otoo hintaanee kanneen walhinbeeknes niargamu. Dargaggootniifi shamarran bakka sirbaatti argaman kunneen, walitti dhufeenyi hawaasummaa isaan gidduu jiru bakka sirba kanaatti walbaruu isaaniitiin miinjee walkadhachuun yookiin addooyyee waliif ta’uun hariiroon gidduu isaanii jiru akka cimu nigodha. Jaalalliifi walkabajuun gidduu isaaniitti akka uumamu godha.

**Seenaa darbe yaadachiisuun akka irraa baratan godha**

Akkuma beekamu nama sirba beeku qofaatu bakka sirbaa deema miti. Kan sirba hinbeeknes bakka sanatti baruu danda’a. Kana malees, sirba keessatti yoo hirmaachuu baatanis dhaabbatanii kan ilaalaniifi ergaa darbu kan dhaggeeffatan nijiru. Bu’uuruma kanaan; sirba masqalaa keessatti walaloon afoolaa dargaggootaafi shamarraniin sirbamu, seenaa namoota beekamoo, gootummaa raawwatanii darban, lammii isaaniif bu’aa buusanii darbaniifi kanneen biroo kaasudhaan, dhaloonni haaraan akka hubatu, hubatees akka isaanii akka ta’uuf onneefi xiiqii kan itti horanidha. Akkasumas lammii isaanii faarsuun, aantummaan lammummaa akka dhaloota haaratti itti dhagahamu ergaa cimaafi anniisaa qabu nidabarsuuf.Agaaffii( 22-07-2011) Tigist Nagaasaafi Dassee G/Sillaasee

**Aadaa, safuufi eenyummaa isaanii akka beekan godha**

Aadaan mallattoofi eenyummaa saba tokkoo kan ibsu ta’uun isaa kan beekamudha. Haaluma kanaan sirbi masqalaas, aadaan uummata aanaa Jimmaa Gannatii sirriitti akka beekamuufi ifatti akka ba’u kan godhan keessaa isa tokkodha. Keessumaa dhalootni haaraan kanneen waa’ee aadaa, safuufi eenyummaa ofii bu’uuraan hinbeekne, aadaa isaanii akka baran, ittiin akka boonaniifi kunuunfatan gochuurra darbee akka of beekan kan godhudha. Sababni isaas walaloowwan afoolaa sirba masqalaa kana keessaa kan jiran humna kana gochuu danda’an kan qaban ta’uu isaaniiti.

Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne walaloon afoolaa sirba masqalaa keessatti ittiin dhimma ba'an; "naggaadeen Jimmaa harree feetekaa, qanaateen durbaa qarreesheetikaa" jedhu kana keessatti, haala safuu hawaasa aanaa Jimmaa Ganatiitti shamarreen qarree (durbummaa) qabdu,ofii isheefis ta'e maatii isheef kabaja guddaa kan kennisiistu, dargaggootaan kan jaalatamtuufi barbaadamtu ta'ee kana qabaachuu isheetiinis dargaggootatti kan boontu ta'uu agarsiisuun shamarran akka qarree qabaataniif ergaa kan dabarsuufi safuun kun akka eegamuuf kan barsiisudha.Kana malees dargaggoonni gaa'elaan dura walquunnamtii saalaa otoo hinraawwatiin qeerrummaan akka turaniifi safuun kunis isaan biratti akka eegamu dargaggoota kan barsiisudha.

Karaa kanbiraatiin safuu hawaasichi qabu keessatti, dargaggeessi shamarree qalbiin isaa irra buutee ishee jaalate karaa qajeelummaan sossobatee karaa itti harkatti galfatu barbaada malee dheekkamsaafi rukuttaadhaan miti. Kanas kan godhu nama sossobuufii yookiin kadhatee amansiisuufii danda'u barbaada. Kanas walaloo afoolaa sirbicha keessatti mul'atu kan armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

"Ani shaggee argachoo
Eenyu naaf sossobaa sossobsiifachoo
Yoo kormi goobee naaf garaftaaree
Aadde intalookoo yoon sitti boo'ee naaf farramtaaree?

Walaloo afoolaa armaan olii kanarraa wanti hubatamu dargaggeessi intala bareedduu (shaggee) argatee akka namni sossobee kansaa taasisuufii akka barbaaduufi akkuma kormi goobe qonna qotuuf garafamu (leenjifamu), innis dargaggeessa ta'ee fuudha kajeeluu isaatiin intalli inni jaalate yoo isheetti boo'eefi kadhate akka kansaa taatee mallatteessituuf bifa garaa laaffifachuu danda'uun kadhachuusaa kan agarsiisudha. Kunis safuu hawaasa sanaa keessatti kanuma beekamuufi ta'uu kan qabudha. Haala kanaan safuun hawaasicha keessa jiru dargaggootaan illee akka baramu kan godhamudha.

Aadaan fuudhaafi heerumaa hawaasa aanaa Jimmaa Gannatii keessatti beekamu hedduudha. Kanuma waliin walqabatee intala karaa aadaatiin naqatamtee heerumtu, maatiin ishee kennaa kennaniif qabu. Kanas sirba masqalaa keessatti dargaggeessi intala sana jaalatee kansaa hinta'iin haftee nama biraatti heerumtu "naggaadeen duutee ixaana aarsu,gaafa ati heerumte tirmaa naalaatu" jechuun jaalala isheef qabuun ishee biraa akka hinafne ibsata. Kunis akka aadaa naannoo sanaatti 'tirmaa'kan jedhamu kennaa yookiin qabeenya guddaa intala heerumtuuf

kennamu yommuu ta’u, dargaggeessichis akka kennaatti ishee waliin galuuf hawwii qabu kan ittiin ibsatudha. Kunis aadaan hawaasa sanaa akka beekamu gochuu keessatti ga’ee gudaa qaba.

**Bashannansiisaa barsiisuuf**

Sirbi aadaa ofii akka ittiin boonaniifi bashannanan taasisuunsammuu dhala namaa kan bohaarsudha. Bu’uuruma kanaan sirbi masqalaas, qaamoleen sirba sanarratti hirmaatan sirbicha sirbuudhaan, kanneen hinhirmaanne immoo daawwachuu isaaniitiin hurruubummaa sirbicha keessatti mul’atu sanatti gammadaa sammuun isaanii akka bashannanu gochaa kallattii adda addaatiin akka baratan kan godhudha Afgaaffii( 18-04-2011) Katamaa Baqqalaa

**Sirbi Masqalaa aanaa Jimmaa Gannatii yeroo ammaa kana sadarkaa maaliirra akka jiru**

Gaaffii Jedhuuf qoratichi odimtoota waliin marii garee adeemsiseen,deebiin isaan kennan “sadarkaa dagatamuurra gahee jir”kan jedhudha.Keessumaa kan shamarran guyyaa masqalaatii kaasee torbee lamaa hanga ji’a tokkootti sirbamaa ture badeera jechuun ni danda’ama.Kan dargaggoonni halkan sirbanis akka duriitti hin jiru.Kanaaf immoo,sababa ta’uu danda’a jedhanii kan isaan yaada kennan:amantaan babal’achuu,qaroominni babal’achaa dhufuu,aadaaf xiyyeeffannoon kennamuu dhabuufi beektonnis dhimma kanarratti bal’inaan hojjechuu dhabuu fa’i.Sababoota kanneenis haala itti isaan dhiibbaa geessisan haala armaan gadiin ilaaluun ni danda’ama.

Amantaan babal’achuu waliin walqabatee;amantaafi aadaan kan waltumsaa deeman ta’uusaanii

namni hubachuu dhabuun aadaa bakkeetti dhiisee amantii qofaa qabatee deemuun, walaloo afoolaa sirboota masqalaa keessa jiran kunniin kan aadaa ibsan akka cubbuu ta’aniitti ilaaluufi”sirbi cubbuudha”jedhanii fudhachuun akka waaqni nama adabuutti lakkaa’anii fudhachuutu jira.Amantaaleen kunniin kanneen sadarkaan isaanii walhaacaaluyyuu malee,sirnoota darbanii kaasee hanga har’aatti aadaarratti dhiibbaa mataasaanii kan hin geessisne hin jiran.Kanumarraa ka’uudhaan sababoota aadaarratti dhiibbaa olaanaa geessisan keessaa babal’achuun amantaa isa guddaafi dorgomaa hin qabnedha.

Qaroominni babal’achaa dhufuu isaatiin dhalli namaa qaroomina waliin deemuun isaa sirrii yoo ta’ellee,haala qabatamaa amma jiruufi mul’achuun qaroomina hordofna jechuun aadaa ofii gatanii kan ormaa waliin deemuutu mul’achaa jira.Kunis, haala uffannaa,nyaataa,sirba aadaa ofii akka boodatti hafaa ta’eetti ilaaluufi tuffachuu fa’aan calaqqisa.Beektonni jiranis ogummaafi

beekumsa qabaniina aadaaf xiyyeeffannoo kennanii yeroo hojjetan badaa hin mul'atan.Kunis sirbi masqalaa kun akka dagatamuufi badaa deemu godheera.Afgaaffii Katamaa Baqqalaa (19 - 08-2011)

# Boqonnaa Shan: Gudunfaa,ArgannooFi Yaboo

Boqonnaan kuni haala waliigala boqonnichaa kan ilaallatudha. Bu'uura kanaan qabxileen gurguddaa sadii hammatee jira. Qabxileen kunis: Gudunfaa,Argannoo fi Yaboo yoo ta'an, haala itti aanuun dhiyaatanii jiru.

## 5.1 Gudunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun kan dhiyaatedha. Haaluma kanaan, boqonnaan tokko seenduubee jalatti beekumsi haawasaa akka damee beekumsa tokkootti osoo hin fudhatamiin turuunsaa fi Afoollii Oromoos dhiibbaa adda addaa irraan kan ka'e carraa qoratamee ifa ba'u fi galmaa'ee taa'uu osoo hin argatiin turuun isaa ibsameera. Ka'uumsi qorannoo kanas, Afoolli Oromoo hedduun isaanii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbaniidha malee bifa barreeffamaatiin qindaa'ee taa'uu fi carraa bal'aa hin argatiin ture kana gara bifa barreeffamaatti jijjiruun gaheen inni haawaasichaaf qabu xiinxaluun kaa'uuf yaadameeti. Akkasumas yaadicha keessatti hanga yoonaatti namni sirba masqalarratti qorannoo hojjetee waan hin jirreefidha. Kayyoon qorannichaas qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa Oromoo qaceessuun ifa baasuudha. Kana malees, bu'aan qorannichaa, daangaan qoorannichaa fi hanqinni qorannichaa duraa duubaan kaa'amanii jiru.

Boqonnaa lama jalatti, Yaaxxinootni yaadrimee qorannoo kana waliin walqabatan sakkata'amuun haala yaadrimee qoorannicha gabbisuu danda'aniin dhiyaataniiru. Kan biraa ammoo qorannichi adeemsa saayinsawaa akka hordofu tasiisuuf garagaara. Kana malees yaaxxinoonnii qorannoo kana tumsanii fi sakatta'i barruu wal fakkii walduraa duuba isaanii eeguun kaa'amaniiru. Boqonnaa sadii jalatti immoo mala qorannichaati.

Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaatti dhimma bahuudhaan tooftaa adeemsifamedha. Maddi ragaas jaarsolii,dubartoota sirna masqalaa Oromoo sirrtitti beekanii fi hojjettotaa Waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Jimmaa Gannatiifi sakatta'a dokumeentiidha. Malli iddattoo qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamees, iddattoo miti carraa yoo ta'uu

gosoota iddattoo miti carraa keessaa immoo iddattoo akkaayyootti dhimma bahameera. Meeshaalee ragaan ittiin funaanamanis,daawwannaa, afgaaffii ,marii garee xiyyeeffataa fi sakkata'a dokumeentiiti.. Ragaaleen walitti qabamaan kunis, qabiyyee fi bifiyyee isaanii irratti hundaa'uun qoqqodamuun qacceffamanii ibsi itti kennameera.

Walumaagalatti, ragaalee qacceffaman bu'uura goddhachuun qabiyyee fi bifiyyee sirba masqalaa Oromoo hawaasa Oromoo jiruu fi jireenya isaa keessatti gaheen inni qabu daran ol'aanaa akka ta'e mirkanaa'eera.

**Argannoo Qorannichaa**

Qorannoon kun mataduree qaaccessa qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa Godina Horrooo Guduruu Walaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii jedhurratti gaggeeffameen argannoowwan hojii qorannoo kanaan argaman:Qaaccessaafi cuunfaa bu\'uura godhachuun argannoowwan armaan gadii mul'ataniiru.

- Sirbi masqalaa:falaasama hawaasichaa ni ibsa,hariiroo hawaasichaa ni cimsa,safuufi aadaa hawaasichaa ni barsiisa,muuxannoo jiruufi jireenyaa dhaloota ammaatiif qooduurratti qahee guddaa qaba.Ayyaanniifi sirbi masqalaa ganna gurraachaa gara booqaa birraatti riqicha ta'ee ceesisuun firoota guutinsa galaanaatiif adda bahan kan walitti fidu,dacheen uumamaa ililliin uffattee,abdiin jireenya namaa haara'uu irraa kan ka'e gara jireenya haaraa eegaluutti ni geessa
- Qabiyyeen sirba masqalaa :goota faarsuu,lammii faarsuu, qarreen barbaachisaata'uu,miidhaginadinqisiifachuu,lola kajeeluu,arrabsoo,jaalala,jibba,filannoo ibsuufi bashannansiisaa kan barsiisu ta'uu mul'ateera.
- Sirbi kun akaakuuwwan lama: dargaggootaan halkaniifi guyyaa kan sirbamuufi shamarraniin guyyaa kan sirbamanta'uu bira gahameera.
- Sirbi masqalaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gaa'elaaf wal kaadhimmachuuf akka bakka walargaatti tajaajiluu,walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu, seenaa darbe yaadachiisuun akka irraa baratan gochuu isaa,aadaa,safuufi eenyummaa isaanii akka beekan gochuu isaafi bashannansiisaa barsiisuu isaa bira gahameera.

- ♦ Sirbi masqalaa bifa akkamiin akka dhiyaatu:bifa gaggabaabaa ,bifa sadoommii garaa garaa qabaachuu, jechoota irra deddeebii qabaniin dhiyaachuu,bifa walleefi jalaa qabdootaan dhiyaachuu daran qaaccessa keessatti dhiyaataniiru.

**5.2. Yaboo**

Afoolli Oromoo duudhaa, aadaa fi falasama uummatichaa ibsa. Afoolli uummatichaa dhabame jechuun immoo ilaalchii fi muxannoon hawaasichaa dhabame jechuudha. Kanaafuu qabiyyee fi bifiyyeen sirba masqalaa Oromoo qaacceessi ragaalee taasiifameen argannoon argame irratti bu’uureffachuun yaboon qoraannicha haala itti aanuun taa’eera.

- Adeemsi raawwii sirba masqalaa aadaa,duudhaa,safuu hawaasichaa qabu qabatee akka itti fufuu qabu hawaasa Aanaa Jimmaa Gannatii sadrkaa duraatti irraa eegama.. .
- Hawaasni Oromoo sirba masqalaa kan qabiyyee garaagaraa irratti dhiyaatanii dhimma itti bahan jiruu fi jireenya hawaasichaa keessatti gahee ol’aanaa waan qabuuf itti fufee jiraachuunsaa bu’a qabeessa ta.a.
- Akaakuuwwan sirba masqalaa hawaasicha keessatti mul’atan hariiroo hawaasaa cimsuuf shoora olaanaa waan qabuuf Waajirri AadaafiTuurizimii osoo gad fageenyaan qoratee bifa barreeffamaan kaa’ee gaariidha.
- Dhaloonni Aanaa Jimmaa Gannatii yeroo ammaa sirba masqalaa dagachuu dhiisee iddoo guddaa kennuun osoo kunuunfatee gaarii ta’a.
- Sirbi masqalaa bifa ittiin dhiyaatu qabatee dhaloota garafuulduraatiif tursiisuuf qorattoonni walaloo afoolaarratti gaggeessuu fedhan sirba masqalaarratti qorannoo gaggeessuu qabu.

## Wabiile


Abarraa Nafaa, Nagaash Tolaafi Warquu Dachaasaa (1992). *Wiirtuu:* Barruu Qoramaata Waaltina Afaan Oromoo (jildii 5). Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

____________ (1999). *Wiirtuu.* Barruulee Qormaataa Waaltina Afaan Oromoo: Qajeelcha qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa. Finfinnee: APE.

Addisu Tolesa (1994). Oromo literature, gerarsa, and the liberation struggle. The Journal of Oromo studies, volume 1(2).

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa:Qorannoo Hujoo Ormoo.Finfinnee:Printing Press.*

Amos, D. (1975). Folklore in Africa Society. In RAL Vol.6 No 2.

___________ . (1993). “Context” in context. *Western Folklore*.

Anderzejewski, B. W. (1984). *Literature in Cushitic Languages other than Somali in literature in African Languages.* Cambridge: Cambridege University Press.

Asafaa Tafarraa (2004). *Theorizing the present towards a sociology of Oromo literature: Jarso Waqo'spoetry*. Finfinne. Branna printing enterprise.

______________ . (2009). *Eela*: *Seenaa oguma Oromoo*. Finfinnee: Printing by Far East Trading PLC.

Bauman, R. (1992). *“Folklore.” Folklore, Cultural Performances, and popular Entertainment:* A Communications-centered Handbook. New York: Oxford University Press.

Beier .(1966). *African poetry: An Anthology of Traditional African poems*. London: Cambridge Unversity press.

Buckenya, A. (1994). *Understundig Oral literature*. Nirobi: Nairobi University press.

Dafaa Jamoo (1974). *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Senteraal.

Dastaa Dassaaleny (2013).Bu’uura Qorannoo..Finfinnee :Far East Trading PLC

Dawwson, C. (2002). *Practical Research Methods: A user friendly guide to mastering research techiniques and projects*. United Kingdom: How To Books Ltd.

Dirribaa Tarrafaa. (1999). *Wiirtuu*. Barruu Waaltina Afaan Oromoo. (Jildii 8ffaa). Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa. Finfinnee: APE.

Dirribii Damusee (2012). *Ilaalcha Oromoo:* Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorson, R. (1963). 'Current folklore theories' in Article from Antropology. Vol. 4, No 1.

________ . (1972). *Folklore and Folk life, an Introduction*. Chicago: Chicago University Press.

.

Dundes, A. (1965). *The study of Folklore*. Englewood cliffs: Prentice-Hall.

_________. (2007). *The Meaning of Folklore*. Logan, Utah: Utah State University.

Eshete Gemeda (2007). African society and egaliterian values: Oromo folklore literature and cultural studies in a contemporary context (Dissertation, Syddansk University)

.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii*: *Bu'uura Ogbarruu Oromoo Finfinnee*: Subi Printing Press.

Fekede Azeze (1998). *Unheard voices: Drought, famine and God in Ethiopia oral poetry*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

___________ . (1999). *Yesineqal Memeriya* (afaan Amaaraatiin kan barreeffame). Addis Ababa: GTZ

Feyisa Deme (1996). Historical challenges in the development of Oromo Language and some agenda for future Research, The journal of Oromo studies, volume 3 (numbers 1 and 2).

Finnegan. R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Oxford University Press.

_________. (1977). *Oral Poetry its nature, significance, and social context*. Cambridge: Cambridge University Press.

Girmaa Taayyee (2006)."Xiinxala sirna ayyaana Ibsaa Kormaa"Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Gobbuu Sayyootti Barreeffama Qorannoo Yuunvarsiitii Finfinneetti qophaa'ee kan hin maxxanfamne.

Goldstein, K. (1964). *A guide for field workers in folklore*. Folklore associates.

Hufford, D.J. (1995). *The Scholary vice and the personal voice: Reflexivity in belief studies*. Western Folklore.

Jabeessaa Ejjetaa (1995). *Seenaa Uummata Oromoo Hundee irraa hanga ammaatti*. Finfinnee: Commercial Printing Enterprise.

John. S. Mbiti. (1992). *African Religions and Philosophy*. Nairobi: Cantab.

Kiputy, N. (1983). *Oral literature of the Masai*. Nairobi: East African Educational Publisher. Ltd.

Leach, M. (1994). *Definition of folklore*. Indiana: Indian University Press.

Leellisaa Aaadaa. (2013). *Kudhaama Seenaa: Seenaa, Eenyummaa, Aadaa, Amantiifi Duudhaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Lomax, A. (1994). *Folk song style and Culture*. Massachusetts: The Colonial Press.

Merriam, A. (1964). *The Anthropology of music*. North western University Press.

Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii*: *Bu'uura Afoolaa. Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee: (?).

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature.* Background, Character and Continuity. Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press.

Oring, E. (1986). *Folk groups and Folklore: Generes and Introduction*. America: Utah State University Press.

Proop, V. (1968). *Morphology of the folktale*. Austin: University of Texas.

Ruane, J.M. (2005). *Essentials of Research Methods: A Guide to Social Science Research*. India: Black Well Publishing.

Sarantakos, S. (2005). *Social research.* Third edition. Palgrave Macmillan division of St.Martins press.

Sims, M. C. and Stephens, M. (2005). *Living folklore*. *An introduction to the study of people and their traditions:* London: Utah State University Press.

Singh, Y.K. (2006). *Fundamental of Research Methodology and Statistics.* New Delhi: New Age International (p) Ltd, Publications.

Solomon Areaya (2004). Qualitative Research: Beyond a number Game. Institution of Educational flambeau. A.A.U. Vol. 11, No 2.

Sokolov, Y.M. (1971). *Russian Folklore, Eng*. Trans, Detorit: Folklore Associates.

Tasammaa Ta'aa.(2000).Some Oromo Traditional Songs.gtz-primary education Assistance project.

Tigist Sadeessaa (2008)."Xiinxala Sirna ayyaana Ibsaa Kormaa"Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinniitti Barreeffama Qorannoo Yuunivarsiitii Finfinneetti qophaa'e kan hin maxxanfamne.

Vandelo, J. (1991). *Guji Oromo culture in Southern Ethiopia: religious capabilities and ritual song with collaboration of below kola.* Berlin: Dietrich Reimer Verlan.

Waldaa Aadaafi Duudha Oromoo. (2006). *Daaniyaa*.Finfinnee: Wiirtuu WBNO, KHA

Wikipedia http://en.wikipedia.org/wiki/Formalism/literature

Woube Kassaye. (2002). *Analysis of culture for planning curriculum*: The case of songs produced in the three main language of Ethiopia (Amharic, Oromigna, Tigrigna). Joensuu: University of Joensuu.

Zarihun Asfaawu (1992). *Yesinetsihuf Meseretawiyan* (Afaan Amaaraatiin kan barreeffame). Addiis Ababa: Addis AbabaUniversity.

Zawudee Asaffaa, Hiwoot Birhaanuu, Fitsum Shittaayee (2001). *Wiirtuu.* Jildii 9[ffaa] Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.Finfinnee: Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.

**አስፋው ተገኝ፡፡** (1998) **፡፡ የመስቀል በዓል አከባበር በልሙ ወረዳ፡** (Qorannoo Digirii jalqabaa Yuunvarsiitii Finfinne

## Dabalee A

**Afgaaffii odeefkennitootaaf dhiyaate.**

Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookiloorii

Yuunivarsiitii Finfinnee

Kabajamtoota odeefkennitoota Afgaaffii QorannichaaQorannoon kun,mataduree ‘Qaaccessa Qabiyyeefi Bifiyyee Sirba masqalaa’(Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa:Aanaa Jimmaa Gannatii)jedhurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannichaa, haala raawwii ayyaanaa,qabiyyeefibifiyyee sirba Oromoo xiinxaluudha.

Kanaafuu,qabiyyeefi bifiyyee Sirba masqalaa dur itti sirbamuu fi yeroo ammaa itti jiru bilisaan aka naaf ibsitan kabajaan isin nan gaafadha.

Maqaa_______saala_______Umrii____Ganda_____Gahee hojii

- ❖ Ayyaanni masqalaa haala kamiin raawwata?
- ❖ Gosoonni sirba masqalaa isaan kami?
- ❖ Qabiyyeen sirba masqalaa sonaafi ergaa akkamii qaba?
- ❖ Sirbi masqalaa bifa akkamii qaba?
- ❖ Sirbi masqalaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa akkamii qaba?

Gabatee 1: Maaguddoonni Odeeffannoo kennantu keessatti ibsame

| Lak | Maqaa odeefkennitootaa | Koorniyaa | Umrii | Ganda | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Zallaqoo Qannoo | Dhi | 78 | B/Qidaamee | Q/bulaa |
| 2 | Katamaa Baqqalaa | Dhi | 69 | Haratoo 01 | Soorama |
| 3 | Amsaaluu Yaadataa | Dhi | 55 | Haratoo o1 | H/mootuma |
| 4 | Dheeressaa Daangul | Dhi | 53 | Caaroo | Q/bulaa |
| 5 | Taakkalaa Goodaa | Dhi | 71 | Caaroo | Q/bulaa |
| 6 | Caalchisaa Barsiisaa | Dhi | 37 | Haratoo 01 | H/mootuma |
| 7 | Tashoomaa Gabiree | Dhi | 52 | Haratoo 01 | Q/bulaa |
| 8 | Waggaarii Abbaaraaree | Dhi | 45 | Haratoo 01 | H/mootuma |
| 9 | Shibbiruu Goodaa | Dhi | 55 | Haratoo 01 | H/mootuma |
| 10 | Taarikuu Lammeessaa | Dhi | 35 | Haratoo 01 | H/mootuma |

## Dabalee B

**Afgaaffii odeefkennitoota Marii gareef qophaa'e agarsiisu.**

**Yuunvarsiitii Finfinneetti:**

**Kolleejjii Namoomaa,QorannooAfaanotaa,Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii**

Jaallatamoo Odeefkennitoota Maree Garee Qorannichaa, qorannoon kun,mataduree "Qaaccessa qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa"(Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa :Aanaa Jimmaa Gannatii) jedhurratti xiyyeeffata.Kaayyoon qorannichaas,haala raawwii ayyaanaa,qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa Oromoo qaaccessuudha.

Kanaafuu,qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa dur itti sirbamuu fi yeroo ammaa itti jiru bilisaan akka naaf ibsitan kabajaan isin nan gaafadha. Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa.

Maqaa____________Saala______Umrii______Ganda________Gahee hojii_____

Afgaaffii dubartootaaf dhiyaate kan ibsu

1. 1.Sirba Masqala haala kamiin Ayyaaneffattu Ykn kabajju?
2. 2.Sirbi masqalaa gosa akkamii qaba?
3. 3.Qabiyyeen sirba masqalaa sonaafi ergaa akkamii qaba?
4. 4.Srbi masqalaa bifiyyee akkamii qaba?
5. 5.Sirbi masqalaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa akkamii qaba?

Gabatee 2:Dubartoota Afgaaffiin dhiyaateef mul'isu

| Lak | Maqaa odeefkennitoota | Koorniya | Umrii | Ganda | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dammituu Horaa | Dub | 67 | CaarooGoobanoo | Q/bulaa |
| 2 | Yaadashii Amantee | Dub | 55 | Daamuu Geemboo | Q/bulaa |
| 3 | Kumashii Bayyanaa | Dub | 62 | Caaroo Goobanoo | Q/bulaa |
| 4 | Do'ii Leellisaa | Dub | 45 | Caaroo Goobanoo | Q/bulaa |
| 5 | Tigist Nagaasaa | Dub | 35 | Harato 01 | H/mootummaa |
| 6 | Dassee G/Sillaasee | Dub | 36 | Harato 01 | H/mootummaa |

**Dabalee C**

Ragaalee odeefkennitootarraa funaaname kan agarsiisu

Kolleejjii Namoomaa Qorannoo Afaanotaa, Jornalizimii fi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Yuuivarsitii Finfinnee

**Hiyyoo**

Hiyyo sifaanan gala ……………………………….. Hiyyoo

Galgalloo dhufe kan waanyaatanii ………………….. Hiyyoo

Masqalloo dhufee kan walyaadanii ………………… Hiyyoo

Masqala xinnaa waljala lixna ……………………….. Hiyyoo

Masqala guddaa waljala bulla ……………………….…Hiyyoo

Xaafii giraancee yaagogaa adurree …………… Hiyyoo

Gaariin jiraattee kan qofaa hinbullee ………….. Hiyyoo

Birbirsa goodaa jalli faltiidhaa ………………… Hiyyoo

Birbir nagootaa akka dhaltiidhaa ………………. Hiyyoo

Amuruufi Horroo walittoo lamaa ………………..….. Hiyyoo

Jibbiifi jaalalli walittoo gama …………………..…… Hiyyoo

Qeerransa bool'aa eegeen muxaadhaa …………….… Hiyyoo

Maalittan beekaa jibbaaf jaalala ……….……………. Hiyyoo

Anoo mucaadhaa ……………………………………. Hiyyoo

Asheeta birraa samareetashee ……………………….. Hiyyoo

Bareeda xinnaa yaaxiyyoo ijashee ……………… Hiyyoo

Harcummee shaxii leenca gannaalee ……………. Hiyyoo

Kan eenyuuti atii nan si wallaalee ……………….. Hiyyoo

Diimtuu bagiikoo fuute qalbiikoo ……………….. Hiyyoo

Magaala duuftuu …………………………………. Hiyyoo

Maqaa nandhooftuu ………………………………….. Hiyyoo

Qota bajjiikee jajjaba raasee …………………………. Hiyyoo

Hodha maddiikee arraba loosee ……………………… Hiyyoo

**Hiyyookoo**

Hiyyookoo yahiyyoolee……………….…… Hiyyookoo

Hiyyookoon sirba ……………………….... Hiyyookoo

Maaltu najibba …………………………..…. Hiyyookoo

Kanbara kaanii …………………………… Hiyyookoo

Maaliif nan ammattu …………………….….. Hiyyookoo

Harka lamaaniin ………………………..…. Hiyyookoo

Qalqalloo korjee meerre teephnisaa ………..Hiyookoo

Masqalloo sokkee maaltu as deebisaa ………Hiyyookoo

Sirba masqalaa ………………. Hiyyookoo

Reefun as gala ……………….. Hiyyookoo

Gaafa damaraa ………………. Hiyyookoo

Lafa naanmaraa ………………Hiyyookoo

Gaafa gubaasaa ……………… Hiyyookoo

Nan baddubaasaa ……………. Hiyyookoo

Masqalloo dhufee kan waanyaatanoo ……….. Hiyyookoo

Birraan bari'ee kan waayaadanoo …………… Hiyyookoo

Birraan bari'ee aduu masqalaa ………………. Hiyyookoo

Dargaggoon hunduu dubara arguuf …………. Hiyyookoo

Baay'ee jarjaraa ……………………………… Hiyyookoo

Keelloon daraartee tabba gubbaattoo …….. …… Hiyyookoo

Qeerroon maraattee warra durbaattoo ………….Hiyyookoo

Baddaatti ol baatee migira hincirtuu …………... Hiyyookoo

Badde yaannikoo nabira hinjirtuu ……………… Hiyyookoo

Birbirsa goodaa gaagura qeentee ……………… Hiyyookoo

Birbir nagootaa nadura deemtee ………………. Hiyyookoo

Amuruufi Horroo walittoo lamaa ……………… Hiyyookoo

Jibbiifi jaalalli walittoo gamaa ……………....... Hiyyookoo

Garaan jaalalaa waliif raafamaa ……………….. Hiyyookoo

Asan adeemaa achan adeemaa warandhaabittoo…Hiyyookoo

Yoon dhabee gale boo'a Waaqittoo …..…………….……. Hiyyookoo

Kaleessa jenneetu baddaan gubateeraa …………………… Hiyyookoo

Bareeda kenneetu qalbii dhowwateera ……………………. Hiyyookoo

Baaqelaa shiroo yaa warra manaa ………………………. Hiyyookoo

Mana nuuf banaa hadaraa diloo ………………………… Hiyyookoo

Daraaraa xaafii, mana nuuf saaqi ……………………….. Hiyyookoo

Boqqolloon corqe ganna Adoolessaa …………………… Hiyyookoo

Qoccolloo dhufne, mana sooressaa ……………Hiyyookoo

Adurreen dhaltee haadha kabaltee …………………. Hiyyookoo

Obbo abaluukoo, aadde abaluukoo ………………… Hiyyookoo

Boondiin tokkittii maaliif simarartee ……………….. Hiyyookoo

Birraan bariitee ………………. Hiyyookoo

Beela ariitee ………………….. Hiyyookoo

Masqalloo dhufee ……………. Hiyyookoo

Asheeta baatee ………………. .Hiyyookoo

Qeerroon maraatee …………… Hiyyookoo

Hiriyyaa argatee ……………… Hiyyookoo

Danbara daarii harreen hinqottuu …………….. Hiyyookoo

Galgala waarii arreedii koottuu ………………. Hiyyookoo

Lafti dhiitame deebi'ee hinmargu ……………. Hiyyookoo

Gaariyyoo akkakee deebi'ee hinarguu …..……. Hiyyookoo

Biiftuun hinlixxuu nicalalaqxii ………………. Hiyyookoo

Diimtuun hididduu nimararamtii …………….. Hiyyookoo

Yoo biiftuun lixxe karaarra teenyaa ………………….. Hiyyookoo

Yoo diimtuun didde magaalli keenyaa ……………….. Hiyyookoo

Kaleessa guyyaa ani funyoon gatee ………………….. Hiyyookoo

Bareedduu durbaa yasimboo ijakee ………………….. Hiyyookoo

Qorri hiddii gogsee deeme gartokkoo ……………….. Hiyyookoo

Ani giddiin obse warri gaaf tokkoo …………………. Hiyyookoo

Cucculuqxuukoo ……………… Hiyyookoo

Fudhu lubbuukoo …………….. Hiyyookoo

Waxalaqqeekoo ………………. Hiyyookoo

Naaf qabi lapheekoo …………. Hiyyookoo

Abbaan Adaanee dugda nakoobaa ………………… Hiyyookoo

Ani sin hanqannee galgala roobaa ………………… Hiyyookoo

Gudurruun gala saani nanyaatee ……………...… Hiyyookoo

Bushuruu intalaa maaluma taate …………………… Hiyyookoo

Yaalishaan lishee xaafii gasaanaa ……………..Hiyyookoo

Yoobirraan misee waliin bashaanaa ……………Hiyyookoo

Haleeluu shaxii man'ee joobiraa ………………… …Hiyyookoo

Kan eenyuuti atii shaggeen loon biraa …….……….... Hiyyookoo

Handaaqqoon iyyitee lafti gara barii …………….… Hiyyookoo

Argaakoo jibbitee achi garagalii …………………... Hiyyookoo

Kan gama dheeduu farda magaalaa ……………….. Hiyyookoo

Kan nama raasu durba magaalaa ………………….. Hiyyookoo

Kurupheenillee goodaa dheeddikaa ………………. Hiyyookoo

Fucungeenillee koora beektikaa ………………….. Hiyyookoo

Abbaan dagaagoo tabbarra duulaa ………………. Hiyyookoo

Yaa shandaabakoo bareedni kuulaa ……………. . Hiyyookoo

Kaleessi maali iftaan daboodhaa ………………… Hiyyookoo

Bareedni maali ilkaan gasoodhaa ………………… Hiyyookoo

Qeerransi bool'aa eegeen mutaadhaa ……………. .Hiyyookoo

Yoom kana bartee atoo mucaadhaa ……………... Hiyyookoo

Daalachoo binneetu galla yaagogaa waraabessaa …….. Hiyyookoo

Jaalalloo qixxee wayya maaf qofaa naraatessaa ……… Hiyyookoo

Mana duuban qotaa qaccee fiddaaree ………………… Hiyyookoo

Tortoraa dhirsakee faccee naaf fiddaaree ……………… Hiyyookoo

Koottu akka taanuu gargar hinbaanuu ………………….. Hiyyookoo

Hanga dhumaatti kan walii haataanuu …………………… Hiyyookoo

Daddaraarekaa kunoo gara gamaa ……………………….. Hiyyookoo

Ani maraadhekaa siifan dararamaa ………………………. Hiyyookoo

Deemtuma deemi hanga dhumaatti ……………………… Hiyyookoo

Mee waliin taana hanga dhumaatti …………………….…. Hiyyookoo

Daamaan utaalee goodaa gamaatti ……………………….. Hiyyookoo

Bor walagarra bakkee keenyatti ………………………….…. Hiyyookoo

Hoolaan hooluma deemtee hinfagaattuu ………………… Hiyyookoo

Gadheen gadhumaa duuba hinilaaltuu …………………... Hiyyookoo

Atarii birraa nyaadhu hinsodaatiin ……………………… Hiyyookoo

Nuti waliif jirraa koottu hinsodaatiin …………………… Hiyyookoo

Boqqolloo qoti qoricha beelaa ………………………….. Hiyyookoo

Dargaggoon keenya lola kajeelaa ……………………… Hiyyookoo

Korma sandaaboo gaafasaan beekuu ………………..… Hiyyookoo

Garaa waayaadu duubumaan beekuu ………………… Hiyyookoo

Qilleensa birraa daraaraa keelloo …………………Hiyyookoo

Sirbaa qajeelaa maraataan qeerroo ……………….Hiyyookoo

Roobuma roobee galaanni guutee ……………….…….. Hiyyookoo

Qalbiin siyaaddee maraattee duutee ……………….…… Hiyyookoo

Agadaa birraa yami’ooftuukoo ……………………...….. Hiyyookoo

Shaggee biyyakoo yaabareedduukoo ………………...…. Hiyyookoo

Koottu nideemnaa bakka kaleessaa ……………… Hiyyookoo

Dhibee jaalalaa sittan odeessaa ………………….. Hiyyookoo

Otuma deemnuu karaan fagaattee ……………….. Hiyyookoo

Otoon sijaal’uu narraa fagaattee ……………….… Hiyyookoo

Boqqolloo booree yaa asheetakoo …………………. Hiyyookoo

Magaallee durbaa jaalallee kankoo ………………... Hiyyookoo

Ijoolleen birraa asheeta nyaatti ……………….……. Hiyyookoo

Garaan jaalalaa wajjin bashaatii ……………..…….. Hiyyookoo

**Heeyyeyyee**

Heeyyeyyee  noyinoyyee …………….. Heeyyeyyee

Masqala waggaa ……………………….Heeyyeyye

Ayyaantuutu argaa ……………………. Heeyyeyyee

Masqala gaarii ………………………… Heeyyeyye

Waaq nugargaari ……………………… Heeyyeyyee

Masqalli duufaa ………………………. Heyyeeyye

Barri kun quufaa ………………………. Heeyyeyyee

**Guyyaa kan Sirbamu**

**Emmolee**

Ishobbookoo yadaalee …………. Emmolee

Beenun gallaa kormakoo ……….. Emmolee

Beenu hingalla Horroottii ………. Emmolee

Biyya Abiishee Garbaattii ………. Emmolee

Biyya sangaa fardaattii …………. Emmolee

Abbaankee beera qotaa …………. Emmolee

Yabeera qottuu nanaa …………... Emmolee

Argaankee beelaaf tolaa ………… Emmolee

Yabeelaaf toltuu nanaa ………….. Emmolee

Yoo qotteef gaara qotii ………….. Emmolee

Bajjiin qaqaroo qabaa …………… Emmolee

Yoosobdeef jaarsa sobii ………… Emmolee

Alfiin nagaroo qabaa ……………. Emmolee

Ahiihi…. Ahiihii… ahiihii….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Hinmuriin anuu muraa ……………..…. Emmolee

Abbayyii kasakkasee ………………..… Emmolee

Hindhufiin anuu dhufaa ……………..… Emmolee

Halkaniin gasaggasee ………………..….. Emmolee

Abbaankee akkam sooromee ……..……. Emmolee

Kan fardaan loon tiksituu …………..…... Emmolee

Haadhakee maalan godhee …………..…. Emmolee

Kan argaakoo jibbituu ……………..…… Emmolee

Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Otoon mukarbaa ta’eeree ……………………….. Emmolee

Hinjigu nanraafamaa ……………………………. Emmolee

Otoon durba ammaa ta’eeree ……………………. Emmolee

Hindidu nanfarramaa ……………………………. Emmolee

Yoo handaaqqoon iyyituu ……………………….. Emmolee

Kitilaan reebe guyyoo …………………………… Emmolee

Kan argaakoo jibbituu …………………………… Emmolee

Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Otoo muranii yaaceekaa …………………………. Emmolee

Waddeessa hinsararanii ……………………….….. Emmolee

Otoo du'anii yaseenaa …………………………. Emmolee

Alagaa hinmararanii …………………………… Emmolee

Waddeessa guutee randaa ……………………… Emmolee

Kutaa baaqqee sararuu …………………………. Emmolee

Walkeessa buunee rafnaa ………………………. Emmolee

Mucaan maal beeka garuu ……………………… Emmolee

Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Otoon jabbii siif qabuu …………………………… Emmolee

Elmitee qadaaddattee ……………………….………. Emmolee

Otoon qalbii siif dhabuu ………………………….. Emmolee

Darbitee barbaaddattee …………………….……... Emmolee

Yoo kaleessa deemanii ………………………..….. Emmolee

Sanbata waayyuu ga'uu …………………….….…. Emmolee

Yoo akkakee bareedanii …………………….……. Emmolee

Wanbadee badduu ta'uu ……………….………. Emmolee

Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Fardakeef kooraa bitteettaa …………………………………… Emmolee

Kan ittiin galaana daaktuu ……………………………………. Emmolee

Mormakee shittoo dibdeettaa …………………………………. Emmolee

Kan ittiin garaa naraaftuu ……………………………………... Emmolee

Yaahanqaaquu cululle …………………………………………... Emmolee

Bofti cufaarraa sirbaa ………………………………………….. Emmolee

Sin hankaaku du'ullee ………………………………………….. Emmolee

Ormi sumaaf najibbaa ………………………………………….. Emmolee

Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

**Kan Shamarraniin Sirbamu**

**Yahabaaboo sherree**

Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii ……………. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Baaqelaa hinnyaatinaa sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Mulluu taati malee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Ekeraa hinfaarsinaa sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Cubbuu taatiif malee sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Gootnillee arba lolaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Gadheen maal hojjettii sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Otoon biishaa ta'ee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Biishaa shorroon ta'ee sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Horooboon safaraa sherree yoona malee yoomii … …..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Diinqa keessattillee sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Otoon dhiira ta'ee sherree yoona malee yoomii … ……Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Dhiira akka obboo ta'ee sherree yoona malee yoomii …Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Bitaachaan darbadheen sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Mirgaan buqqifadhaa sherree yoona malee yoomii ….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Qomookoon mararaa sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Diina keessattillee sherree yoona malee yoomii ……... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Aliitoon lammiikoo sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Jirruun eessummankoo sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Ani hinnyaadhu boobee sherree yoona malee yoomii ... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Midhaan bakkee oolee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Obboleessa moonyee sherree yoona malee yoomii .…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Ani dabeessa hinjaal'uu sherree yoona malee yoomii ...Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Obboleessakoollee sherree yoona malee yoomii …..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Yaa duumessa gannaa sherree yoona malee yoomii .… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Biiftuun eessa geessee sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Yommuttii darbattee sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Darbattee waraantee sherree yoona malee yoomii …....Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Waraantee ajjeestee sherree yoona malee yoomii …..... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Yaa bulleessaa jagnaa sherree yoona malee yoomii …...Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Qeerransoo dulloomee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Obboonkoo abaluu sherree yoona malee yoomii ..…… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Leencikoo dulloomee sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Maaliinan simuuxaa sherree yoona malee yoomii ..….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Dulluma hinmuuxanii sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Harrii hinfunaananii sherree yoona malee yoomii ..…... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Iddoo mudakootii sherree yoona malee yoomii ..…...... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ilmi guutakootii sherree yoona malee yoomii ..………. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Yabuddeena garbuu sherree yoona malee yoomii ..….... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Maal lallaaftuun kunii sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Jarri ayyaantuun kuni sherree yoona malee yoomii ..… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Abbaafi ilmaan loluu sherree yoona malee yoomii ..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Akka inni irraa toluu sherree yoona malee yoomii ..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Du’ee bade gaariin sherree yoona malee yoomii ..…… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Gurrasaa wajjinuu sherree yoona malee yoomii ..……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Harkakoo barruukoo sherree yoona malee yoomii ..…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Kamiin daaku yaabbee sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Kamiin daaksifadhuu sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Sanyiifi eessummankoo sherree yoona malee yoomii ... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Kamiin faarsu yaabbee sherree yoona malee yoomii .... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Kamiin caalsifadhuu sherree yoona malee yoomii ........ Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Sanyii dhumti haacaaluu sherree yoona malee yoomii .. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Inni arba takaaluu sherree yoona malee yoomii ……… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Eessumni itti haa’aanuu sherree yoona malee yoomii .. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Eenyu figgimsee lolee sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Eenyu yaasee darbatee sherree yoona malee yoomii … Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Mar’ummaan qeerransaa sherree yoona malee yoomii . Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Eessumakoo malee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Cabaa bililleedhaa sherree yoona malee yoomii ……... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Barumaan geerarsaa sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Waggaan ililleedhaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Daraaraan dinnichaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Gudar hoolaa tiksaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Gabaabaa girgirtaa sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Sumatu hoomaa jigsaa sherree yoona malee yoomii …. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Lafa dhiiteen darbaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Koottaa dooyyoon dhaqnaa sherree yoona malee yoomii… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Biyya Abiishee Garbaa sherree yoona malee yoomii ... ………Yahabaaboo sherree yoona malee
Abiishee abbaa makoo sherree yoona malee yoomii ... ……….Yahabaaboo sherree yoona malee
Nan nyaadhe irbaatakoo sherree yoona malee yoomii ... ……...Yahabaaboo sherree yoona malee
Mucaan Garbaa Huruubaa sherree yoona malee yoomii .......... Yahabaaboo sherree yoona malee
Bakaraan dhudhuubaa sherree yoona malee yoomii ... ………..Yahabaaboo sherree yoona malee
Qamaleen biyyanaa sherree yoona malee yoomii …..... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Lfa hinteenyu jettee sherree yoona malee yoomii …..... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ceekaa gubbaa malee sherree yoona malee yoomii .…. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Drgaggoon biyyanaa sherree yoona malee yoomii …… Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Maayii hinbasnu jettee sherree yoona malee yoomii …..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Hamii durbaa malee sherree yoona malee yoomii ……. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Qotanii qotanii sherree yoona malee yoomii …………. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Gabaa galtu meesuu sherree yoona malee yoomii ...…..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Lolanii lolanii sherree yoona malee yoomii ………….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Namaa gamtu seesuu sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Baddeessaan daraaree sherree yoona malee yoomii ..…Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Goosuun baala baasee sherree yoona malee yoomii ….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ajjeesaan maraatee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

Dhiira garaa raasee sherree yoona malee yoomii …….. Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Ahiihi…. Ahiihi… ahiihi….. ahiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha… ahiiha

Qeerransa qaluunkoo sherree yoona malee yoomii …... Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Narrattaa goguufii sherree yoona malee yoomii …...…..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Qeerroo jaalachuunkoo sherree yoona malee yoomii .....Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Narrattaa loluufii sherree yoona malee yoomii ……..…Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Adaraa gaa'elaa sherree yoona malee yoomii ……..…..Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Tuufoo hinbuqqisiinaa sherree yoona malee yoomii …Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Sirba sirbaa malee sherree yoona malee yoomii ……Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii
Suubboo hindubbisiinaa sherree yoona malee yoomii…Yahabaaboo sherree yoona malee yoomii

**Hiyyo Hiyyoo Yadaraarookoo**

Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo ………………… Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo ………………… Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Xiyyo xiyyoo lagaa yadaraarookoo…………… Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Danqareetan cufaa yadaraarookoo………….... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Kiilolee wallaggaa yadaraarookoo………….... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Damareetan dhufaa yadaraarookoo………….... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Kuullee yamichuukoo yadaraarookoo………… Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Maaloo yamichuukoo yadaraarookoo………… Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Daraaraan dammaaree yadaraarookoo ……….. Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Anoo damma hinseenee yadaraarookoo ……..... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Gabaabaan jagnaaree yadaraarookoo …….…... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Anoo jagna hinseenee yadaraarookoo …….…... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Kan guduruu galuu yadaraarookoo ……........... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Teepha rarraafataa yadaraarookoo ……........... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Suubboon dhirsa mitii yadaraarookoo …….…... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Qarree galaafataa yadaraarookoo ……........... Hiyyo hiyyoo yadaraarookoo
Suubboo hindubbisiinaa yadaraarookoo ……. Hiyyo hiyyoo yadaraarooko

**Seeyy**e **Hadaa Birraan Roobe**

Seeyye Hadaa Birraan Roobee ………….. …………………… Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Namni baddaa ba'uu seeyye hadaa birraan roobee …………. ...Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Ceekaa dhadhaabbataa seeyye hadaa birraan roobee …………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Ceekaa mataa lakkuu seeyye hadaa birraan roobee …………... Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Namni biyyaa ba'uu seeyye hadaa birraan roobee …………… Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Seenaa dhadhaammataa seeyye hadaa birraan roobee ………... Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Seenaa garaa yakkuu seeyye hadaa birraan roobee …………… Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Otoon guduruu ta'ee seeyye hadaa birraan roobee ……………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Anoo hingurguru harree seeyye hadaa birraan roobee ………... Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Ittan daldala malee seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Otoon durba ammaa ta'ee seeyye hadaa birraan roobee ……..... Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Anoo hingurguru qarree seeyye hadaa birraan roobee ……….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Ittan basha'a malee seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Kan ijaaran mukaa seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Gombistuun fardeenii seeyye hadaa birraan roobee …………. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Kan ilaalan durbaa seeyye hadaa birraan roobee …………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

Fokkistuun nadheenii seeyye hadaa birraan roobee ………….. Seeyye Hadaa Birraan Roobee

## Dabalee D

Afgaaffii  qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa ilaalchisee, odeeffannoo waliigalaa hojjettoota WaajiraAadaafiTuurizimiiAanaa Jimmaa Gannatiif dhiyyate.

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa,Jornaalizimii fi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii

Yuunivarsiitii Finfinnee

Kabajamoo odeef kennaa,Afgaaffiin qorannichaa mataduree “Qaaccessa Qabiyyeefi bifiyyee sirba masqalaa” (Haala qabatamaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa:Aanaa Jimmaa Gannatii) jedhurratti xiyyeeffata.

Kanaafuu,qabiyyeefi bifiyyee Sirba masqalaa dur itti sirbamuufi yeroo ammaa itti jiru bilisaan akka naaf ibsitan kabajaan isin nan gaafadha.

- ❖ Sirbi masqalaa haala kamiin raawwata?
- ❖ Gosoonni sirba masqalaa isaan kami?
- ❖ Qabiyyeen sirba masqalaa ergaafi sona akkamii of keessaa qaba?
- ❖ Sirbi masqalaa bifa akkamii qaba?
- ❖ Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti sirbi masqalaa faayidaa maalii qaba?

Gabatee 3:Itti Gaafatamaa Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jimmaa Gannatii Afgaaffiin

Dhiyaateef mul’isu

| Lak | Maqaa odeefkennitootaa | Koorniyaa | Umrii | Ganda | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Firdiisaa Dabalaa | Dhi | 35 | Haratoo 01 | Itti G/W/A/T Aanichaa |

Dabalee E

Kabaja Ayyaana Masqalaa bara 2011 aanaa Jimmaa Gannatiitti.










Aanaa Jimmaa Gannatii ganda Caaroo Goobanootti dargaggoonni yommuu sirba masqalaa sirban (2011)







suuraa Afgaaffii maree garee Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jimmaa Gannatiitti



Gaggeeffame kan ibsu.

Gugsii Fardaa Aanaa Jimmaa Gannatiitti Guyyaa Masqalaa Gaggeeffamu kan bara 2011

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo, ta'uu isaa kanaan dura Yuunivarsiitii kam keessattuu qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaatiif Wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabiileefi dabaleewwan keessa kaa'uu koonan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa________________________________

Mallattoo__________________________

Guyyaa___________________________